INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESOTA QAAMOLEE HAQAA QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Qorannoo

# Kenniinsa Korooraa fi Dhiifama Sirreefamtoota seeraa Naannoo Oromiyaa:-Seeraa Fi Hojmaata


Qorattootni

1. Abdusalaam Aabbee
2. Geetachoo Fayyisaa

Gulaaltootni

1. Habtee W/Sanbat
2. Baacaa Taayyee
3. Dassalanyi Birhaanuu



Adooleessa, 2010 ILQSO

# Table of Contents


**1. Gumee Qorannoo ..... 3**

1.1. Seensa waliigalaa ..... 3

**1.2. Hima rakkoo ..... 5**

**1.3. Kaayyoo qoranno ..... 7**

**1.4. Daangaa qoranichaa ..... 8**

**1.5. Faayidaa fi fayyadamtoota qorannoo ..... 8**

**1.6. Mala qorannoo ..... 8**

Sakatta'a Hogbarruu Korooraa fi Dhiifamaa ..... 11

**2. Maalummaa fi Kaayyoo Koroora fi dhiifamaa ..... 11**

2.1. Maalummaa Koroora fi Dhiifamaa ..... 11

**2.2. Seenaa dhufaatii Koroora fi Dhiifamaa ..... 14**

2.2.1. Seenaa Dhufaatii Koroora ..... 14

2.2.2. Seenaa Dhufaatii Dhiifamaa ..... 16

**2.3. Kaayyoo Korooraa fi Dhiifamaa ..... 17**

2.3.1. Kaayyoo korooraa ..... 17

2.3.2. Kaayyoo Dhiifamaa ..... 18

**2.4. Qajeeltoowwan Raawwii Korooraa fi Dhiifamaa ..... 19**

**2.5. Sirna Bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa ..... 21**

2.5.1. Qaamolee Bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa Keessatti Gahee Qaban ..... 21

2.5.2. Ulaagaa Kenninsa Korooraa fi Dhiifamaa ..... 25

2.5.3. Sirna Iyyannoo fi kenninsaa Korooraa fi Dhiifamaa ..... 27

2.5.4. Hordoffii Sirreefamtoota Korooraan Gadhiifamanii ..... 29

Boqonnaa Sadi ..... 33

Xiinxala Daataa ..... 33

**3.1 Sirreeffamaa Korooraa fi Dhiifamaaf Qopheessuu Irratti Haala Qabatamaa Jiru ..... 33**

3.1.1 Simannaa Fi Hubannoo Uumuu ..... 33

3.1.2 Gamaaggama Fooyya'iinsa Amalaa Sirreefamaa ..... 35

**3.2 Sirna Iyyannoo fi Calallii Korooraa fi Dhiifamaa ..... 39**

3.2.1 Iyyannoo Dhiyeessuu ..... 39

3.2.2 Calallii karooraa fi dhiifama ..... 41

3.2.3 Calallii Karooraa fi Dhiifama Sirreefamtoota Jijjirraan Dhufanii ..... 47

3.2.4 Naamusa Ogeessota Calallii Karooraa Fi Dhiifama Raawwatanii....49
3.2.5 Sirna Komii Calalliwwan Gaggeefaman....51
**3.3 Adeemsa Kenninsa Murtii Fi Hordoffii Korooraa Fi Dhiifamaa ....52**
3.3.1 Adeemsa kenninsa fi Hordoffii murtii korooraa....52
3.3.2 Kenninsa Murtii Dhiifamaa fi Hordoffii Isaa....60
Boqonnaa Afur....69
Yaada Guduunfaa fi Furmaataa....69
**4.1 Guduunfaa....69**
**4.2 Yaada Furmaataa....71**

# Boqonnaa Tokko

## 1. Gumee Qorannoo

### 1.1. Seensa waliigalaa

Kaayyoowwan adabbii gurguddoon, haaloo ba'uu, jiilchuu, dandeettii dhabsiisuu, haaromsuu fi yakkamaan miidhaa geessise maallaqaan akka sirreessu (restitution)dha. Kaayyoowwan adabbii kunneen yaaddama (theory) gurguddoo lama ka'umsa kan godhataniidha. Inni duraa yaadama yakka gara fuulduraa raawwatamuu danda'u ittisuu irratti kan xiyyeeffatuu fi falaasama *yutiliteeriyaan* jedhamu ka'umsa kan godhateedha. Akka yaadama kanaatti adabbiin uumamaa isaan badaa (evil) waan ta'eef hojiirraa oolchuuf hawaasa gara irraa caalu kan fayyadu ta'uu adda baasuun barbaachisaadha. Yaaddamni kun haaromsa sirreeffamaatiif xiyyeeffannoon kennamuu akka qabus ni ibsa. Yaaddamni adabbii inni Lammataa immoo seenaa yakkamaa irratti kan xiyyeefatuu fi *ritribuutiv* jedhamu (yakkamaan sababa yakka raawwateef taatewwan isa irratti raawwachuu qaban kan ibsu) dha.[1] Akka yaadama *ritribuutivism* adabbiin waliigaltee hawaasaa (social contract) bu'uura kan godhate, aangoo mootummaaf kenname ta'ee, akkataa gocha qajeelaa hin taane itti sirreessan waan ta'eef raawwatamuu qaba.[2] Gabaabummatti yaadamni *ritribuutivizimii* yakkamaa adabuu fi adabbii kanas raawwachiisuu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u yaadamni *Yuutiliteeriyaan* immoo adabbiin bu'aa inni hawaasa bal'aaf argamsiisu irratti hundaa'uu akka qabu hubachiisa. Sirni haqaa kamiiyyuu jijjiirama diinagdee, siyaasaa, hawwaasummaa fi haala daballii yakkaa irratti hundaa'uun kaayyoowwan adabbii fi yaadamoota kanneen keessaa, irra caalmaan tokkorratti xiyyeeffatee bocamuu mala. Fakkeenyaaf, seenaa sirna haqaa *Yuniitid Isteet* keessatti jaarraa 19ffaa gara jalqabaarratti haaromsi yakkamtootaa fi sirni yakkamtoonni deebi'anii hawaasatti akka makaman gargaaru xiyyeeffannoo guddaa argatee ture. Sirna kana keessatti tarkaanfiileen hidhaan alaa kanneen akka Korooraa (parole) fi yeroo yaaliin yakkamaa gadhiisuu (probation) baay'inaan hojiirra oolaa turani. Baroota 1970 keessa immoo heddummaachuu yakkaa waliin walqabatee xiyyeeffanno sirna haqaa gara hidhaatti jijjiirame. Haa ta'u malee, hidhamtootni garmaalee baay'achuun fi namoonni hidhaa bahanii irra deebiin yakka raawwatan heddummachuun immoo sirnicha waan qoreef dhimmi haaromsa sirreefamaa fi sirreefamaa deebisanii hawaasatti makuu

[1] The Purpose of Criminal Punishment, https://www.sagepub.com/sites/default/files/upm-binaries/5144_Banks_II_Proof_Chapter_5.pdf visited on 11/30/2017

[2] Joycelyn M. Pollock,2005, The Philosophy and I History of Prisons. Texas State University–San Marcos, pp.4-5

(reintgiration) deebi'ee dhimma ijoo ta'e.[3] Sirni haqaa akkuma ittisa yakkaa haaromsaa fi hawaasatti deebi'uu (reintgiration) yakkamaatiifis xiyyeeffannoo kennuu akka qabu ogeessonni ni ibsu.[4] Haaromsa yakkamaa bu'a-qabeessa taasisuuf immo sirna adabbii keessatti filannoowwan adda addaa fayyadamuun barbaachisaa ta'eera. Kanneen keessaa hojirra oolmaan tarkaanfiwwan hidhaan alaa (non custodial measures) dhimma xiyyeeffannoo aragate ta'ee jira. Tarkaanffii hidhaan alaa jechuun qaama aangoo qabuun nama yakka raawwachuun shakkame, himatame ykn adabame haalduree fi dirqama hidhaa hin dabalannee jala akka turu murtii kennamuudha.[5] Gosoota tarkaanfiiwwan hidhaan alaa keessaa Koroorrii (parole) fi Dhiifamni (pardon) isaan ijoodha. Koroorri namni yakka raawwate turtii yeroo adabbii isaa osoo hin xummurin haaldureewwan seeraa fi qaama aangoo qabuun taa'an guutuun akkataa itti gadhiifamudha.[6] Gara biraan Dhiifamni immoo tarkaanfii mootummaan (qaamni raawwachiistuu) nama yakka raawwatee itti murtaa'e haalota teechifaman irratti hundaa'uun murtiin adabii osoo hin raawwatin ykn gartokkeen erga raawwate haalota irratti hundaa'uun hawaasatti akka makamu godhuudha.[7] Tarkaanfiwwan hidhaan alaa kunneen namni yakka raawwate hidhaa keessatti osoo hin ittifamin yakka raawwate irraa akka baratuu fi hawaasatti akka makamuuf akka gargaaran yaada keessa galchuun raawwatamu. Bulchiinsa sirna haqaa keessatti tarkaanfiiwwan hidhaan alaa, adeemsa falmii keessatti ykn immoo murtiin booda hojiirra kan oolan ta'a.

Tarkaanfiiwwan hidhaan alaa, murtii dhimma yakkaa booda hojiirraa oolan keessaa koroorri fi dhiifamni isaan ijoodha. Maloonni adabbii kunneen namni yakka raawwatee murtiin itti kenname adeemsa sirreefamaa keessatti yakka hojjete irraa barachuun fooyya'iinsa kan agarsiise ykn sababoota biraaf murtiin ittii murame guutummaan ykn gariin akka irratti hin raawwatamne kan taasisaniidha. Akka biyyaa keenyattis maloonni filannoo adabbii kunneen hojiirraa oolaa turaniiru. Koroorri bu'ura seera yakkaa bara 1996 hahe keeyyatoota 113 fi 201-210tti jiruun hojiirraa kan oolu. Adeemsa kenninsa Korooraa keessatti manni sirreessaa fi Mannni Murtii gahee olaanaa taphatu.

---

[3] National Research Council, 2014. *The Growth of Incarceration in the United States: Exploring Causes and Consequences*. Washington, DC: The National Academies Press, pp.321-323.

[4] Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, July 2001, pp. 6

[5] Commentary on the United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (the Tokyo Rules) (hereinafter referred to as Commentary),pp.8

[6] https://legal-dictionary.thefreedictionary.com/parole vistied on 12/1/2017

[7] Akkuma olii

Seerri yakkaa bara 1996 bahe kwt. 229 akkaataa adabbiin dhiifamaan gara adabbii isa salphatti jijjiiramuu danda'u ni agarsiisa. Dhiifamni akka federaalatti bu'uura labsii lakk. 840/2006 baheetiin hojiirra kan oolu yoo ta'u, akka naannoo Oromiyaatti immoo seerrii kenniinsa dhiifamaa qajeelchu labsii lakk. 114/1998 dha. Labsii kanaa gadittis qajeelfamni akkuma barbaachisummaa isaatti boordii dhiifamaatiin kan bahuu fi yakkootaa fi yakkamtoota dhiifamni godhamuuf adda baasuun Pireezidaantiitti dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'uu labsiilee kana irraa hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee akka naannoo Oromiyaatti, akkaataan kenniinsa korooraa fi dhiifamaa iftoomina qabaachuu fi dhiisuu, loogii irraa bilisa ta'uu fi hojirra oolmaa isaanii ilaalchisee ciminaa fi hanqina jiru qorannoon adda baase hin gaggeefamne. Qorannoon kunis kenniinsa Korooraa fi dhiifamaa akka naannoo Oromiyaatti iftoomina qabaachuu loogii irraa bilisa ta'uu fi hojirraa oolmaa isaa adda baasuuf kan gaggeefamuudha. Kanumaafis kenninsaa fi bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa keessatti hanqinoota jiran adda baasuun fala akeekee jira. Qoranichi akka naannoo Oromiyaatti Manneen sireessaa keessaa eddattoo fudhachuun qaamolee bulchiinsaa fi kenninsa Korooraa fi dhiifamaa keessatti hirmaatan irraa daataa akkamtaa fi hammamtaa funaanuun kan gaggeeffame dha.

## 1.2. Hima rakkoo

Sirreefamaan korooradhaan gadhiifamuuf ulaagaan waliigalaa ilaalamu, yommuu adabbiin itti murtaa'ee raawwatamaa turetti hojii ykn amala isaatiin fooyya'uu isaa kan agarsiise, miidhaa qaqqabsiisef akkataa manni murtii itti murteessen ykn miidhamtoota waliin araarame beenya kanfaluu isaaf kan ragaa dhiyeesse fi amallii fi haalli jireenyaa isaa gaarii ta'uu fi korooran yoo gadi dhiifame bu'aa gaarii ni argamsiisa jedhamee kan itti amanamu ta'uu akka qabu tumaa seera yakkaa kwt.202(1) irraa ni hubatama. Sirreeffamaan korooran gadhiifamuuf ulaagaawwan kunneen sadan guutuutu irraa eegama. Sirreefamtootni adabbiin itti murtaa'ee yommuu to'annoo jala jiran, namoota yakka irratti raawwatan faana wal-arganii araaramuuf sirni dandeessisu hin jiru taanaan kenniinsa korooraatiif ulaagaa gochuun sirreefamaafis ta'ee sirna haqaatiif bu'aa hin argamsiisu. Gama kanaan dhimma miidhamtootaaf beenyaa kanfaluu ykn araaramuu yoo ilaalle, sirreefamaan yakka raawwatee erga hidhaan itti murtaa'een booda beenyaa kanfaluu ykn miidhamtoota waliin araaramuuf carraa fi haala mijataa argachuu qaba. Haalli kun osoo hin mijatin sirreefamaan mana hidhaa turee adabbii isaa harka lama sadaffaa xumuruunifii

ulaagaalee hafan lamaan guutuun garuu immoo beenyaa osoo hin kanfalin ykn miidhamaa waliin osoo hin araaramin koroora gadhiifamuu yoo gaafate manni murtii furmaata akkamii kenna kan jedhu falmisiisaadha. Manni sirreessaa sirreeffamtoota gara isaanii dhaqan dhimma korooraa irratti hubannoo kennuu irraa kaasee, adeemsa sirreefamaa keessatti haala sirreefamaa irratti ragaa iftoomina qabu qabachuu qaba. Dhimmi korooraas yommuu ka'u sirreeffamtoota haala loogiin hin qabaneen madaaluun amala fi fooyya'iinsa isaanii irratti yaada kennuutu irraa eegama. Haa ta'u malee dhimma kana irratti komiin adda addaa akka jiru ni hubatama.[8] Manni murtii iyyannoowwan korooraa dhiyaatan hunda sirnaan qulqulleessee ajaja itti kennu malee, koroorri kennamu galma barbaadame hin ga'u. Dabalataan sirreefamaan haal-dureewwan seeraan ibsamanii fi mana murtiitiin ajajaman bu'ureeffachuun korooraan yommuu gadhiifamu qaamni dhimma kana hordofu jiraachuu qaba. Sirreefamtootni korooraan gadhiifaman haal-dureewwan kanneen yoo hin kabajne qaamni kun mana murtiif gabaasee koroorrichi akka haqamu taasisa. Gama kanaan hojimaataa fi rakkoowwan jiran adda baasuu fi furmaata akeekuun barbaachisaadha.

Sirna dhiifamaa ilaalchisees, akka naannoo Oromiyaatti adeemsi isaa labsiin lakk.114/98 fi qajeelfamoota yeroo yeroon boordiin dhiifamaa baasuun qajeelfama. Labsichi adeemsa kenninsa dhiifamaa keessatti sirreeffamtoota dhiifama argachuu qaban calaluun yaada murtii pireezdaantiif akka dhiyeessu boordiin ogeessota qaamolee adda addaa irraa walitti bahan akka hundeeffamu akeeka. Haa ta'u malee, boordichi bu'ura labsiitiin gurmaa'ee hojiin calallii dhiifamaa haala idilaawaa ta'een raawwachuu irratti hanqinni akka jiru odeeffannoon argame ni agarsiisa.[9] Qabatama jiruunis adeemsi calallii sireefamtoota ogeessota Biiroo Haqaa fi mana sirreessaa irraa walitti bahan qofaan gaggeeffamaa jiraachuutu ibsama. Fakkeenyaaf adeemsa calallii dhiifama sirreeffamtoota baroota 2008 fi 2009 hubachuun ni danda'ama.[10] Kana irraa kan ka'e hojiin calallii sirreeffamtoota dhiifama argachuu qabanii yommuu mootummaan gaafate qofa xiyyeeffannoo malee ariitiidhaan kan raawwatamuu fi sirnaawaa akka hin taane ni hubatama. Kun immoo galma barbaadame hin argamsiisu. Dabalataan qajeelfamni kenninsa dhiifamaa yeroo yeroon ni jijjirama. Haala kanaan yakkoonni fi sirreefamtootni haala

[8] Qorannoo fedhiii Leenjii fi Qorannoo ILOQHQSOtiin bara 2009 gaggeefame fuula
[9] Afgaaffii gaafa 19/2/2010 Obbo Amaaraa Abbaa Alangaa Naannoo Biiroo Haqaa Oromiyaa fi hirmaataa calallii dhiifama sirreeffamtootaa waliin taasifame.
[10] Afgaaffii gaafa 19/2/2010 Obbo Amaaraa Abbaa Alangaa Naannoo Biiroo Haqaa Oromiyaa fi hirmaataa calallii dhiifama sirreeffamtootaa waliin taasifame.

tilmaamawaa ta'een dhiifama argachuu hin danda'an. Akkuma korooraa dhifama ilaalchisees hojiirra oolmaa isaa qaamni hordofee, sirreefamaan akka hawaasatti makamu gargaaruu fi yommuu haal-dureen hin eegamne tarkaanfii fudhatu ifatti hin ibsamne. Qorannoon kunis kenninsa korooraa fi dhiifamaa ilaalchisee rakkoolee qabatamaan akka naannoo Oromiyaatti mul'atan adda baasuun furmaata akeekuu irratti kan xiyyeefate ta'a.

Qorannoon kun gaafilee kanneen itti aanan deebisuuf kan karoorfateedha. Gaaffileen kunneenis:

1. Kenninsa Korooraa fi Dhiifamaatiif hojiin sirreeffamtoota qopheessuu irratti hojjetaman maal fakkatu?
2. Calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa haala kamiin raawwataa jira? Rakkooleen raawwii keessatti qabatamaan mul'atan maal faadha?
3. Kenniinsa korooraa fi dhiifamaa booda hojiin sirreefamaa hawaasatti makuu fi rawwii isaa hordofuu haala kamiin gaggeefamaa jira? Rakkooleen gama kanaan mul'atan hoo maal faati?

## 1.3. Kaayyoo qoranno

### Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa rakkoolee raawwii kenninsa fi hordoffii Korooraa fi dhiifamaa keessatti mul'atan adda baasuun, yaadota fooyya'iinsa kenninsaa fi hordoffii korooraa fi dhiifamaaf oolan akeekuudha. Kaayyoo gooroo kana galmaan ga'uuf, qoranichi kaayyoo gooree itti aanan qabatee jira.

- Sirreefamtootni seeraa korooraa fi dhiifamaan akka gadhiifaman qopheessuuf hojiiwwan hojjataman madaaluu.
- Raawwiin kenninsa korooraa fi dhiifamaa iftoomina kan qabuu fi loog-maleessa ta'uu fi dhabuu isaa sakatta'uu.
- Manneen murtii iyyannoo fi falmii korooraan gadhiifamuu irratti dhiyaatu bu'ura seeraatiin keessummeessuu fi murtii laachuu irratti hojmaatni jiru maal akka fakkatu sakatta'uu.Sirreeffamaa koroora ykn dhiifamaan gadhiifame akka sirreefamuu fi hawaasattii makamu hordofuu ilaalchisee sirna jiru madaaluu.

## 1.4. Daangaa qoranichaa

Qorannoon kun manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti adeemsa calallii fi kenninsa korooraa fi dhiifamaa iftoominaa qabaachuu , kenninsa korooraa fi dhiifamaa booda hordoffii sirreefamaa irratti taasifamuu irratti xiyyeefachuun kan raawwatamu ta'a. Gama biraan adabbiin yakkaa nama yakka raawwate irrattii akka hin raawwatne haalli itti taasifamu adeemsa himannaa fi murtii dura ykn murtii irratti ta'uu danda'a. Qorannoon kun maloota adabbii kanneen hin ilaallatu. Dabalataanis qorannichi haala qabiinsa mirga sirreeffamtootaa manneen sirreessaa keessa jiru kan ilaallatuu miti. waa'ee sirreeffamtoota daa'immaniis(juvenile) kan ilaallatuu miti.

## 1.5. Faayidaa fi fayyadamtoota qorannoo

Qorannoon kun calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifama walqabatee seera fi hojmaata sakkata'uun hanqinaalee jiraniif furmaata kan akkeeku waan ta'eef calallii gaggeefaman keessatti hanqinaaleen mul'atan akka furaman ni taasisa. Sirreeffamtoota dhifama fi korooraan bahan hawaasatti makuun wal-qabatee hanqinaaleen mul'atan irratti furmaata ni akeekaa.kanaaf qaamooleen mootummaa fi miti mootummaa haroomsa sirreeffamtootaa irratti hojjatan akkasumas sirreefamtootni fi hawaasni baldhaan qoranicha kanarra fayyadamaa ni ta'u.

## 1.6. Mala qorannoo

Qorannoon kun seera fi hojmaata calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa sakatta'uu irratti xiyyeefata. Qorannoo kanaaf odeeffanno ogeessoota fi sirreeffamtoota seera irraa yaada fi hubannoo isaanii hojmaatichaa fi seera korooraa fi dhiifama irratti qaban gaafachuun waan ta'eef mala qorannoo akkamtaa (qualitative) fayyadamuun kan gaggeefamu dha. Odeefannoo biro yaadoota kana utubuu danda'an mala qorannoo hammamtaa (quantitative) fayyadamuun kan xiinxalamanii dha. Daataan qorannoo kanaaf barbaachisu afgaaffiin, bar-gaaffiin, marii garee, galmeewwan mana sirreesaa,mana murtii, Biiroo haqaa, seeroota akkasumas barruulee rogummaa qaban biroo sakatta'uun ta'a.

Af-gaaffiin hooggansa fi ogeessota mana amala sirreessaa keessaa miseensoota koree calallii sirreeffamtoota koroora fi dhiifaama sadarka nannoo irraa kaasee hanga aanaatti jiran,sirreeffamtoota seeraa marii garee keessatti hin hirmanne ,Abbootii Alangaa naannoo kaasee sadarkaan jiran, abbootii seera manneen murtii sadarkaan jiran waliin gaggeefameera.

Dabalataanis af-gaaffii sirreeffamtoota seeraa korooraa fi dhiifamaan gad-lakkifaman waliin gaggeefameera. Bar-gaffiinis ogeessota mana sirreessaa, sirreeffamtoota seeraa, abbootii seera, Abbootii Alangaa irraa sassabameera. Mariin garee kudhan sirreeffamtoota seera shanii hanga saddeetii waliin taasifameera.

Af-gaaffiin A/seeraa waliin gaggeefame kenninsa korooraan wal-qabatee odeefannoo jiru sassaabuuf yammuu ta'u, Af-gaaffii fi mariin garee sirreeffamtootaa waliin taasifame calallii korooraa fi dhiifama irratti ragaa jiru funaanuuf dha. Af-gaafiin ogeessa mana amala sirreesaa fi A/Alangaa waliin taasifame kenninsi korooraa fi dhiifama maal akka fakkaatuu fi hojiin sireefamatoota gad-lakkifaman jireenya hawaasatti makuuf hordoffii taasifama jiraachuu sakatta'uuf, hanqinaaleen jiran adda baasuuf odeefannoo sassabamee jira. Af-gaafiin ogeessa waajjira pireezidaantii waliin taasifame calalliin dhiifama raawwatamee waajjiratti dhiyaatuun wal-qabatee dhimmoota jiran qulqulleessuu dha.

Humna nama fi yeroo jirun Oromiyaa guutuu waliin gahuun waan hin danda'amneef manneen sirreessa Oromiyaa keessatti argaman 15 qorannoo kanan akka uwwifamanii daataan irraa funaanamu taasifamee jira. Malli manneen sirreessa kunniin itti filataman mala iddattoo kayyeefataatiin. Manneen sirreessaa kunniin manneen sirreessa godinaalee Oromiyaa 10 keessatti argamanii dha. kunniinis GAONF(Burrayyuu) Arsii lixaa(Aanaa Shashamannee, Dodola) Jimmaa(Jimma,Aggaaroo) Gujii (Aanaa Adoola, Nageellee Booranaa ) shawa kibba lixaa(wolisoo) I/A/Booraa ( Aanaa Mattuu, Aallee ) Shawaa lixaa(Aanaa Ambo) Wallaga lixaa (Gimbii,) Baalee (Aanaa sinaanaa),Harargee lixaa (Aanaa Habroo,)

Cuunfaa daataa sassabamee gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira.

| lakk | Gosa daataa | koroora | raawwii | % |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Af-gaafii | 171 | 149 | 87.13% |
| 2 | Bar-gaafii | 109 | 143 | 131.19% |
| 3 | galmee | 233 | 168 | 72.10% |
| 4 | Marii garee | 10 | 10 | 100% |
| 5 | Ida'ama | 523 | 470 | 89.87% |

Hubachiisa. Galmeewwan sassabaman galmeewwan calallii dhiifamaa irratti ilaalaman kan dabalatuu miti. Galmeewwaan dhiifama kan sirreeffamtoota hedduu iddoo tokkotti kan raawwatamu waan ta'eef galmeewwan ilaalamanis lakkoofsa keessaa akka galan hin taasifamne.

# Boqonnaa Lama

## Sakatta'a Hogbarruu Korooraa fi Dhiifamaa

### 2. Maalummaa fi Kaayyoo Koroora fi dhiifamaa

#### 2.1. Maalummaa Koroora fi Dhiifamaa

**Seensa**

Haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hawaasa hirmaachisuu fi namoonni yakka raawwatan miira itti gaafatamummaa akka horatan jajjabeessuuf taarkaanfiiwwan ykn adabbiiwwan hidhaan alaa (non custodial measures) fayyadamuun dhimma xiyyeeffannoo argate ta'eera. Kanumaafis Gumiin waliigalaa Dhaabbbata Biyyoota Gamtoomanii (UN General assembly) barbaachisummaa fi itti fayyadama adabbiiwwan hidhaan alaa irraatti murtoo dabarsee jira.[11] Adabiiwwan hidhaan alaa murtii qaamni aangoo qabu, nama yakka raawwachuun shakkame, himatame ykn itti murtaa'e haalduree fi dirqama hidhaatiin ala jiran akka raawwatu kan itti taasisuudha. Adabbiin kunneen sadarkaawwan sirna bulchiinsa haqa yakkaa murtii duraa fi booda jiru keessatti hojiirraa ooluu danda'u.[12] Tarkaanfiiwwan akka hojii humnaa, adabbii daangessuu, miidhamaa fi yakkamaa walitti araarsuu, beenyaa kanfalchiisuu fi kanneen biroo akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Koroorri (Parole) fi Dhiifamni (pardon) tarkaanfiwwan hidhaan alaa murtiin booda hojiirraa oolan keessaa kanneen beekamoodha. Itti aansuun maalummaa isaanii tokko tokkoon haa ilaallu.

#### 2.1.1. Maalummaa Koroora

Barreefamootni adda addaa Korooraaf hiikkoo adda addaa kennanii jiru. Hiikkoowwaan muraasa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

> Ogeessi *Du peereez* Koroora (*parole*) jecha jedhu haala itti aanuun hiikee jira.
>
> *Parole is a treatment program in which an offender, after serving a part of the sentence in a correctional institution, is conditionally released under supervision and*

[11] United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules) Adopted by General Assembly resolution 45/110 of 14 December 1990

[12] Akkuma miiljalee lakk. 5, pp 12.

*treatment by a parole worker. However the release of the offender is conditional, contingent upon satisfactory behaviour.*[13]

Hikkoo armaan olii irraa akka hubatamu koroorri saganta haaroomsa ta'ee yakkaman adabbii itti murta'ee keessa haga tokko mana sirreessaa keessatti erga raawwateen booda haal-dureedhaan akka mana sirreessaa bahee hawaasa keessa turuun haala amalaa isaa hordoffii fi deeggarsi ogeessaan taasifamaafi itti turuu dha. Sirreefamaan hal-dureen gad-lakkifamuuf fooyyee amalaa amansiisaa ta'e agarsiisuutu irraa jiraata. Hikkoo biraatiin immo ogeessi Neeseer jedhamu koroorri adabbii manni murtii kenne akkaataa sirreefaman hawaasa keessa turee itti raawwatu irratti, waliigaltee haal-duree irratti hunda'e, dhaabbatni amala sirreessaa fi sirreefama seeraa taasisani jechuun ibsee jira[14].

Hiikkoowwan armaan olii irra akka hubatamuu danda'u koroorri haala yakkamaan adabbii itti murta'e keessaa adabbii xiqqaa seeraan teechifame erga raawwateen booda waada haal-dureewwan mana amala sirreessan teechifaman kabajuuf yeroo adabbii hafee hawaasa keessatti dabarsuuf seenuu dha.

Koroorri yaaddamawwan adda addaa kanneen akka, yaaddama waligaltee (consent or contract theory), eegumsaa (custody theory) fi kennaa (privilege theory) bu'ureeffata. Akka yaadama duraatti koroorri waliigaltee manni amala sirreessaa sirreeffamaa waliin raawwatu yammuu ta'uu haal-duree yakkamaan hawaasa keessa turuun lammii seera kabaju akka ta'uu haloota biro waliigaltee keessatti teechifaman kabajuuf dirqama seenu dha. Waliigaltee kanaan yakkamaan erga hidha gad-lakkifamee haaloota kabajuuf waada seene yoo kabajuu baate deebi'ee mana hidhaa seenuu akka danda'uu kan teechisuu dha.[15] Yaaddamni lammaffaa yakkamaan mana sirreessa kan bahe yoo ta'ee hanga yeroo muraasa hordoffiin irratti kan gaggeefamu ta'uu agarsiisa. Kanaaf, sirreefaman hawaasatti yeroon gad-lakkifamuun qaama haaroomsa sirreefama hawaasa keessatti sakata'amuu waan ta'eef mirgoonni yakkama ammas kan daanga'ee dha. Jecha biraatiin namni korooran bahe akka gariin hidhamaatti (quasi-prisoner) ilaalama.[16] Akka yaaddama sadaffatti, namni yakkaan itti murtaa'e adabbi xumuree qofa mana sirreessaa keessa

[13] Francois christiaan marthinus louw, the parole process from a south african perspective ,page 14
[14] Akkuma olii
[15] Raphael Tuhafeni Hamunyela, The granting or refusal of parole in the Namibian correctional service, a dissertation submitted in partial fulfilment of the requirements for the degree of bachelor of laws (LLB) of the university of Namibia,page
[16] Akkuma olii

bahuu kan danda'u ta'us, haala addaatiin osoo yeroon hin gahin gad-lakkifamuuf fooyya'iinsa amala fiduu isaa qaama haaroomsa isaa hordofu amansiisuun irraa eegama kan jedhuu dha.[17]

Koroorri yaaddama sirreefamtootni seeraa adeemsaan deeggarsi fi too'annoon dhiyeenyaan taasifamaafi hawaasa keessa tursiisuun haaroomsa sirreeffamtoota fi lammilee seera kabajan taasisuu keessatti gahee ol'aanaa qabaa yaada jedhu kan bu'uureefatee dha. Hal-dureewwaan sirreefaman korooran gad-lakkifame akka kabaju barbaadamu akka haala isaatti dhiphachuu ykn baldhachuu danda'us isaan bu'uura seera kabajuu, dhugaatii fi baala sammuu hadoochan fayyadamuu irraa fagaachuu, qaama yakka irratti raawwateen wal-qunamuu dhiisuu, hojii argachuu fi ogeessa hordoffii irratti taasisuun walitti dhufeenya jiru kabajee eeguu dha.[18]

Gama biraatiin, Sirreefamaa yeroon adabbii isaa osoo hin xumuramin gad-lakkisuun hordoffii taasisaa hawaasa keessa tursiisuun kaayyoo yakkamaa gutummaan guututti gad-lakkissuun dura jireenya hawaasa keessaa akka baratu gochuu fi hawaasa immoo gocha yakka irraa eeguuf yaadameeti.[19]

Seera yakkaa biyya keenyaa keessattis yaadoonni yaaddama sadan armaan olii keessatti ibsamanii jiran haala wal-fakkaatuun teechifamanii jiru. Kunis sirreefaman korooraan gad-lakkifamuun dura adabbii itti kenname keessaa harka lamaa raawwachuu fi fooyya'iinsa amala fiduu isaa dhaabbata haaroomsa irratti hojjatu amansisuun irraa eegama. [20] Gama biraatiinis sirreefaman erga korooraan akka gad-lakkifamu taasifameen boodas manni murtii hawaasa keessatti hordoffiin irratti akka taasifamuu danda'uu akkasumas sochii sirreefama haala murtaa'een dangeessuu akka danda'uu ni akkeeka. Kana jechuun sirreefamaan bilisummaa guutuu kan qabuu waan hin taaneef hawaasa keessatti of-eeggannoon akka jiraatu kan taasisuu dha.[21] Kana malees Sirreefamaan erga mana sirreessaa baheen booda haal-dureewwan teechifaman yoo kabajuu dhabe gara mana amala sirreessatti deebi'ee adabbii isa hafe akka raawwatu akka taasifamuu tumamee jira.[22]

[17] Akkuma olii
[18] Akkuma olii
[19] Thamsanqa Elisha Nxumalo,Parole Supervision: A Penological Perspective submitted in fulfilment of the requirements for the degree of master of arts,1997 page 30
[20] Seera yakkaa Itoophiyaa labsii lakk. 414/96, kwt 202(3)
[21] Akkuma ollii, kwt 198,199,206
[22] Akkuma olii, kwt 200(1)

### 2.1.2. Maalummaa Dhiifamaa

Dhiifamni gocha qaamni raawwachiiftuun aangoo seeraan kennameef bu'uura godhachuun namoota yakka raawwatan adabbii seerri teechise akka irratti hin raawwatamne ykn irraa slphatu ittiin taasisanidha. Dhiifamni kennaa mootummaan (pirezdaantiin) nama adabbiin itti murtaa'ee godhu malee dhimma akka mirgaatti gaafatamuu miti.[23] Gochi dhiifamaa Aangoo pireezidaanti biyyaa ykn naannoo tokkoo hawaasa baldhaaf sirni haqaa dudha hawaasa eeguuf akkasumas haqa hojjachuu keessatti gahumsa qabaachuu ittiin mirkaneessuu dha. Kana jechuun murtii manni murtii seera qofa ilaaluun murteesse garuu bu'aa hin barbaadamne uume fi adeemsa seeraa biraatiin furmaata argachuu hin dandeenye aangoo seeraan kennamef fayyadamuun dogongora hanqina seeraatiin raawwatame itti sirreessuu dha.[24] Yadrimee Dhiifamaa (pardon) fi Baraarsaa (amnesty) adda baasuun hubachuunis barbaachisaadha. Baraarsi gocha mootummaan namoota ykn garee yakkaa siyaasaa rawwataniif dhiifama itti taasisuudha.[25] Dhiifamni murtii adabbii booda kan taasifamu yoo ta'u, Baraarsi garuu sadarkaa murtiin duratti taasifamuu danda'a. Seerii yakkaa Itoophiyaa kwt.230 akkataa kenninsa Baraarsaa ibsa. Bu'aa balleessuummaa irratti qaban ilaalchisee, Baraarsi yakkichaa fi yoo adabbiin kenname, adabichas guutummaatti kan haqu ta'a. Dhiifamni garuu, balleessummaa osoo hin taanee, adabbii qofa kan hambisu ta'a. Labsiin dhiifamaa naannoo Oromiyaa dhifamaaf hiikkaa hin kennine. Labsiin dhiifama Federaala, dhiifamni adabbii kenname gutummaan ykn gar-tokkeen akka hin raawwatamne taasisuu ykn haala raawwii isaa akka salphatuu gochuu dha jechuun hiikee jira.[26]

## 2.2. Seenaa dhufaatii Koroora fi Dhiifamaa

### 2.2.1. Seenaa Dhufaatii Koroora

Jechi Koroora 'Parole' jedhu jecha Faransaay 'Parole d'Honnuer' waada jedhu irra akka dhufe himama. Kunis waada sirreefaman hawaasa keessatti erga baheen booda seera fi dudhaa hawaasa kabajuuf galuu jechuu dha[27]. Ka'uumsa seenaa koroora ilaalchisee yaadota garaagarummaa qabantu ka'a. Jalqaba irratti Koroorri akkataa qabiinsa sirreeffamtoota biyya Ingilizii jaarra 17ffaa keessa ture ka'uumsa godhate yaadni jedhu jira. Akka yaada kanaatti, yakkamtootni

[23] Solomon A.M. Ekwenze, Presidential Pardon And Prerogative Of Mercy: A Necessary National Soothing Balm For Social Justice
[24] Akkuma olii
[25] Black law dictionary, H.C 1992
[26] Labsii kenniinsa fi sirna raawwii dhiifama Federaala lakk.840/2007 kwt 2(1)
[27] Akkuma miiljalee lakk 15 ,fuula, 39

adabbiin hidhaa itti murtaa'e gara biyya Ameerikaa geeffamanii hojii humnaa akka hojjatan gochuun adabicha akka hin raawwatne taasifama turan.[28] Haaluma wal-fakkaatuun kolonii biyya Ingilizii kan turte *Ayislandii Noorflook* keessatti ogeessi *Aleeksandar Mokoonochee* jedhamu bara 1840 irratti sirna qabxii kennuu uumuudhaan sirreefamtootni qabxii galmeesisan akka Fooyya'iinsa amala isaanitti gara sadarkaa adda addaa sadiitti darbuun mana hidhaatii akka bahan taasisaa ture. Akka ogeessa kanaatti yakkamtootni badii rawwataniif adabama jireenya isaanii gara fulduraatiif waan leenji'aaniif yeroon adeemsi sirreefama fudhatu beekama waan hin taaneef hanga fooyya'iinsi amala mirkana'utti adeemsi sirreefama kan itti fuufuu dha. Adeemsa haaroomsa kana keessatti hanqinni amalaa, sirreefamaa gara sadarkaa boodatti ni deebisa.[29]

Gama biratiin immoo bara 1853 paarlaamaan biyya *Ayirlaandii* seera sirreefamtootni korooran itti gad-lakkifamanii hordoffiin irratti taasifamu labsee. Yaada *Aleeksandar* bu'uura gochuun ogeessi *Kroftan* jedhamu adeemsii korooran sirreefamtootni ittiin gad-lakkifaman sadarkaa Afur keessa akka darbuu taasiseera. Sadarkaa Tokkoffaan, yeroo ji'a sagalii kan hammatu yammuu ta'u kana keessatti sirreefaman hojii malee ji'oota sadii akka turuufi ergasii ogummaalee gara garagara fi duudha amantii akka baratu taasifama. Sadarkaa Lammaffa keessatti, sirreefaman iddoo biraatti geefamuun sirreeffamtoota biro waliin akka hojjatu taasifama. Sadarka kana irratti sirreefaman qabxii aragatu bu'uura gochuun sadarka itti aanuutti darba. Sadarkaa sadaffaa keessatti sirreefaman dhaabbilee biro keessatti geeffamuun akka hojii hojjatuu taasisuun fooyya'iinsa amalaa fiduun hayyamni bahiinsa (ticket of leave) kennamaaf. Sadarkaa afraffa keessatti sirreefamaan hawaasa keessa turuudhaan hordoffiin irrattii akka taasifamuu godhama.[30]

Haaluma wal-fakkaatuun bara 1876 biyya Ameerikaa keessatti sirni koroora akka uumamu sirni qabiinsa sirreeffamtoota Biritish kan akka imammata sirrefamtoota gejjibsiisu(transportation policy), haal-dureen dhiifama gochuu (conditional pardon), hayyama bahuu(ticket of leave) gahe ol'anaa akka taphate[31].

Qaamooleen koroorri dhufatiin isaa biyya Faransaay jedhan gama isaaniitiin, hal-dureedhan bilisoomsuu (conditional liberty) kan jedhu bara 1830 jalqaba Faransaay keessatti kan hojirra oolee ta'uu kaasu. Kun immoo sadarka yakkamtootni to'annoo mana siirreessa keessa bahani

[28] Howard Abadinsky,Probation and parole theory and practice,seventh edition page 204
[29] Akkuma olii fuula, 205
[30] Akkuma olii, fuula, 206
[31] Akkuma miiljalee lakk. 15, fuula, 39

to'annoon hawaasa keessatti irratti taasifamuu agarasiisa. Sirreeffamaan bilisumma guutuu osoo hin qabaatiin to'anna mana hidhaa jidduu jiraata.[32]

Akka Itoophiyaatti seera yakka bara 1922 ta'ees seroota sanaan dura bahan keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argate namoota yakkaa raawwataan adabuu waan tureef, haaroomsa sirreeffamtootaaf iddoo guddaa hin kennine.[33] Seenaa korooraa seera yakka biyya keenyaa yammuu ilaallu yeroo jalqabaatiif seera yakka bara 1949 keessatti barreefamee argama. Kunis sirreefaman fooyya'iinsa amala fiduun isaa yammu itti amanamu, miidhaa geesseef hanga danda'uun beenyaa yoo kanfalee fi amalli isaa jireenya hawaasa keessatti gaarii akka ta'e kan agarsiisu yammuu ta'e eeruu dhaabbata sirreessaan dhiyeessuun manni murtii sirreefamaan akka gad-lakkifamu ajajuu akka danda'u ni teechisa.[34] Haaluma wal-fakkaatuun seera bara 1996 bahe keessattis sirreefamaan yeroon adabbii isaa osoo hin xumuramiin korooraan gad-lakkifamuu akka danda'u teechisee jira.[35] Labsiin kun yeroo xiqqaa sirreefaman hidhamee turuu qabu ifa gochuun, iyyatni korooraa sirreefamanis dhiiyaachuu akka danda'uu teechisee jira.[36]

### 2.2.2. Seenaa Dhufaatii Dhiifamaa

Aangoon dhiifama gochuu yeroo jal-qabatiif kan barreefame seera Hammuraabii keessatti dhaloota kiristoos dura jaarraa 18ffaa keessa akka ta'ee dha.[37] Aangoon dhiifama gochuu aangoo birmadummaa mootichaa akka ta'eef namoota yakka raawwatan adabbii irraa salphisuu ykn murtiiwwan adabbii balleesummaan wal-qabatanii jiran akka hafaa ta'an taasisuu dha. Aangoon kun dogongoroota jiran sirreessuuf waan ta'eef haal-dureewwan tokkoo malee raawwatamuu kan danda'uu fi aangoo waaqaa lafa irrattii raawwatamu akka ta'e yaadama. Haaluma wal-fakkaatuun dhiifamni dogongoroota sirna haqaa bada ta'e too'achuun murtiiwwan haqummaa fi sirummaa hin qabne yeroo murtaawan adeemsa dhiifamaatiin sirreessuuf yaadame kan uumameedha.[38] Akka ogeessa *Sar. Wiliyam Holdiswoorzttii* aangoon dhiifama gochuu daanga dhabuun isaa sirna malee itti fayyadamuun waan tureef jaarra 15ffaa keessatti aangon dhiifama

[32] Mil jalee olii
[33] The development of criminal law of Ethiopia, toora intarneet http://www.abyssinialaw.com kan ilaalame, fuula 3
[34] Seera yakka Itoophiyaa bara 1949 kwt 207
[35] Akkuma miiljalee lakk.20, kwt 201
[36] Akkuma olii kwt 201
[37] Jody c. Baumgartner and Mark H. Mmorris,Presidential pardon unbound:A comparative look at presidential pardon,page 4
[38] Akkuma olii

mooticha dhimmoota seeraan dhoorkaa dha jedhamanii seeraan labsaman qofa irratti akka daanga'u taasifame.

Seenaa dhiifama seera biyya keenyaa yammuu ilaallu Heera bara 1923 keessatti barreefame argama. Heericha kwt 16 jalattii mootiin biyyattii aangoo adabiiwwan hir'isuu fi dhiifama gochuu akka qabaatu teechisee jira. Haaluma wal-fakkaatuun heera bara 1948 fooya'ee bahe kwt.35 keessattis mootichii aangoo dhiifama gochuu akka qabaatu ibsa. Heera Ripabliikaa ummatoota Itoophiyaa bara 1979 kwt 86 jalattis pireezidaantiin Ripaablikaa aangoo dhiifama gochuu akka qabaatu ni teechisa. Heera dimookratawa Ripaablikaa Fedeeraala Itoophiyaa bara 1987 kwt 71 jalatti aangoon dhiifama gochuu kan pireezidaantii biyyattii akka ta'e teechisee jira. Heera mootummaa naannoo Oromiyaa keessattis pireezidaantiin bulchiinsa mootummaa oromiyaa sirreeffamtoota manneen sirreessa naannoo keessa jiraniif dhiifama gochuu akka danda'u teechisee jira.[39] Haala addaatiin heerri FDRI fi mootummaa naannoo Oromiyaa hanga ta'e aangoo dhiifama pireezidaantii daangeessuuf yaalee jira. Jecha biraatiin heeroonni kunniin yakkoota dhiifamni irratti taasifamuu hin dandeenye teechisanii jiru.[40] Kana malees akka nannoo oromiyaatti qajeelfama calallii dhiifama keessatti yakkoonni dhiifamni irratti hin taasifamne tarreeffaniiru.[41]

## 2.3. Kaayyoo Korooraa fi Dhiifamaa

### 2.3.1. Kaayyoo korooraa

Kaayyoon seeraa yakkaa inni guddaan namootaa yakka raawwatan adabuudhaan namoota birootiif akeekkachiisa kennuun, nageenya hawaasa kabachisuu dha. Akkasumas, namoota yakka raawwatan akka haaroomanii jireenya isaanii gar-fulduraa nagayaan gaggeessan taasisuu dha. Kana jechuun sirreeffamtoota dhaabbilee haaroomsa keessa akka seenan taasissun fooyyee amalaa yammuu fidan adabbii xiqqaa seeraan ta'e yammuu rawwatanitti hal- dureen akka gad-lakkifamani hawaasa keessatti yaalaman taasisuun sirreefaman hawaasa irrattii miidhaa geessiisuu akka hin dandeenye gochuu dha. Jecha biraatiin sirreefaman soda nageenyaa hawaasa

[39] Heera mootummaa naannoo Oromiyaa labsii lakk.49/94, kwt 57(3)

[40] Heera Mootummaa Ripaaplika Dimookiraatawaa Federaalawa Ithoophiyaa lakk.1/1987, kwt 28, heera mootummaa naannoo Oromiyaa kwt jalatti yakkoonni sanyii namaa balleessuu dhiifamni taasifamuuf akka hin dandeenye ibsamee jira.

[41] Fakkeenyaaf, qajeelfama calallii raawwii dhiifama sirreeffamtoota seera Oromiyaa lakk.5/2009 kwt 16 jalatti namootni murtii du'aatiin adabaman, yakka sanyi nama balleessuun adabaman,namoota dhiifaman erga bahanii booda yakka raawwatan,yakka dirqiin gudeeduu,butii,malaamaltummaa fi godaansa seeraan alaa

akka hin taaneef hawaasa waliin nagaan jiraachuu akka danda'u mirkaneessuuf kan gargaaruu dha. Imaammanni haqaa yakkaa biyya keenyaatis kayyoowwan tarkaanfii hidhaan alaa sirreefamaa hooromsuun hawwasatti makuu, nagaan jiraachuu akka danda'uu fi nageenyi hawwaasaas akka eegamu dandeessisuu akka ta'e ni ibsa.[42]

Koroorri namoota yakka raawwatanii mana amala sirreessaa seenaniif carraan yeroon adabbii osoo hin xumuramiin bahuun akka danda'amu kan teechisu waan ta'eef sirreefamtootni fooyya'iinsa amalaa akka fidan fi dudhaa hawaasa baldhaa akka kabajan kakka'umsa keessatti kan uumuudha. Kun immoo nageenya hawaasaa dhugoomsuu keessatti akkasumas sirreeffamtoota lammii oomishaa taasisuu keessatti gahee ol'aanaa qabaata.[43]

Gama biraatiin immoo sirreeffamtoota yeroo xiqqaa seeraan ta'ee raawwatanii amalli isaanii fooyya'iinsa agarsiise gad-lakkisuun, tokkooffaa, sirreefama to'annoo irratti taasisuun jireenya hawaasa keessa jiru akka baratu, sodaa hawaasas akka hin taane taasisuu yammuu ta'u; inni lammaffa immoo, manneen sirreessaa sirreeffamtootaan akka hin dhiphanne taasisuun baasiiwwaan mootummaan haaroomsaa baasuu hir'isuuf ni gargaara.[44]

### 2.3.2. Kaayyoo Dhiifamaa

Seera yakkaa hojiirra oolchuun bu'aa hin barbaadamne yoo fide, ykn nageenya hawaasa baldhaa kabachisuu keessatti barbaachisaa yoo ta'e mootummaan dhiifamatti fayyadama. Namni badii hin qabne dhiifamni ni taasifama jechun sirri ta'uu baatus hanqina seerotaa ykn hojimaataan sirna haqaa keessatti dogoggoraan murtiin adabbii yommuu kennamu, dhiifmni akka falaatti dhimma itti bahama. Kanaaf, namoota qulqulluu yakkaa isaanii malee itti murta'ee adeemsa seeraa idileen furmaata argachuu hin dandeenye akka furmaatatti kan ilaalamuu dha[45]. Kanaa wal-qabatee akka naannoo Oromiyattis namoonni raga sobaatiin itti murta'uun isaanii mirkana'e akka dhiifaman gad-lakkifamuu danda'an teechisee jira.[46] Haalli kun hawaasni baldhaan sirna

[42] Imaammata haqa yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe kwt.5.3

[43] Bronwyn Naylor and Johannes Schmidt, Do Prisoners have a Right to Fairness before the Parole Board? ,page 1

[44] Bara 1867 Ameerikaa Ohio keessattii yammu lakkoofsi sirreefama baay'atu sirreeffamtoota biraatii iddoon akka gad-lakkifamuuf jecha sirreefamtootni haal-dureen akka bahan ni taasifama ture. Haaluma wal-fakkaatuun bara 1898 Virjiniyaa keessattis seera sirreefamtootni adabbi hidhaa walakka ol-raawwatan akka boordiif iyyannoo dhiyeessanii gad-lakkifamuu danda'an hayyamu hoji irra olchite. Haaluma wal-fakkaatuun naannoolee adda addaa Ameerika keessatti sirreeffamtoota korooraan gad-lakkisuun akka mala lakkoofsa sirreeffamtoota itti too'atamuutti fayyadee jira.

[45] Akkuma miiljalee lakk.37

[46] Qajeelfama calallii fi raawwii dhiifamaa sirreefamtootaa seera lakk.05/2009 kwt 15(1)

haqa biyyaa irratti amanta akka hin dhabnee taasiisuu akkasumas haqa jallate sirreessuuf akka furmaataatti kan tajaajilu dha.

Labsii dhiifamaa naannoo Oromiyaa irraa akka hubatamu, kaayyoon dhiifamaa sirreefamtoota yakka dalaganitti gabanii haarooman jireenya hawaasatti akka makamani lammii oomishaa ta'an taasisuun, fedhii hawaasa baldhaa, mootummaa fi sirreefamtoota eeguudha.[47] Akkumma dhimma korooraa sirreefamtootni yeroon adabbii isaanii osoo hin gahin carraa mana hidhaatii bahuu uuma waan ta'eef, sirreefamtootni kaka'umsa akka qabaatan ni taasisa. Kun immoo kaayyoo seerri dhiifamaa gama sirreefamtoota lammii oomisha akka ta'aniif qabu galmaan gahuu keessatti gahee ol'aana taphata.

## 2.4. Qajeeltoowwan Raawwii Korooraa fi Dhiifamaa

Hojiirraa oolmaan tarkaanfiiwwan hidhaan alaa yaadota bu'uraa kanneen itti aananiin qajeelfama. Qajeeltoowwan kunneenis waliigalteewwan idi-addunyaa keessumattuu, istaandaardii Dhaabbanni Gamtooman raawwii tarkaanfilee hidhaan alaa (non-custodial measures) irratti baase irraa kan dhufaniidha. Koroorrii fi dhiifamni gosoota tarkaanfiwwan hidhaan alaa keessaa kanneen ijoo waan ta'aniif qajeeltowwan kunneen tarkaanfiiwwan kanaafis ni oolu. Isaanis kanneen armaan gadiiti:-

*A. Adabbiin hidhaa filannoo isa dhumaa ta'uu qaba.*

Waliigalteen idil-Addunyaa hedduun qaamoleen sirna haqaa rakkoo hidhaan qaaqqabsiisu hubachuun akkaataa seerri heyyamuun adabbii hidhaan alaatiif dursa kennuu akka qaban ni akeeku.[48] Keessumattuu yakkoonni sasalphoon maloota aadaa adabbii hidhaan alaa ta'aniin yoo xumuraman bu'aa gaarii kan fidan ta'uu sanadoonni kunneen ni ibsu.

*B. Loogii hambisuu*

Adabbiin hidhaan alaa loogii sanyumaa, bifa, saala, umurii, afaan, amantaa, ilaalcha siyaasaa fi kanneen biroo wal fakkaatan irratti osoo hin bu'ureeffatin hojiirra ooluu qaba.[49] Haa ta'u malee, adeemsa hojiirraa oolmaa adabbii hidhaan alaa keessatti garaagarummaan sababa qabatamaa

[47] Akkuma miiljalee lakk.26, kwt 3

[48] Fakeenyaaf, United Nations Standard Minimum Rules for the Administration of Juvenile Justice ("The Beijing Rules"), The UN Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules),
The "Kadoma Declaration on Community Service Orders in Africa (1997), "Kampala Declaration on Prison Conditions in Africa" (1996:2)

[49] Akkuma miiljalee lakk.11, rule 2.2

(objective justification) irratti hundaa'uun taasifamu akka loogitti ilaalamuu hin qabu. adeemsa kenninsa adabbii hidhaan alaa keessatti qaamoleen aangoo murteessummaa (discretionary power) qabaachuun loogiif kan saaxilu waan ta'eef ofeeggannoo godhamuun qaba.

*C. Haalota hubachuun hojiirra oolchuu (flexibility)*

Adabbiiwwan kanneen hojiirra oolchuu keessatti murtii wal fakkaatu kennuun akkumu jirutti ta'ee, haalota bu'a qaeessummaa adabbiiwwan kanaaf fayyadan hubachuun hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Dhimmoonni ilaalamuu qabanis: akaakuu fi cimina yakka raawwatamee, seenaa fi eenyummaa nama yakka raawwatee, hawaasaaf eegumsa gochuu fi adabbii hidhaa haala hin malleen fayyadamuudha.[50]

*D. Seeraan ibsamuu (principle of legality)*

Hojiirra oolmaan adabbii hidhaan alaa mirgoota namoomaa nama yakka raawwatee akka hin miine, dursee seeraan kan ibsamee fi kan murtaa'e ta'uu qaba. Qaamoleen tarkaanfiiwwan kanneen hojiirra oolchuuf aangoon ykn bakka bu'iinsi kennameefis aangoon isaanii ifatti ibsamuu qaba.

*E. Fedhiin yakkamaa barbaachisaa ta'uu*

Adabbii hidhaan alaa hojiirraa oolchuuf namni yakka raawwate dhimma kana beekee, mirga isaa akka hin tuqne itti amanee fedhii isaan kan hirmaatu ta'uu qaba. Namni yakka raawwate adabbii hidhaan alaa kun yoo kan irratti raawwatu ta'e maal akka argatuu fi maal akka dhabuu dursee akka beeku gochuun barbaachisaadha.

*F. Hawaasa kan hirmaachise ta'uu*

Hirmaannan hawwaasni hojiirra oolmaa adabiiwwan hidhaan alaa keessatti godhu namoonni yakka raawwatan baleessummaa isaanii irraa baratanii hawaasatti akka makaman haala ni mijeessa. Namoonni yakka raawwatan qoollifannaan akka irra hin geenyes ni gargaara.

*G. Giddu lixummaan qaamolee haqaa murtaa'uu qaba.*

[50] Akkuma olii, rule 2:3

Hojiirra oolmaan adabbii hidhaan alaa mirga fi bilisummaa sirreefamaa akka hin miine giddu lixummaan qaamolee haqaa haga danada'ametti gadi aanaa akka ta'uu fi nageenya hawaasaa qofa eegsisuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

*H. Qaamni Murtii raawwachiisuu fi komii dhaga'u jiraachuu qaba*

Adabbii hidhaan alaa keessumattuu, murtii balleessummaa booda kennamu (kan akka korooraa)ilaalchisee adeemsa raawwii isaa irratti sirreeffamaaf odeeffannoo kennuun barbaachisaadha. Dabalataan, haalli kenninsa isaas ifaa fi loogii irraa bilisa ta'uu qaba. Kenninsa adabbii kana ilaalchisee sirreefamaan komii yoo qabaate qaama itti dhiyeeffatee komii isaaf deebii kennu qabaachuun barbaachisaadha. Dhiifama irraa kan hafe adabbii hidhaan alaa murtii balleessuummaa booda kennamu irratti komii dhiyeeffachuunis hayyamauu qaba.[51]

## 2.5. Sirna Bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa

Tajaajilli Korooraa fi dhiifamaa seerota dhimmoota kanaaf tumamanii fi qaamolee seerota kanneen hojiirraa oolchuuf aangeffamaniin raawwatama. Seeronni korooraa fi dhiifama irratti tumaman ulaagaa fi akkaataa kenninsaa, aangoo fi haala raawwii qaamolee, hordoffii korooraa fi dhiifamaa qajeelchu. Itti aansuun qabxiilee kanneen haa ilaallu.

### 2.5.1. Qaamolee Bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa Keessatti Gahee Qaban

Caaseffamni qaamolee tajaajila korooraa kennanii biyyaa biyaatti garaagarummaa qaba. Akka waliigalaatti tajaajilli Korooraa qaamolee hojii kanaaf qofaatti dhaabbatan, boordii ykn komishinnii ykn mana murtii (idilee ykn addaa)tiin hundeeffamaniin ta'a. Biyyoota hedduu keessatti tajaajilli korooraa qaama dhaabbata tajaajila tarkaanfiwwan hidhaan alaa raawwachiisuuf hundaa'uu (probation agencies) ta'uun hojiirra oola. Biyyoota Awurooppaa hedduu keessatti qaamoleen tajaajila kana kennan mana sirreessaa waliin Ministeera Haqaa jalatti gurmaa'u. Naannolee biyya Jarman muraasa keessatti aangoo namoota adabbiin isaanii daangeefame ta'achuu kan Abbaa Alangaa yoo ta'u, hojii sirreffamtoota korooraan gadhiisuu fi ta'achuu kan hojjetu mana murtiiti.[52] Biyyoota akka Ostiiriyaa fi mootummaa naannoo *Baden-Württemberg* biyyaa Jarman keessatti tajaajilli tarkaanfiiwwan hidhaan alaa hojiirraa oolchuu

[51] Akkuma olii, rule 9.1-9.4

[52] Promoting fair and effective criminal justice on probation: models of good practice for alternative to prison, penal reform international,2016, pp.17

dhaabbilee dhuunfaatiin raawwatama.[53] Aangoon sirreefamaa korooraa ykn dhiifaamaan gadi dhiisuu aangoo mana murtii moo aangoo qaama raawwachiiftuu ta'uu qaba dhimmi jedhu falmisiisaadha.[54] Korroorri kan Mana murtiin kennamu fi kan boordii korooraan kennamu jedhamee iddoo lamatti qoodamuu danda'a. Biyyoota sirna adabbii murtaa'e qaban keessatti yeroo fi haala kenninsa korooraa kan murteessu mana murtiidha. Biyyoota sirna adabbii hin murtoofneen fayyadaman keessatti immoo aangoo sirreeffamaa korooraan gadhiisuu kan qabu boordii korooraa (parole board) dha.[55] Qaamoleen lamaan kunneen kenninsaa fi hordoffii korooraa keessatti gahee guddaa taphatu.Yeroo ammaa biyyoota lixaa hedduu biratti dhimma korooraa bulchuu keessatti aangoon bal'aa kan qabu boordii korooraa (parole board) dha.
Dhiifama ilaalchisee aangoon murteessummaa kan dursaa biyyaa, pirezdaantiiti. Kenninsa dhiifamaa keessatti Ministeerri Haqaa ykn Abbaan Alangaa muummichaa iyyata dhiifamaa calaluun yaada murtoo dhiyeessuun pirezdaantii ni gargaaru.[56] Haa ta'u malee sirni bulchiinsa dhiifamaa haga kan Korooraa kan gabbate miti.

Akka biyya keenyatti yoo ilaalle, kenninsa korooraa keessatti manni murtii gahee olaanaa taphata.[57] Manni murtii iyyannoo korooraa sirreefamaan ykn mana amala sirreessaan dhiyaate qeebaluun ulaagaawwan seeraan taa'an faana madaalee sirreefamaan akka korooraan gadidhiifamu ajaja kenna. Dabalataan manni murtii haal-duree sirreefamaan yommuu korooraan gadhiifamu akka eegu mana amala sirreessaa fi qaamolee dhimma ilaaluun qophaa'ees qoratee ni mirkaneessa. Sirreefamaan haal-duree teechifame kan hin kabajne yoo ta'e aangoon korooricha haquus mana murtiif laatame. Qaamni biraa kenninsa korooraa keessatti aangoo qabu mana amala sirreessaati. Manni sirreessaa, sirreefamaan jalqaba yommuu gara isaanii dhufu haala sirreefamaa fi carraa inni fuulduratti korooraan gadhiifamuu qabu irratti hubannoo kennuufii qaba. Turtii sirreeffamaan mana sirreessaa keessatti godhuunis, fooyya'iinsa amalaa fi gochaa sirreefamaa sirnaan hodofuu, bu'ura seeraa fi qajeelfamaatiin koroorattii akka fayyadamus gahee isaa bahachuutu irraa eegama.[58] Sirreeffamtoota korooraan gadhiifamuu qabanis ulaagawwan teechifaman irratti hundaa'uun loogii malee mana murtiif dabarsuu qaba. Sirreeffamaa korooraan

[53] Akkuma olii, fuula.19
[54] Nicola Padfield, Who to release? Parole, fairness and criminal justice, Willan Publishing, 2007, pp.44
[55] The design and objectives of parole system, New South Wales law Reform commission, 2013, pp.16
[56] Fakkeenyaaf, USAtti qaama Abbaa Alangaa muummicha biyyattii kan ta'e,' U.S. Dep't Of Justice, Office of The Pardon Attorney' jedhamu tajaajila kana kenna.
[57] Akkuma miiljalee lakk.20, kwt.. 112,113 fi 201(210)
[58] Akkuma olii, kwt. 202 fi 203 walirratti yoo dubbifamuu

gadhiifaman hordofuu fi to'achuu irratti qaamolee siivikii gahee akka qaban tumaalee seera yakkaa irraa hubachuun ni danda'ama.[59] Qaamoleen kunneen haalduree sirreeffamaan korooraan gadhiifamu kabajuu qabu mana amala sirreessaa waliin ta'uun qopheessuu kaasee, sirreefamaa haala kanaan gadhiifame, gorsuu, qajeelchuu, deeggaruu fi hordofuun gahee isaanii bahachuu danda'u.

Akkaataan caaseffamaa qaamolee fi adeemsi kenninsa Dhiifama haga kan Korooraa cimaa miti. Akkataa caaseffama qaamolee kenninsa Dhiifmaa keessatti hirmaatanii fi gahee isaan taphatan ilaalchisee *Modeela* bebbeekamoo lamatu jira.[60] Modeelli tokkoffaan *'Presidential Model'* kan jedhamu, aangoo fi murteessummaan Pireezdaantii olaantummaan kan itti calaqisiisu dha. akka modeela kanaattii aangoon Dhiifama gochuu guutummaa guututti kan Pirezdaantii waan ta'eef Pirezdaantichi haala barbaadeen fayyadmuu ni danda'a. Qaamoleen gaaffii dhiifamaa calalanis kanneen *birokiraasii* irratti hundaa'uun muudamani dha. Fakkeenyaaf, akkataa kenninsa Dhiifamaa USA ilaaluun ni danda'ama. Modeelli inni lammaffaan immoo '*Agency Model*' jedhama. Sirnootni modeela kana fayyadaman aangoo dhiifama kennuu keessatti akka feetummaa aangoo pirezdaantii hir'isuuf; kenninsi dhiifamaa hirmaannaa qaamolee adda addaan akka ta'u; akkasumas, akkataa kenninsa dhiifamaa seera iftoomina qabuun akka qajeelfamu kanneen taasisanii dha. Modeeluma kana jalattiyyuu caaseffama garaagaraatu mul'ata. Kanneen aangoo dhiifama kennuu Pirezdaantiin ala qaama biraaf (fkn, Boordii dhiifamaaf) kennan jiru. Kanneen biroo immoo aangoo dhiifama kennuu Pirezdaantidhumaaf dhiisuun, garuu iftoomina isaa eeguuf qaamoleen biroo akka hirmaatan godhu.

Akka biyyaa keenyattiis yoo ilaalee caaseffamni qaamolee kenninsa dhiifamaa keessatti hirmaatanii fi kenninsi dhiifamaa modeela isa lammataa waliin kan walfakkatu ta'uu ni hubatama. Heerri mootummaa yakkoota dhiifama hin kennisiisne caqasee jira.[61] Dabalataan, kenninsi dhiifamaa iftoomina akka qabaatu seerri qajeelchu akka jiraatus heerrichi ni akeeka. Kenninsa dhiifama irratti qoodinsa aangoo federaalaa fi naannoo yoo ilaallu, Pireezdaantiin Itoophiyaa sirreeffamtoota murtii manneen murtii federaalaatiin adabbiin irratti darbeef dhiifama

[59] Akkuma olii, kwt.208
[60] H. Abbie Erler, *Executive Clemency or Bureaucratic Discretion? Two Models of the Pardon Process*, (2007),443.
[61] Akkuma miiljalee lakk.40, kwt. 28

kan taasisan ta'uu, Heera Mootummaa Federaalaa kwt. 71(7) fi labsii 840/2006 irraa ni hubatama. Murtii du'aa ykn bu'ura Heera mootummaa federaalaa kwt. 78(2) bakka bu'iinsaan manneen murtii naannolee kennan irrattis aangoo dhiifama kennuu kan qabu pireezdaantii biyyoolessaati. Gama biraan, pireezdaantiin naannoo Oromiyaa immoo bu'ura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 57(3) (i) labsii lakk.114/98tiin sirreeffamtoota naannichaaf dhiifama gochuuf aangoo qabu. sirreeffamtoota dhiifamni godhamuufii qabu qulqulleessuun yaada murtii pireezdaantiif kan dhiyeessu boordiin dhiifamaa ogeessota manneen hojii adda addaa irraa walitti babba'an akka hundeeffamus labsiileen lachuu ni ibsu.

Labsiin dhiifamaa naannoo Oromiyaa lakk.114/98 boordiin gaaffii dhiifamaa qulqulleessuun yaada murtoo Pirezdaantiif dhiyeessuu hundeeffamuu fi hojiilee hojjatu ibsuun ala, aangoon qajeelfama baasuu ifatti hin kennamneef. Qajeelfamoonni boordichi haga ammaa baasu tumaa labsichaa kwt. 6(4), *gaaffilee dhiifamaa haala saffisaa ta'een deebii kennuuf ulaagaa barbaachisaa ta'e baasee hojiirra oolcha* kan jedhu bu'ureeffateeti. Tumaan biraa ifatti aangoo qajeelfama baasuu boordiif kenne hin jiru. Haa ta'u malee yeroo ammaa yakkoota fi sirreeffamtoota dhiifama argachuu qabanii fi hin qabne irratti boordiin qajeelfama baasaa jira. Boordichi dhiifama haalduree irratti hundaa'uun kenname, sirreeffamaan kan hin kabajne ta'uu yoo himannii irratti dhiyaate qoratee pireezdaantiidhaaf yaada murtii ni kenna. Qajeelfamni calallii fi kenninsa dhiifamaa, namoota dhiifamaan bahan koreen calallii godinaa fi aanaa gara poolisii fi caasaa bulchiinsaa fi nageenya gandaatiin akka hordofu ni ibsa.[62]

Akka waliigalaatti seerota korooraa fi dhiifama bulchuuf bahan (kan naannoos ta'ee kan federaalaa) yommuu ilaalamu, xiyyeeffannoon isaanii akkaataa calallii fi kenninsaa irratti akka ta'e ni hubatama. Sirreeffamaan bu'ura korooraa fi dhiifamaan haalduree waliin hawaasatti makamu hordofuu fi raawwachiisuu irratti sirni dandeessisu jiraachuunis dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

[62] Qajeelfama calallii lakk. 5/2008 kwt..7 fi 9

### 2.5.2. Ulaagaa Kenninsa Korooraa fi Dhiifamaa

Sirreeffamaan korooraa fi dhiifamaan gadhiifamu ulaagawwan seeraan teechifaman ykn akka barbaachisummaa isaatti qaama angoon kennameefiin qophaa'u guutuu qaba. Itti aansuun ulaagaawwan seerota kanneeniin teechifaman ilaalla.

#### 2.5.2.1. Ulaagaa Korooraa

Sirreeffamaa Korooraan gadhiisuuf ulaagaawwan Afur teechifamuu seera yakkaa bara 1996 bahe key.202 irraa hubachuun ni danda'ama. Ulaagaaleen kunneenis, sirreefamaan adabbii itti murtaa'e keessaa 2/3ffaa kan raaawwate ta'uu (adabbii hidhaa umurii guutuu yoo ta'e waggaa Digadama kan raawwate ta'uu), yeroo raawwii adabbii sirreeffamaan hojii fi amala isaatiin fooyya'iinsa kan agarsiise yoo ta'e, miidhaa geessiseef haga danda'een beenyaa Mana murtiin murtaa'e ykn qaama miidhameen waliigalame yoo kanfale fi amalli sirreefamaa korooraan gadhiisuun bu'aa argamsiisa tilmaama jedhu kan deeggaru yoo ta'eedha. Keewwaticha irraa akkuma hubatamu sirreeffamaa korooraan gadhiisuuf ulaagaa kanneen wal faana kan guutaman ta'uu mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Sirreeffamaa yakka amaleeffateef (persistent recidivist) koroorri akka hin kennamne tumichi ni ibsa. Raawwatiinsi keewwatichaa adabbiiwwan bilisummaa dhabsiisan qofa irratti ta'uunis ni hubatama. Kana jechuun adabbiiwwan kanneen ala jiran, (Fakkeenyaaf, adabbiin maallqaa) bu'ura keewwata kanaan kan raawwatamu miti.

Gaaffiin korooraan gadhiifamuu gara mana amaala sirreessaa ykn sirreeffamaa ykn nama baakka isa bu'een dhiyaachuu danda'a.

#### 2.5.2.2. Ulaagaa Dhiifamaa

Ulaagaa dhiifama kennuuf guutamuu qabu ilaalchisee labsiin lakk.114/98 waan ifatti teechise hin jiru. Labsicha kwt.3 jalatti adabbii du'aa irraa kan hafe, namni adabbiin xummuraa itti kenname kamuu dhiifama gaafachuu akka danda'u tumamee jira. Qajeelfamni calallii fi kenninsa dhiifamaa labsicha bu'ureeffachuun boordii dhiifamaan ba'anis murtiin du'aa dhiifama akka hin qabne teechisu.[63] Tumaa kana irraa kan hubatamu namni aangoo manneen murtii Oromiyaatiin murtiin du'aa itti murtaa'e, dhiifama sadarkaa naannotti godhamu gaafachuu akka hin

[63] Fakkeenyaaf, qajeelfama qajeelfama calallii fi kenninsa dhiifamaa lakk.4/2008 fi lakk.5/2009 ke.16

dandeenyedha. Bu'ura labsii dhiifamaa federaalaa lakk.840/2006tiin namni murtiin du'aa itti murtaa'e dhiifama gaafachuu danda'uu isaa tumaan ifatti ibsu hin jiru. Tumaa kwt..4 fi kwt. 15(2) labsichaa yommuu ilaallu, dhiifamni godhamu murtii du'aas kan dabaltu akka ta'e ni hubatama. Labsii114/98 adabbii du'aa dhiifaama ala ta'uun isaa bu'ura heera mootummaa federaalaa kwt.71(7)tiin adabbii du'aa irratti aangoon dhiifama gochuu kan pirezdaantii biyyoolessaa waan ta'eef, sana waliin wal simsiisuuf yaadameetii jechuun ni danda'ama. Labsiin dhiifamaa Federaalaa dhiifama kennuuf wantootni akka ulaagaatti kaa'aman kwt.20 jalatti teechisee jira. Bu'uruma kanaan hammeenyummaan sirreefamaa, ciminni yakkaa, turtiin yeroo sirreefamaan mana sirreessaa keessatti dabarse, amala sirreeffamaan duraa fi mana amala sirreessaa keessatti qabu, yakka raawwatetti gaabbuu, miidhamtoota waliin araaramuu fi beenyaa kanfaluuf fedhii qabaachuu, fayyaa, umurii fi haala maatii sirreefamaa fi yaada miidhamaan dhiifama irratti qabu ulaagaawwan adeemsa kenninsa dhiifamaa keessatti alaalamaniidha. Labsiin dhiifamaa naannoo Oromiyaa lakk.114/98 ulaagaawwan kenninsa dhiifamaaf oolan hin teechisne. Haa ta'u malee qajeelfamni boordii dhiifamaan yeroo adda addaatti tumamu ulaagaawwan dhiifamaa fi sirreeffamtoota dhiifamni hin taasifamneef ni ibsu. Fakkeenyaaf qajeelfama dhiifamaa lakk.4/2008 keessatti sirreeffamtootaa seeraa dhiifamni ilaallatuu fi hin ilaallannee, akkasumas qabxii kenninsa dhiifamaa keessatti ilaalamuu qaban jechuun tumaaleen adda addaa ulaagaa dhiifamaan wal qabatan teechifamiiru.[64] Haaluma kanaan sirreefamaan adabbii hidhaa umurii guutuu itti murtaa'e, waggaa 15, kan hidhaan baatii 6 hanga hidhaa cimaa waggaa 25 itti murtaa'e, 1/2$^{ffaa}$ yoo raawwate dhiifama argachuu danda'a.[65] Qajeelfamichi sirreeffamtoota ragaa sobaatiin adabaman, dubartoota daa'ima waliin mana sirreessaa galan, kanneen umuriin isaanii waggaa 55 ol ta'e, kanneen dhibee fayyuu hin dandeenye kan akka HIV'n qabamaniif dhiifamni haala addaatiin akka godhamuu fi malu ni teechisa. Gara biraatiin, yakkota ciccimmoo fi xiyyeeffannoo argatan kanneen akka shororkeessummaa, yakkoota daa'immanii fi dubartoota irratti raawwataman, diinagdee fi bu'ura misoomaa irratti raawwataniin himatame sirreefamaan adabame dhiifama akka hin arganne ni ibsa.

[64] Qajeelfama dhiifamaa naannoo Oromiyaa lakk.4/2008, kwt 13-16.
[65] Akkuma olii, kwt. 14

Qajeelfamnichi adabbii hidhaan waliin adabbiin maallaqaa kan murtaa'e yoo ta'e sirreeffamaan adabbii qarshii raawwatu malee dhiifama akka hin argannee tumee jira.[66]

### 2.5.3. Sirna Iyyannoo fi kenninsaa Korooraa fi Dhiifamaa

Gaaffiin korooraa eenyuu fi haala kamiin dhiyaatee, adeemsa akkamii keessa darbuun murtii akka argatu kan qajeelchan tumaalee seera yakkaati. Iyyatni korooraan gad-lakkifamuu sirreefamaa dhuunfaan ykn akkuma haala isaatti haaloonni korooraan gad-lakkifamuf barbaachisan guutaman jedhe yammuu amanutti dhaabbatni amala sirreessuun mana murtiif dhiyaachuu danda'a.[67] Manni murtii erga iyyanni dhiyaateef haloota korooraan gad-lakkisuuf barbaachisan jedhamanii seera yakkaa kwt.202(1) tarreefaman guutamu isaani mirkaneefatee sirreefamaan yeroo yaaliin akka gad-lakkifamu ajaja. Sirreefamaan yammuu korooraan gad-lakkifamee hawaasa keessa turu qajeelfamni amala inni hordofuu qabu akkaata tuma seera waliigala waa'ee adabama murtii adabbii fi raawwiin adabbii irraa daangeefameen kan qajeelfamu ta'u seerri yakkaa keenya ni ibsa.[68] Haaluma kanaan manni murtii sirreefamaa yammuu korooraan gad-lakkisu qajeelfama amlaa, hordoffii fi eegumsa sirrii itti fakkaate ni murteessa. Qajeelfamni sirreefaman gad-lakkifame akka hordofu mana murtichaan kennamu umrii, carraa yakkaaf saaxilamuu, haala maatii isaa, hojii ogummaa akkasumas haala jireenya hawaasummaa bu'uura godhatee ta'uu qaba.[69] Qajeelfamni kennamu kunis sirreefamaan kun baruumsa ogummaa murtaa'e tokko akka baratu, iddoo murtaa'e tokko akka turu, hojjatu,ykn akka jiraatu taasisuu, namootaa muraasa akka wal hin qunamne taasisuu, iddoowwan muraasa irraa daangeessuu,galii hojii isaa irraa argatu guutummaan ykn gar-tokkeen maatiif ykn nama isa bulchuuf akka kennu akkasumas qajeelfamoota biro bu'aa argamsiisuu danda'an kan biro murteessuu ni danda'a.[70] Kenninsa Korooraa keessatti miidhamaan yakkaa haalli itti hirmaatu seeraan ifatti hin tumamne.

Manni murtii yammuu sirreefamaan akka gad-lakkifamu ajaju yeroon yaalii teechifame yeroo hangamiif akka turu ni murteessa.[71] Yeroon yaali manni murtii murteessu kuni haala kamiinu

[66] Akkuma olii, kwt 14(3)
[67] Akkuma miiljalee lakk.40, kwt.203(2)
[68] Akkuma olii, kwt.205
[69] Akkuma olii, kwt.205(1)
[70] Akkuma olii, kwt.198
[71] Akkuma oli, kwt.204

waggaa lamaa gad kan hin taaneef waggaa shan hin caalle ta'a. Yeroon turtii kun sirreefama murtii umrii guutuuf yeroo waggaa shanii gad hin taaneef waggaa torba kan hin caallee ta'a.[72]

Labsii dhiiifama Naannoo Oromiyaa lakk.114/98 keessatti haala, yeroo fi qaama iyyannoon dhiifamaa itti dhiyaatuu qabu teechisee jira. Dhiifamni kaka'uumsa qaamolee sadiitiin godhamuu danda'a. Kunis iyyannoo nama murtiin adabbii irratti darbe ykn bakka bu'aa isaa, kaka'uumsa pirezdaantii naannichaa fi gaaffii Biiroon haqaa dhiyeessuun ta'uu mala.[73] Iyyanni dhiifamaa Murtiin dhumaa kenname yeroo kamittuu akkasumas erga iyyanni duraa kufaa ta'ee ji'a jahaan booda Boordii dhiifamaa Naannichaaf dhiyaatuu akka danda'u teechisee jira[74]. Murtii dhumaa jechuunis adeemsa oliyyannoo kan fixate akka ta'e ni hubatama. Iyyatni dhiyaatus qabiyyee maal qabachuu akka qabaatu labsicha keessatti tarreefame jira. Kunis iyyattni dhiyaatu maqaa, hojii, yakkaa raawwachuu wagga shaniin dura teessoo isaa, yakka ittiin himatame, adabbii, haala raawwii, mana murtii adabbi murteesse, lakk.galmee, yakka tanaan dura itti adabamee yoo jiraate, mana sirreessa keessaatti aragamu, sababa dhiifamni itti taasifamuuf, ragalee kana deeggaran yoo jiraate ykn iddoo itti argamu, namoota sadii firooma dhiigaafi gaa'ila hin qabne kan dhiifama deeggaran sababa isaani waliin, idaa mootummaa qabaachuu fi dhiisuu isaa guutee dhiyaatuu qaba[75]. Dabalataanis Iyyatni dhiifamaa gama Biiroo Haqaatiin dhiyaachuu akka danda'uu fi garagalchi iyyannas nama gafatameef akka dhaqabuu qabu dha.[76] Iyyata dhiyaate akka barbaachisummaa isattii Boordichi galmee Mana Murtii,Wajjira Haqaa akkasumas namoota adda addaa irraa qulqulleesuun yaada murtii Pireezidaantii naannoo Oromiyaatii dhiyeessuun akka hayyamamu ni taasisa.[77] Tumaa seeraa armaan olitti ibsamu irraa akka hubatamu sirreefamaan yammuu dhiifama gaafatu gaafii isaa ragaadhaan akkasumas sababaan deeggaree dhiyeessuu akka qabuu dha. Boordiin dhiifamaas iyyannoo fi ragaa dhiyaate akkasumas, ragaa fi qaama barbaachisaa ta'e qorachuun yaada murtoo waliin pirezdaantiif dhiyeessa. Pirezdaantiinis ragaa fi yaada murtoo boordichaan dhiyaateef, akkasuma barbaachisaa yoo ta'e qaama kamirraayyuu yaada fudhachuun gaaffii dhiifamaa dhiyaate raggaasisuu ykn kufaa gochuu

[72] Akkuma olii, kwt.204
[73] Labsii kenniinsa dhiifamaa naannoo Oromiyaa lakk.114/98 kwt.12 fi 13
[74] Akkuma olii, kwt.15
[75] Akkuma olii, kwt.14
[76] Akkuma olii, kwt.13(2)
[77] Akkuma olii, kwt 6

danda'a. Labsichi ifatti kaa'uu baatuus murtiin dhiifama irratti pirezdaantiin kennamu kan dhumaa ta'uu muuxannoo jiru irraa ni hubatama.[78]

### 2.5.4. Hordoffii Sirreefamtoota Korooraan Gadhiifamanii

Namoota yakka raawwatanii adabbiin daangeffameef ykn korooraan gadhiifaman hordofuuf maloonni lama hojiirra oolu. Adeemsi tokkoffaan '*casework approach*' kan jedhamuu fi nama yeroo yaaliin gadhiifame hojjetoota hawwaasummaa ramaduun gorsaa fi deeggarsa barbaachisaa ta'e argataa yeroo yaalii isaa milkaa'inaan akka xumuru taasisuudha. Adeemsi inni lammataa immoo '*surviliance approach* ' kan jedhamu namni yeroo yaaliitiin gadhiifame waadaa galee fi haal-dureewwan teechifaman kabajuu fi dhiisuu isaa dhoksaan hordofamee qaama ajaja yeroo yaalii kenneef kan gabaasudha.[79]

Seera yakkaa keenya yommuu ilaallu, hordoffiin sirreeffamtoota korooraan gadhiifamanii adeemsota kanneen lachuu kan of keessaa qabu ta'uu ni hubatama.[80] Manni murtii qajeelfama sirreefamaan kabajuu qabu erga murteesseen booda namni sirreefamaa korooraan gad-lakkifame bulchu, ogeessi amala sirreessaa ykn ogeessi eegumsa waliigalaa irratti ramadamee (poolisii) jireenya sirreefamaa hawaasa keessatti akka hordofu ni ajaja.[81] Qamni sirreefama akka hordofuuf ajajame walitti dhufeenya uumudhaan mana fi iddoo hojii isaatti daawwachuun akkasumas yeroo boqonnaa isaatti hordoffii irratti taasisuun sirreefamaan kun haala danda'ameen haala jireenya isaa akka fooyyeefatu ni gargaara. Kun adeemsa *casework* jedhamuun kan walfakkaatudha. Hordoffiin taasifamu akka barbaachisummaa isaatti dhoksaan gaggeefamu kan danda'u yammu ta'u qaamni hordofu yoo xiqqate komishini amala sirreessaaf ji'a sadiin ykn yeroo barbaachisaa ta'etti gabaasa akka dhiyeessu ni taasifama.[82] Adeemsi kun immoo adeemsa *surviliance'*n walfakkata. Tajaajjilli hordoffii korooraa dhaabbilee siivikii ykn dhaabbilee mootummaa ykn dhuunfaa hirmaachisuun raawwatamuu akka danda'us tumaan seera yakkaa ni agarsiisa.[83]

---

[78] Pardon-information-and-instructions,USA Department of Justice, https://www.justice.gov/pardon viewed on 12/4/2018

[79] Richard P. Seiter, Supervision Styles in Probation and Parole: An Analysis of Activities, Marshal University, 2003, pp.4

[80] Akkuma miiljalee, lakk.20, kwt.199(1)

[81] Akkuma olii, kwt.199 fi kwt 208 wal-faana dubbisuun

[82] Akkuma olii, kwt.199

[83] Akkuma olii, kwt.210

### 2.5.4.1. Bu'aa Yeroon Yaalii Milkaa'uu Dhabuun Uumu

Sirreefamaan Korooraan gadhiifame yeroo yaalii keessa qajeelfama kennameef hordofuun amala gaarii agarsiisee yoo xumure, to'annoo fi adabbii jalaa guutummaan bilisa ta'a.[84] Sirreefamaan erga korooraan gad-lakkifameen booda hordoffi taasifameen qajeelfamoota amala teechifaman kabajuu yoo baate yeroo duraatiif akekkachiisni akka kennamuuf ni taasifama. Dabalataanis akka barbaachisummaa isaatti yeroon yaalii daangaa seeraan teechifame keessatti akka dheeratu fi qajeelfamoonni dabalataa akka kennaman taasisuu ni danda'a. Sirreefamaan kun haaluma wal-fakkaatuun qajeelfamoota taa'an yoo kan cabsu taate dhiyaate yaada akka kennu erga taasifameen booda manni murtichaa yeroon yaalii bu'u fidu dhabuu yoo mirkaneesse ajajni korooraan gad-lakkifamu kenname haqame sirreefamaan gara mana sirreessatti akka deebi'u ni taasisa.[85]

Walumagalatti sirreefamaan tokko yammu korooraan gad-lakkifamu qajeelfamni inni hawaasa keessatti kabaju qabu yeroo turtii isaa waliin gama mana murtiin itti himamuu qaba. Kanaan malees hawaasa keessatti ifattis ta'ee dhoksaan hordoffiin irratti taasifama. Sirreefamaan yeroo qajeelfamoota teechifaman cabse jedhametti murtii kamiyyuu kennuun duratti sirreefamaafis carra dhagahamuu kennuun barbaachisa akka ta'e tumaa seericha irraa hubachuun ni danda'ama.

Dhiifamni taasifame haalota adda addaatiin haqamuu akka danda'u labsichaan ibsamee jira.[86] Kunis;

- Nama dhiifamni taasifameef bira osoo hin dhaqqabin sababonni dhiifama haqsiisan yoo argaman
- Nama dhiifamni taasifameef bira gahee erga fudhatama argateen boodas sababoonni dhiifama haqsiisan yammuu argaman.
- Erga dhiifamni taasifameen booda haal-dureewwan dhiifama kennameen teechifaman yoo guutamuu baatan ykn cabanii argaman dhiifamichi haqamuu akka danda'u dha.

Keewwata armaan olii kana keessatti haal-durreewwan teechifaman kabajuu dhabuun akka sababa dhiifama haqsiisutti teechisee jira. Kana malee sababoonni dhiifama haqsiisuu danda'an yoo argaman yaa jedhuu malee sababoonni kunniin maal akka ta'an ifatti adda baasee kaa'ee

[84] Akkuma olii, kwt.206(3)
[85] Akkuma olii, kwt.206 fi kwt.200 wal-faana dubbisuun
[86] Akkuma miiljalee lakk. 73, kwt.17

hin jiru. Haa ta'uu malee labsicha keessatti waa'ee Aangoo Boordii dhiifama yammuu ibsuu namoota dhiifama dogongorsuun argatanii jechuun himanni irratti dhiyaate boordichi dhimmicha qoratee yaada murtii pireezidaantiif akka dhiiyeessuu danda'u ni ibsa.[87] Kanarra fudhachuun dogongorsuun dhiifama argachuun akka sababa dabalataa dhiifama haqsiisuu danda'uutti fudhachuun ni danda'ama.

Sababoonni dhiifama haqsiisani argamanii yammuu dhiifamni haqamu sababbiin kun ifatti ibsamee afaan nama dhiifamni godhameef hubachuu danda'uun barreefaman dhaqqabuu qaba. Namni dhiifama godhameefis barreefamni dhaqabee guyyoota 20 keessatti yaada isaa Boordii dhiifamaaf dhiiyessu qaba.[88] Labsichi adeemsi kun yeroo dhiifamni haqamu adeemsa hordofamu qabu akka ta'e dha. Ifatti labsicha keessatti waanti barreefame jiraatuu baatus adeemsi kun adeemsa yeroo Boordiin dhiifama dhimmicha qulqulleesu hordofu qabuuf murtiif pireezidaantii osoo hin dhaqabinii akkasumas murtiin kennamuun dura adeemsa jiru akka ta'ee dha. Erga sirreefamaaf dhiifamni taasifameen booda, dhiifamni haqamuun dura sababbiin ibsameefi yaada akka irratti kennu taasifameeti malee sababbiin dhiifama haqsiisuu danda'u argame jedhame dhiifamni haqamuu hin danda'u. Haalli dhiifama haqsisiisu yoo argamee fi adeemsa olitti ibsame keessa darbee Pirezdaantiin yoo murtaa'e, sirreeffamaan ykn namni dhiifamni taasifameef mana sirreessaa akka galu godhama.

[87] Akkuma olii, kwt.6(3)
[88] Labsii dhiifamaa Mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.114/98 kwt.18

# Boqonnaa Sadi

## Xiinxala Daataa

### Seensa

Sirna yakkaa biyya keenyaa keessatti haaroomsi sirreeffamtoota adeemsoota adda addaa qaba. Adeemsa kana keessaa tokko, sirreefamaan yeroo turtii isaa mana sirreessa keessatti amala isaa foyyeefate jireenya hawaasa boritiif akka of-qopheessu gochu dha. Adeemsa kan keessatti sirreefaman dura yakkoota raawwachuun amaleefata yoo ta'een alatti jijjirama barbaadamu dursee kan agarsiise yoo ta'ee haalli korooraan mana adabaati itti bahu akkasumas yakkichi ittiin adabame dhiifama kan hin dhoorkachiifne yoo ta'e dhiifamaanis haala bahuu itti danda'u uumamee jira. Sirreefamaan haala kanaan mana sirreessatti bahee yeroo dangaa seeraan ta'eef qajeelfamoota naamusaa teechifaman akka kabajuu fi hawaasa keessatti akka hordofamu taasifama. Sirreefaman yakka biraa raawwachuunis ta'ee qajeefamoota teechifaman cabsuun badii raawwate irra deebiin hidhame adabbi osoo hin raawwatin isa hafe akka raawwatu akka taasifamu tumamee jira. Qorannoo kunis akka Naannoo keenyaatti hojiin sirreeffamtoota seeraa calallii korooraa fi dhiifama qopheessuu maal akka fakkaatu,kenniinsi korooraa fi dhiifama haala kamiin akka raawwatamaa jiruu fi erga sirreefaman hawaasatti akka makamu ta'e hordoffiif deeggarsi taasifamu maal akka fakkatu ilaaluun rakkoowwan adda baasuu irratti xiyyeefata. Ragaalee bifa af-gaafii,bar-gaafii,sakatta'a galmeewwanii fi marii gareetiin funanaman akka armaan gadiitti xinxalee jira.

### 3.1 Sirreeffamaa Korooraa fi Dhiifamaaf Qopheessuu Irratti Haala Qabatamaa Jiru

#### 3.1.1 Simannaa Fi Hubannoo Uumuu

Sirreeffamaan adabbiin itti murtaa'ee mana sirreessaa yommuu galu, turtii isaa keessatti fooyya'iinsa amalaa yoo agarsiise yeroon adabbii isaa osoo hin dhumin dursee gadhiifamu akka danda'u mannii sirreessa hubachiisuu akka qabu seerri yakkaa ni ibsa.[89] Kunis sirreeffamtootni hubannoo fi abdii qabaatanii akka of qopheessaniif fayyada. Hojjirra olmaan tumaa kanaa

[89] Seera yakkaa FDRI kwt. 203

manneen sirreessaa daataan qorannoo irraa funaanamee biratti maal akka fakkaatu hubachuuf ogeessotaa fi sirreeffamtootaaf afgaaffiin dhiyaatee jira. Simannaan sirreeffamtoota murtii argatanii yommuu raawwatamu sirreeffamtootaaf carraa korooran bahuu qabaachuufi waantoota raawwachuu qaban irratti hubannoo mana sirreessan uumamu ilaalchisee namoota af-gaafiin waliin taasifame giddu garaaragarummaan yaada jira.

Sirreefamtootni yommuu mana sirreessa seenan korooraa fi dhiifama ilaalchisee hubannoon mana hojichaatiin uumame akka hin jirree, garuu mana sirreessa keessatti sirreeffamtoota dursanii seenan irraa hubannoo argachuu isaanii dubbatan jiru.[90] Yaada gama ogeessota mana sirreesaatiin kennameen immoo Sirreefamaan yeroo gara mana sirreessaa seenu raawwataan simataa erga simatee itti gaafatamaa dabaree eegumsaa, Ogeessa seeraa, Ogeessa xiinsammuu waliin ta'uun waa'ee waliigala dambii ittiin bulmaata sirreeffamtootaa irratti akkasumas akkaataa fooyyee amala isaaniitiin yeroon adabbii isaanii osoo hin xumuramin korooraan ykn dhiifamaan bahuu carraa akka qaban hubannoon ni kenamaa yaada jedhu kaasu[91]. Hojiin kun garuu addaan cicitiinsa kan qabuu akka ta'es ogeessoonni kun ni ibsu.[92] Sirreeffamtoota keessaallee waa'ee korooraan wal-qabatee yammuu balleessaa raawwatan karoorra dhoorkamuu akka danda'an itti himamu isaanii kaasuun garuu haala cimina qabuun akka hin taane himu.[93] Dabalataanis Hubannoon uumamu kan itti fuufinsa qabuuf sirreefama hunda kan dhaqabuu akka hin taane sirreefamtootni kaasanis jiru .[94]

Bar-gaafii sirreeffamtoota seeraa waliin gaggeefameen harki 85.3% ta'an haala korooraa fi dhiifamaan bahuun itti danda'amu irratti hubannoon nuuf uumama yammuu jedhan harki 14.4% ta'u immoo hubannoon nuuf uumamee hin jiruu jechuun deebisanii jiru. Yaada bar-gaafii

[90] Af-gaafii Waasihuun Taakkala sirreefama seeraa Mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyya 22/05/10 obboo Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10, marii garee sirreeffamtoota seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame,taasifame

[91] Af-gaafii G/Insp. Mashuutee Abdulqaadir Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa M/Sir/Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10, Insp.Ol Waaqoo Burqaa Hoogganaa Mana sirreessaa Aanaa Habroo waliin gaafa guyyaa 03/05/10, kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 taasifame

[92] Af-gaafii kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10,Insp.Ol Waaqoo Burqaa Hoogganaa Mana sirreessaa Aanaa Habroo waliin gaafa guyyaa 03/05/10 taasifame

[93] Marii garee sirreeffamtoota mana sirreessaa GAONF waliin gaafa guyyaa 07/05/10 taasifame

[94] Marii garee sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa Godina gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame

kanarraa hojiin hubannoo uumuu haala gaariin kan raawwatama jiru ta'uu kana agarsiisu yammuu ta'uu harcaatiin akka jirus ni akeeka.

Yaadoota af-gaafii bar-gaafiin sassabaman irraa akka hubatamu hojiin hubannoo uumuu akka raawwatamaa jiru dha. Gama kanaan hojiin hojjatama jiru gaarii ta'us ammas harcaatiiwwan akka jiran hubachuun ni danda'ama. Sirreeffamaan yommuu mana sirreessaa galu fooyya'iinsa amalaa yoo agarsiise yeroo adabbii isaa dursee akka bahuu danda'u hubannoo uumuu irratti hojiin manni sirreessaa hojjete gaarii ta'us, hojichi idilaa'aa miti. Mana sirreessaa, gara mana sirreessaattis garaagarummaan ni mul'ata.

### 3.1.2 Gamaaggama Fooyya'iinsa Amalaa Sirreefamaa

Sirreeffamaan yakka raawwate irraa baratee, amallli isaa fooyya'uu isaa haala iftoomina qabuun gamaggamaa deemuun tarkaanfii itti aanu fudhachuuf baay'ee barbaachisaadha. Gama kanaan hojimaata manneen sirressaa maal akka fakkatu madaaluuf ogeessotaa fi sirreeffamtootaaf afgaaffii fi bargaaffiin dhiyaatee jira.

Fooyya'iinsi amala sirreeffamaa yeroo yeroon gamaggamamaa deemuu irratti hojmaata jiru sakatta'uuf af-gaafii ogeeyyii waliin taasifameen deebii kennaniin akkaataa qajelfama komishiniin mana sirreessaa kaa'een fooyya'iinsi amala sirreefamaa guyyaa guyyatti ni hordofamaa kan jedhan jiru.[95] Gara biraatiin garuu, fooyy'insa amala sirreeffamaa yeroo yeroon qabxii kennaa hordofaa deemuun haala hojii, humna namaa fi baajata manni sirreessaa qabu faana hin danda'amu yaada jedhus kan kaasaan jiru. Kaanaafis, akka yaada ogeessota kanaatti, qabxiin sirreefamaa yeroodhuma sirreeffamaan Korooraan bahu kan guutamu akka ta'e dubbatu.[96] Amalli sirreefamaas kan gamagamamu hirmanna sagantaa haroomsaa (barnootaa ,leenjii, dambii ittiin bulmaataa kabajuu, hojii misooma) irratti qabu bu'uura gochuun.[97]

[95] Af-gaafii G/saj Ibraahim Aadam Ogeessa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 saj.Geetachoo Alamuu Rawwataa IMX mana sirreessaa fi koree Korooraa Mana sirreesaa Godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 15/05/10 taasifame

[96] Kom. Takluu L. Kom. Zarihuun B. Inspk. Olaanaa Damee Fufaa

[97] Af-gaafii kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 Insp.Ol Waaqoo Burqaa Hoogganaa Mana sirreessaa Aanaa Habroo waliin gaafa guyyaa 03/05/10, Saj. Geetachoo Alamuu rawwataa IMX mana sirreessaa Godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 15/05/10, G/saj. Sisaay Kaasuu I/G dabaree eegumsaa Mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10,I/A/Saj. Sulxaan Huseen Ab/Ad/sir/sirreefamaa Mana sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10, G/Insp. Mashuutee Abdulqaadir Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa M/Sir/Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10 taasifame

Dabalataanis amala sirreefaman daree cisichaa keessatti agarsiisuun kan gamagamamuu akka ta'ee ogeessonni kan hubachiisaniiru.[98]

Gama biraatiin immoo yaada oggeesota manneen sirreessaa kennan irraa hojiin haaromuu sirreeffamaa hordofuu xiyyeeffannoo gahaan akka hin argannee ni hubatama. Ogeessonni kun akka jedhanitti, bakka haalli haaromsa sirreeffamaa mijataa hin taane keessatti sirreeffamaa haala addaan rakkoo qabu yoo ta'ee malee, sirreeffamaan korooraas ta'ee dhiifama dhorkamu hin jiraatu.[99] Haaluma walfakkaatuun, haaromsa sirreeffamaa guyyaa guyyaan ykn yeroo murtaa'een madaalaa deemuu irratti hanqinni jiraachuu ogeessonni ni amanu.[100] Dabalataanis qabxiin madaalli haaromsa sirreefamaaf kennamu yeroo sirreefaman bahuuf jedhu tilmaamaan kan guutamu ta'uu ogeessonni mana sirreessaa dubbatanis jiru.[101] Kanamalees, mana sirreesaa keessatti Sirreefamtootni amalli isaanii hin fooyyofnee jedhamanii dhoorkaman yaa jiraatan malee galmee dhuunfaa sirreeffamtootaa keessatti dhimma kanaan wal-qabatee ragaan galmee dhuunfa sirreeffamtoota keessatti argamu akka hin jire ogeessoonni ni kaasu.[102] Gama oggeessota mana sirreesatiinis haala addaan yoo ta'e malee ragaa adda addaa galmee sirreefamaa irratti qabachuun akka hin jirree ibsu.[103] Haalli qabiinsa ragaa sirreeffamaa mana sirreessaa baay'ee gadi aanaa akka ta'e Abbootiin Alangaa mana sirreessaa keessatti to'annoo hojii gaggeessan ni ibsu.[104] Kanarraa kan ka'e yeroo ragaa fi galmeen sirreeffamtootaa baduu fi gubachuun sirreefamtootni dhiifama fi koroora dhaban jiraachuu isaa sirreffamtootni ni dubbatu.[105]

Akkuma armaan olitti ibsame galmeewwan sirreefamatoota sakata'aman irraa qabxiiwwan madaallii sirreefamaaf kennaman tilmaamaan akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Fkn

[98] Af-gaafii G/saj. Sisaay Kaasuu I/G dabaree eegumsaa Mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10, G/Insp. Mashuutee Abdulqaadir Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa M/Sir/Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10taasifame

[99] Kom. Takluu L.

[100] Yaadataa Gonfaa, tafarraa Fallaqaa ogeessota Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa waliin afgaaffii 04/5/2010 gaggeeffame. . I/A/Kom. Geetaachoo G/goorgis, Insp.Ayyaanaa Baqqalaa

[101] Afagaaffi Saj. Araarsaa Hirphasaa, Saj. Abduraazaq Yaasiin, G/Insp. Garruu Abeebee ogeessota amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 16/5/2010 taasifame. Insp.Ayyaanaa Baqqalaa

[102] Af-gaafii obboo Wondosan Dibaaba A/Alangaa fi B/B Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Haqaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10, obboo Abarraa Girmaa A/Alangaa Godina GAONF waliin gaafa guyyaa 08/05/10 taasifame

[103] Afagaaffi Saj. Araarsaa Hirphasaa, Saj. Abduraazaq Yaasiin, G/Insp. Garruu Abeebee ogeessota amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 16/5/2010 taasifame. Insp.Ayyaanaa Baqqalaa

[104] Hirkisaa Hundee

[105] Marii sirreeffamtoota Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa fi Jimaa waliin godhame

sirreeffamtoota mana sirreessaa keessa jiran maraaf qabxii wal-fakkaataa kennuu[106], iddoowwan tokko tokko irratti immoo qabxii gosa lamaa kennuu ni jira.[107] Dabalataanis amalli sirreefama hirmanna sagantaa haaromsa irratti qabuun raawwatama yaa jedhamuu malee qabatamaan sirreefamaan sagantaa haaroomsa kam xumuree kamiin addaan kutee waan jedhu irratti ragaan maneen sirreessaa keessatti qinda'ee hin jiru. Fooyya'iinsa amala sirreefamaa sagantaa haaroomsaa manneen sirreessaa keessatti kennaman bu'uura godhatanii gamaagamuun sirrii ta'us dhimmootaa kanaan wal-qabatee ragaaleen qabatamaan kan hin jirree waan ta'eef madaalli sirreefama gama kanaan taasifamu akkaata fedhii ogeessa madaalli taasisuutiin akka raawwatamuuf haala mijata kan uumudha.

Galmeewwan manneen sirreessa muraasa sakatta'aman keessatti qabxii madaallii duchumaan dhibbeentaa hammanaa argatee jechuun qofa ibsuu. Qabxii madaallii kenname irraa bu'uura maaliin akka kenname waanti ibsu hin jiru.[108] Iddoo biro keessatti immoo sirreefamaan amalli isaa fooyya'ee jira,hojii misoomaa irratti hirmaate fi yakka raawwatetti gaabee bifa jedhu qofaan sirreefamaan korooraan akka bahu yammuu itti gaafatmus ni jira.[109] Dhimmoota kanniin irratti ragaaleen dhiyaatanis ta'e akka dhiyaatan gaafataman waan hin jirreef hojichi yaada dhuunfa raawwatoota hojicha irratti hojataniin akka murta'u taasisa. Dabalataanis sirreeffamtoota dhimma yakkaa wal-faana himatamaan yammuu korooraaf calalliin isaanii gaggeefamu haalli uunkaa tokko irratti sirreefama tokkoo ol ittin madaalan akka jiruu dha.[110] Qabxiin Madaallii

[106] fknf lakk.galmee MMA Adoolaa 17814 lakk.xal Ams/480/2010 , lakk.galmee MMA 17639 Adoolaa xal.lakk Ams/502/2010 , lakk.galmee MMA 16397 Adoolaa xal.lakk Ams/449/2009 mana sirreessaa Aanaa Adoolaa irraa guutamee dhiyaatee

[107] Fknf uunkaa xala.lakk 18/775/2007 gaafa guyyaa 27/05/07 ( lakk. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10241 ) mana sirreessa Go/Gujii irraa mana murtii Aanaa Libaniif dhiyaateen qabxiilee madallii tokkoon tokkoon guutamanii sirreefaman ida'ama 90% akka argatee yammuu ibsu fuula itti aanee jiru fi koreen madaalli irratti mallatteessani jiran irratti sirreefamaan qabxii madallii waliigalaa 80% akka aragte ibsa. Haaluma wal fakkaatuun xala.lakk 18/710/07 mana sirreessa Go/Gujii irraa barreefame ( lakk. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10275 ). Lakk. Galme MMO Go/Gujii 12794,

[108] Galmee yakkaa aanaa waadaraa lakk. 10871 ta'e irratti mana sirreessaa godina gujii xal.lakk Am/SI/18/453/2010 ta'een ,lakk.galmee MMA Adoolaa 17814 fi xal.lakk mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams/480/2010, lakk.galmee MMA Adoolaa 17639 fi xal.lakk mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams502/2010, lakk.galmee MMA Adoolaa 16397 fi xal.lakk mana sirreessaa Aanaa Adoolaa Ams/449/2009,

[109] Xalayaa mana sirreessaa GAONF lakk.AdHISSS/223/08/10, Mana sirreessaa GAONF xal.lakk. AdHISSS/1863/08/2010, Mana sirreessaa GAONF xal.lakk. AdHISSS/129/08/2010,

[110] Fknf Mana sirreessa Go/Gujii xal.lakk. Am/Si/18/454/2010 gaafa guyyaa 16/05/10,mana sirreessa GAONF xal.lakk AdHISSS/223/08/10 gaafa guyyaa 07/05/10,mana sirreessa Go/Ar/Lixaa xal.lakk 283/17/10 gaafa guyyaa 20/07/08

kennamu sirreefama kamiin akka ilaallatu waantii beekamu hin jiru. Kun immoo madaalliin taasifamu malaan kan raawwatamaa jiru ta'uu kan agarsiisuu dha.

Fooyya'iinsa sirreefamaa gamaaggamuun kan barbaachiseef, sirreefamaan hammeenyummaa qabu korooraan hawwasatti makamee irra deebiin yakka akka hin raawwanneefi dha. Muuxannoo gama kanaan jiru yoo ilaalle, sirreefamaa korooraan gadhiisuun dura carraa sirreefamaan yeroo korooraa milkaa'uu danda'uu ykn yakka biraa raawwachuuf qabu irratti gamaaggamni (risk assessment) ni gaggeefama. Mallii fi adeemsi gamaaggamni kun itti gaggeefamu yeroo gara yerootti fooyya'aa kan dhufe yoo ta'u yeroo ammaa modeelli '*risk, need responsity model'* jedhamu irra deebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti bu'aa gaarii fideen biyyoota hedduun dhimmaa itti bahamaa jira.[111] Malli gamaaggamaa kun kutaa sadi, '*risk',' need' fi 'responsity'* jedhaman addaa baasuun kan dalagau ta'a. Kutaan '*Risk'* carraa sirreefamaan irra deebiin yakka raawwatuuf qabu yoo ta'u, kunis wantoota dhaabbataa (static factors) (kan akka umurii, yeroo fi gosa yakka raawwatee, galmee yakka qabaachuu fidhiisuu fi kkf) fi wantoota jijjiramuu danda'aniin (dynamic factors) kan akka ilaalcha hawwaasummaaf qabu, haala hojii fi kkf madaalama. Fedhii ykn 'Need' immoo dhimmoota sirreefamaatti danqaa ta'uun yakkaa akka raawwatuuf kakaasani dha. '*Responsitvity'* immoo tattaaffiin haaromsa sirreeffamaa haala dandeettii fi beekumsa sirreeffamaa ta'uu akka qabu ibsa.[112] Kanaaf, kenninsa korooraa keessatti dhimmoonni ilaalaman, yakka sirreeffamichi raawwate, umurii isaa yommuu mana sirreessaa seenu, duraan hidhamee beekuu, baduu, sadarka maatii isaa, namoota sirreeffamaatti hirkatanii jiratan, haala hojii isaa fi kkf dha. Qabxii madaallii ykn gamaaggama amma manneen sirreessaa Oromiyaatti gaggeeffamaa jiru yoo ilaalle, dhimmoota dambii fi ajaja mana sirreessaa kabajuu, mana sirreessaa keessa kan hin badne ykn yaalle, gorsaa fi baruumsa kennameef fudhachuu, naamusa kan qabu fi kkf akka ta'an guca madaallii manneen sirreessaa kana irraa ni hubatam. Kun immoo qabxiin madaallii kunneen irra caalmaan amala sirreeffamaan mana sirreessaa keessatti agarsiisu irratti kan xiyyeefatuudha.

.

[111] Jan Looman & Jeffrey Abracen, International Journal of Behavioral Consultation And Therapy 2013, Vol. 8, No. 3-4, pp.30

[112] Nathan James, Risk and Needs Assessment in the Criminal Justice System, Congressional Research Service, October 13, 2015,pp.6

## 3.2 Sirna Iyyannoo fi Calallii Korooraa fi Dhiifamaa

### 3.2.1 Iyyannoo Dhiyeessuu

Seera yakkaa keenya keessatti iyyannoo dhiyeessuun wal-qabatee kwt.202(1) jalatti sirreefamaan ykn dhabbata amala sirreessaatiin dhiiyachuu akka danda'u ni ibsa. Kana malees seera yakkaa kwt.203(2) jalatti ulaagaleen seeraan teechifaman yammuu guutamanii argaman manni sirreessaa kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannoo sirreefaman dhiyeesse yaada isaa waliin mana murtiitti dhiyeessuu kan danda'u ta'uu teechisee jira.

Hoj-maata jiru sakatta'uuf af-gaafii taasifameen iyyannoo korooraa mana murtiitti dhiyeessuu ilaalchisee manneen murtii dhiyeenya mana sirreessaa irratti argamaniif gama mana sirreessaatiin akka dhiyeessan, kanneen fageenya irra jiran immoo gara maatii sirreeffamaatiin akka dhiyaatu taasifamu ogeessonni mana sirreessa ni ibsu[113]. Gama kanaan sirreeffamtootni aanaa fageenya qabu irraa dhufan, iyyannoo isaanii gara mana murtii adabbii kenneetti dhiyeeffachuuf yommuu rakkatan ni mul'ata.[114] Rakkoo dhaqabummaa kana hiikuuf godinootni iyyannoo korooraa Mana murtii iddoo sirreeffamaan jirutti akka dhiyaatu godhamee itti hojjatamu jira.[115] Fakkeenyaaf, Manni murtii Aanaa Gimbii manneen murtii Aanaalee fageenyaa irra jiran bakka bu'uun iyyannoowwan korooraa mana sirreessaa Godinichaa irraa dhufan ilaaluun ajaja kenna. Kunis qajeelfama Mana murtii olaanaa Godinichaa dabarseen akka ta'e A/seeraa ni ibsu.[116] Godinoota hafan keessatti garuu iyyannoon korooraa kan ilaalamu mana murtii oliyyannoo ilaale ykn Mana murtii Aanaa adabbii dabarseedha. Gama biraan mana murtii kamtu iyyannoo korooraa simatee ilaaluu qaba kan jedhu qabxii falmisiisaa ta'uu Abbootiin seeraa kaasanii jiru. Manni murtii adabbii laate dhiima korooras ilaaluuf aangoo ni qabaata yaadni jedhu gama tokkoon kan calaqqisu yoo ta'u[117], gama biraan immoo Manni murtii olaanaa

[113] Afgaaffii obboo Lalisaa Disaasaa Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Amboo waliin gaafa 03/05/2010 taasisfame, Alamuu Katamaa, wubituu Beeggii, Ismaa'eel A/Boor, Beekaan D Yaadataa Gonfaa, tafarraa Fallaqaa

[114] Af-gaafii obboo Yaadataa Gonfaa ogeessa Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa , obboo Tafarraa Fallaqaa ogeessa Mana sirreessaa Godina Sh/Lixaa

[115] Afgaafii Dheeressaa Tolinaa A/seeraa Mana murtii Aanaa Najjoo waliin gaafa 7/7/2010 gaggeefame.

[116] Afagaaffii wubituu Beeggii, Giraany Margaa A/seeraa Mana murtii Aanaa Gimbii waliin gaafa 8/5/2010 taasifame.

[117] Af-gaafii obboo Firaa'ool Guutaa A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Jimmaa

adabbii kan dabale ykn kan hir'ise taanaan dhimma korooraas ilaaluu danda'a yaadni jedhu jira.[118]

Iyyannoo korooraa simatee ajaja kennuuf mana murtii kamtu aangoo qaba kan jedhu irratti seerri yakkaa ifatti waan kaa'e hin qabu. Tumaan seera yakkaa kwt. 202 'mana murtii' qofa jechuun ibse. Haa ta'u malee kenninsi Korooraa qaama raawwii murtii yakkaa waan ta'eef manni murtii yakkicha ilaaluun adabbii dabarse filatamaa ta'a. Dabalataan sirreffamaas ta'ee qaamni hordoffii gaggeessu naannoo mana murtii adabbii kennee ta'uuf carraa guddaa kan qaban waan ta'eef adeemsa kenninsaa fi hordoffii korooraaf salphaa ta'a. Ragaa fi wantootni murtii korooraaf oolan naannawaa fi mana murtii adabbii dabrseetti argamuuns akkasuma. Yeroo ammaa manneen murtii, murtii adabbii haala guutuu fi iftoomina qabuun mana sirreessaaf garagalcha erguu irratti hanqinni waan jiruuf, kun immoo manneen murtii iyyannoo korooraa ilaalan ajaja haqa qabeessa ta'e akka hin kennineef danqaa ta'eera.

Haala qabatama amma jiruun iddoowwan manni sirreessa jirutti murtiiwwaan kennaman irratti gaafii korooraa dhiyaatu raawwata murtii mana sirreessaatiin kan dhiyaatu dha. Garuu murtiiwwaan mana murtii iddoo manni sirreefama itti argamu irra fagaataniin murta'uun wal-qabatee sirreefamtootni yammu rakkatan ni mul'ata. Muxannoon mana murtii Aanaa Gimbii rakkoo dhaqabamummaa furuuf itti hojjatamaa jiru gaarii ta'us yammuu koroora murteessu garuu ragaaleen barbaachisan guutamanii mana murtichaaf waan hin dhaqabneef gara mana murtii adabbii kenneetti ajaja erguun ragaa kan gaafatu waan ta'eef dhimmoonni akka harkifaman haalli itti taasisu ni jira.

Dhiifamaan wal-qabatee ulaagalee naannoo irraa dhiyaatuu bu'uura godhachuun iyyannoo sirreefamaa irraa dhiyaatu osoo hin barbaadin manni sirreessaa sirreeffamtoota ulaagaa guutan kan calalu ta'u sirreefamtoonnis ta'ee ogeessotni mana sirreessaa ni dubatu.[119] Yeroon calallii dhiifamaa akka gaggeefamuuf gaafatamu baay'ee gabaabachuun isaa iyyataa dhiyaatu sirnaan keessumeessuun akka hin danda'amne oggeessoonni ni dubatu.[120] Dabalataanis Iyyannoo dhuunfaan dhiyaatuun wal-qabatee deebiin itti kennama kan hin jirre ta'u sirreefamatootni ni

[118] Ismaa'eel A/Boor A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Jimmaa ,Taamiruu Daggafaa A/seeraa MMO Go/I/A/Boraa
[119] Af-gaafii obboo Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 Waasihuun Takkalaa sirreefama seeraa mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10, Kom. Fiqiruu Kabbaddaa I/G mana sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10 taasifame
[120] Af-gaafii Wudinash I/G Wajjira Haqaa GAONF waliin gaafa ,obboo Zarihuun I/G waajjira Haqaa Go/Guji waliin gaafa taasifame

dubbatu.[121] Gama biraatiin immoo iyyannoowwaan dhiifama iddoowwan itti dhiyaachuu qaban beekuu dhabuun waajjira pireezidaantiitti yeroon ergaman ni jira. Kun rakkoo waajjirri Boordii hunda'uu dhabuu irraa kan ka'ee dha.[122]

Bu'uura labsii calallii dhiifamaa lakk.114/98 dhiifamni karaa lamaan dhiyaachuu akka danda'u teechisee jira. Inni duraa sirreefamaan mataa isaatiin qabiyyee iyyannoon guutuu qabu hordofuun gaafii dhiifamaa Boordii dhiifamaaf kan dhiyeessu yammuu ta'u inni lammafaa gama Biiroo Haqaatiin sirreefamaaf kan gaafatamuu dha. Biiroon Haqaa yammuu sirreefamaaf dhiifama Boordicha gaafatu iyyata dhiyaate garagalcha isaa sirreefamaaf dhiiyeessu akka qabu seerichi ni tuma[123] Haala qabatama jiruun yeroo hedduu sirreefamaan iyyata dhiyeefatu akka hin jirre galmeewwan sirreeffamtootaa sakata'aman irraa hubachuun ni danda'ama. Isaanan dhiyaataan irrattis qabiyyee iyyannoon dhiifamaa guutu qabu kan hin guunneef raga barbaachisaa ta'een kan hin deeggaramne dha. Fakkeenyaaf, labsicha keessatti sirreefaman dhiifama akka taasifamuuf gaafatu maaliif akka gaafate sababa akka ibsuu qabuuf dhiifama isaaf taasifamu kana namoota deeggaran sababa isaanii waliin dhiyeessuu akka qabu teechisee jira. Qabatamaan garuu iyyanni haala kanaan akka dhiyaatu gaafatamus ta'e itti hojjatamaa hin jirru.

### 3.2.2 Calallii karooraa fi dhiifama

Calallii korooraa bu'uura ulaagaa seera yakkaa kwt. 202(1) jalatti teechifameen raawwatamuu akka qabu tumamee jira. Qabatama jiru adda baasuuf Bar-gaffii ulaagaleen calallii koroora iftoomina qabaachuu irratti walitti qabameen oggeessota mana sirreessaa gaaficha deebisan keessaa ogeessonni 92.3% ta'an eeyyen ulaagaleen iftoomina qaba jedhu. Namoonni 5.1% ta'an hin beekuu yammuu jedhan ogeessonni 2.6 % ta'an lakkii jechuun ulaagaaleen hanqina iftoomina akka qabu kaasu. Sirreeffamtoota bar-gaafiin irraa walitti qabame keessas sirreefamtootni 85.7% ta'an ulaagaleen iftoomina qaba yammuu jedhan sirreefamtootni 14.3% ta'an gama isaanitiin hanqinni iftoomina ni jira jedhu.

Ulaagaa korooraa ilaalchisee yaadota afgaaffiin argamanitti yoo deebinu, dhimmootni ogeessonni garaagarummaa hubannoo fi hojimaataa irratti qaban akka jiran hubatameera. Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni deeddebi'oo ta'an koroora ni argatu moo hin argatan dhimma

[121] Marii garii sirreeffamtoota seeraa Go/Har/Lixaa Waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame
[122] Obbo Addisuu Laggaas dhimma seeraa Waajjira Pireezidaantii Mootummaa Nannoo Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 14/07/10 taasifame
[123] Labsii dhiifama naannoo Oromiyaa kwt.13

jedhu irratti hubannoonis ta'ee hojimaanni jiru garaagarummaa qaba. Manneen sirreessaa muraasa birattii, sirreefamtootni deddeebi'oo ta'an amalli isaanii fooyyee ta'uu yoo itti amaname yeroo lammataaf korooraan akka kennamuuf ogeessoonni ni dubbatu.[124] Manni sirreessaa namoota yakka wal-fakkaataan yoo deebi'an malee karoorri isaa hin dhoorkamuu bifa jedhuun itti hojjatamus ni jira. Sirreefamaan deddebi'a jedhamuuf yeroo waggaa lamaa[125] keessatti yakka raawwatee yoo dhufee kan jedhaniif yeroo waggaa shanii[126] keessatti raawwate kan dhufee bifa jedhuun garaagarummaan yaadas ogeessota biratti calanqise jira.

Seera yakka kwt.202(2) jalattii namootni yakkaa irraa deddeebiin raawwachuu amaleeffataniif (persistent recidivist) korooraan gadhiifamuu akka hin qabne tuma. Yakkamaan tokko deddebi'aa kan jedhamu adabbii itti kenname gar-tokkeen erga raawwate bahee ykn dhiifamaan raawwiin adabbii hidhaa irraa hafee waggaa shan keessatti yakka ka'umsi isaa baatii jaha nama adabsiisu kan raawwate yoo ta'e ibsamee jira.[127] Kana giddu galeessa godhannee sirreefamaan deddeebi'aa ta'e korooran gadhiifamuu danda'a moo hin danda'u kan jedhu yoo ilaale, tumaan seerichaa haga barbaadamu iftoomina akka hin qabne ni hubatama. Akka qoratootatti, deddeebi'aa fi deddeebi'aa yakka amaleeffate jechuun garaagarummaa qaba. Kanaaf sirreefamaan korooraan akka hin gadhiifamne kan godhamu qabu, akkataa seera yakkaatiin yeroo ibsame kana keessatti irra deebiin yakka biraa waan raawwateef qofa osoo hin taane, yakkicha amaleeffachuu isaatiinidha.

Walumaagalatti koroora kennuuf ulaagaa ilaalamuu qaban irratti rakkoon hubannoo cimaan jiraatuu baatus sirreefamtoota irraa deebiin yakka raawwataniif koroora kennuu ilaalchisee garaagarummaan hubannoo fi hojimaataa ogeessota biratti ni mul'ata.

Gara biraatiin ulaagaalee kanneen hojiirra oolchuu irratti hanqinoota heedduutu mul'ata. Yammuu calallii raawwatamu manneen sirreessaa keessatti 2/3 adabbii raawwii sirnaan adda baasuu dhabuun ni jira.[128]. Fakkeenyaaf, sirreeffamaan yakka hanna cimaa raawwateen gaafa

[124] Af-gaafii Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010 taasifame
[125] Afgaaffii Saj. Zallaqaa Fi/Maariyaam ogeessa Mana sirreessaa Aanaa Aallee waliin gaafa 24/5/2010
[126] Afgaaffii . I/A/Kom. Geetaachoo G/goorgis, Hoogganaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 16/5/2010 taasifame
[127] Akkuma miiljalee lakk.20, kwt.67
[128] Fknf Galmee lakk.10241 himatamaa Mahammad Ahamadinuur gaafa guyyaa 12/03/07 adabbii baatii 4 akka adabamu manni murtii Aanaa Liban murteessee Manni sirreessaa Godina Gujii iyyata uunkaa gaafa guyyaa 27/05/07 guutameen sirreefamaan adabbii 2/3 gaafa guyyaa 28/05/07 xumuraa jechuun dhiyeessee sirreefaman yeroo turtii iddoo biraa akka hin qabne iyyata keessatti caqasee jira mana sirreessaa keessattis guyyoota saddeetama

26/05/2009 murtiin hidhaa salphaa Ji'a 6tiin adabame. Gaafa 2/7/2009 immoo korooraan gadhiifame. Adabbiin yoom irraa jalqabee akka raawwatu murtii irratti hin ibsamne. Ragaan turtii poolisii hin dhiyaanne.[129] Murtii armaan olii irraa akka hubatamu sirreefamaan korooran yoo kan gad-lakkifamu ta'e dirqamatti kan hidhamu baatii 4 dha. Garuu sirreefamaan erga murtiin kenname baatii 1 guyyaa 6 qofa hidhame kan bahe. Ragaan iddoo turtii biraa bakka ibsamee hin jirretti 2/3 raawwatee jiraa haalli itti jedhame mana sirreessan itti calalame iftoomina kan qabuu miti.

Rakkoon bira calallii korooratiin wal-qabatee jiru ulaagalee teechifaman mara wal-biratti ilaaluu dhabuu dha. ogeessoonni af-gaafiin waliin taasifame akkaa dubatanitti ulaagaa koroora seera yakkaa kwt.202(1) fi Dambii ittiin bulmaata sirreeffamtoota nannoo Oromiyaa keessatti ibsaman keessaa ulaagaa midhamaa araarfatee ykn beenyaa kanfaluu jedhu kan hin fayyadamne ta'uu ifatti dubbatu. Akka sabaabatti humna nama jirun wal-qabatee sirreefamtootni hundinu miidhama akka araarfatani beenya kanfalaniif haala mijeessuun ulfaata akka ta'e dha. kana malees sirnii hojii kanaaf dirire hin jiru. Dabalataanis sirreeffamtoota mana sirreessaa keessa jiran akka araaraman ykn beenya kanfalan kan jedhamu yoo ta'e sirreeffamtootni miidhamaa isaanii waliin wal-arganii haalli itti araaramanii fi beenyaa itti kanfalan waan hin jirreef sirreefamaa sababa kanaaf rakkisuu dha jedhu.[130]

Manneen sirreessaa sirreefamaan akka araaramuuf haala mijeessanii rawwatanis kan jirani dha. fknf , shawaa lixaatti 'Bokkuu Cittuu' irraa sirreeffamaan sirna araara aadaatti akka hirmaatu manni sirreessaa akka erguuf xalayaan kan gaafatan ta'uu hubatameera.[131] Manni sirreessaas sirreeffamtoota kanneeniif haala mijeessee sirna araara kana irratti hiramaatanii kan deebi'an jiraachuu hoggantootni ni dubbatu.[132] Manni sirreessaa eegale sababba hanqina humna nama fi loojistiikitiin addaan kutes akka jiru dha[133].

---

akka hidhaman caqasee jira. Gaafa itti murtaa'ee irraa yammuu herreegamu sirreefaman korooraan 2/3 adabbii (baatii 2 guyyoota 20 ) xumuree kan bahuu qabu gaafa guyyaa 02/06/07.

[129] Dhimma Naashaa A/Gisaa vs A/Alangaa L.G MMO 37223 Go/Jimmaa,

[130] Af-gaafii Kom. Andualam Xilahuun I/Gaafatamaa mana sirreessaa Go/Har/Lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/2010 taasifame

[131] Fakkeenyaaf, Xalayaa gaafa 02/08/2008 Bokkuu cittuu irraa mana sirreessaa godina shawaa lixaaf barreeffame.

[132] Af-gaafii Kom. Takluu Lataa hooggana mana sirreessaa godina Sh/Lixaa.

[133] Af-gaafii Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010 taasifame

Sirna osoo hin diriirsin sirreefamaan akka araaramu jechuun qabatamaan sirreeffamtootatti irraatti rakkoo kan uumu ta'us sirreefamaan midhamaa isaa waliin osoo hin araaramin garuu erga hidhaa bahe jireenya isaa boruu keessatti nagaan jiraata jechuun tilmaama fudhachuun rakkisa dha. seerri yakkaa kwt.202(1) jalatti ulaagaa tilmaama erga hidha baheen booda nagaan hawaasa waliin ni jiraata jedhamee yoo amaname jechuun teechisee jira. Kanafis sirreefaman miidhama isaa waliin araarame naga buusee haala danda'ameen beenya akka kanfaluuf tuma. Kanaan walqabatee raga dhiyeefachuu akka qabu dirqisiisaa. Manneen sirreessaa fi Manneen murtii naannoo keenya ulaagaa kana ilaalcha keessa osoo hin galchin calallii korooraa kan raawwata jiranii dha. Hojimaannii kun sirreefamaan mana sirreessaa yammuu bahu miidhamaa isaatiin ykn maatii midhamaatiin haaloo akka bahan haala taasisa. Kun immoo tilmaama sirreefamaan erga hiikame hawaasa keessatti nagaan jiruu isaa ni gaggeessa jechuun manneen sirreessaa yeroo ammaa fudhataa jiraniin kan wal-falleessuu dha.

Inni gara biraa immoo calallii korooraa raawwatan keessatttti sababa hanqinaa qulqullina ajaja mana murtii irraa ergamuun Shallaggii raawwii adabbii 2/3 irratti harcaatiin akka jiru oggeessoonni af-gaafiin waliin taasifame ni dubbatu.[134]Manni murtii yammuu adabbii kennu hedduun isaa yeroo harki isaa qabamee jechuun kan kennamu yammuu ta'u guyyaan kun addaan bahee hin ibsamu. kun immoo mataa isaatiin yeroo karoorri gahee sirreefamtootni turtii waajjira poolisii akka dhiyeessaniif dirqamu. Ragaan turtii akka dhiyaatu gaafatamu immoo gama tokkoon sirreeffamtoota dhamaatiif akka saaxilu gamaa biraatiin immoo yeroo turtii dhugummaa hin qabne akka dhiyaatu haalli itti ta'u akka jiru dha.[135] Fakkeenyaaf, dhimma A/Alangaa V. Nagaash Dhaabaa Jilchaa L.G 12761 MMO Go/Sh/Lixaa keessatti sirreeffamaan yakka ajjeechaa dagannoo raawwachuun gaafa 09/04/2010 adabbiin hidhaa salphaa ji'a 8 itti murtaa'e. Sirreeffamaan mana sirreessaa seenee torban Lama booda gaafa 24/4/2010 korooraan gadhiifamee jira. Ragaawwaan galmee keessa jiranii fi dhiyaatan irraa akka hubatamu

[134] Af-gaafii kom. Zarihuun Baqqalaa, Ab/Ad hojii sirreessa sirrefamtootaa Mana sirreessaa godina shawaa lixa G/Insp. Garruu Abeebee ogeessa amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa , Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010, Saj. Maaruuf Diltaataa, ogeessa Mana Amala sirreessaa Aanaa Gommaa, Insp. Xilahuun Indaashaaw Mana sirreessaa Go/I/A/Booraa, Saj. Yergaalam Mitikkuu hogganaa Mana sirreessaa Aanaa Aallee

[135]Af-gaafii kom. Zarihuun Baqqalaa, Ab/Ad hojii sirreessa sirrefamtootaa Mana sirreessaa godina shawaa lixa G/Insp. Garruu Abeebee ogeessa amana sirreessa Go/Sh/Ki/Lixaa , Insp.Ayyaanaa Baqqalaa Ogeessa Mana sirreessaa Go/Jimaa waliin afgaaffii gaafa 24/5/2010, Saj. Maaruuf Diltaataa, ogeessa Mana Amala sirreessaa Aanaa Gommaa, Insp. Xilahuun Indaashaaw Mana sirreessaa Go/I/A/Booraa, Saj. Yergaalam Mitikkuu hogganaa Mana sirreessaa Aanaa Aallee, obboo Sisaay Mul'ataa A/seeraa MMO Go/Gujii waliin

sirreeffamaan yakkicha gaafa guyyaa 07/06/2009 raawwate. Haa ta'u malee, ragaan Waajjira Poolisii Ada'aa Bargaa irraa kenname sirreeffamaan yakkicha raawwachuun shakkamee gaafa 18/4/2009 hanga 14/09/2009 waajjiricha akka ture ibsee mana sirreessaa Aanaa Ejereef barreesse. Manni sirreessichaas kanuma bu'ureeffachuun sirreeffamaaf iyyannoo gaafatee MMO sirreeffamaan akka hidhaa irraa hiikamu ajajee jira[136]

Galmee kanarra akkuma hubatamu yeroon adabbi sirnaan ibsamuu dhabuun yeroo turtii dhugummaa hin qabne akka dhiyaatuuf sababa ta'uu isaati. Kanaa olitti garuu hanqinni guddaan mana murtichaas ta'ee mana sirreessaa biratti mul'ate guyyaan to'annoo jala turee jedhamee dhiyaate yeroo yakkichi raawwatame jedhamee himannaa irratti ibsameen dura guyyoota hedduu sababa kanaaf akka too'atametti raga dhiyaateef qulqulleessuu dhabuu dha.

Akkuma yeroo turtii dabaluun barreessuun jiru yeroo tokko tokko immoo yeroo turtii sirreefamtootni sababa yakka raawwataniif iddoo adda addaati hidhaman inni sirriin barra'uuf dhabuun ni jira.[137]Rakkooleen kunniin kan maddan manneen murtii yeroo adabbii kennan yeroo turtii murtiin duraa qulqulleessani guyyaa raawwiin addaabbii irraa shallagamuu qabu murteessu dhabuun kan uumamanii dha.

Calalliin dhiifamaa Boordii dhiifamaa fi koreewwan dhiifamaa sadarkaa Godinaa fi Aanota manni sirreessaa itti argaman keessatti hundaa'uun raawwatama. Itti aansuun rakkolee calallii dhiifamaa keessatti mul'atan ilaalla. Labsiin lakk.114/98 gaaffilee dhiifamaa dhiyaatan ilaalchisee qorannoo barbaachisu taasisuun yaada murtii Pirezdaantiif akka dhiyeessuuf Boordii dhiifamaa hundeeffamuu akka qabu teechisee jira[138] Miseensotni Boordichaas: Biiroo Haqaa, Biiroo Bulchiinsaaf Nageenyaa, Komishinii Poolisii, Komishinii Mana Sirreessaa Oromiyaa fi miseensota biroo Sadi Pirezdaantiin bakka buusuu kan hammatudha. Boordichi waajjiraa fi itti gaafatamaa waajjiraa kan ofii isaa akka qabaatus tumameera.[139] Qaamoleen kun hundeeffamanii

[136] Dhimma Nagaash Dhaabaa Jilchaa vs A/Alangaa Go/Sh/Lixaa Lakk.Galmee MMO 12761
[137] Marii garee sirreeffamtoota mana sirreessaa Go/Baalee waliin gaafa guyyaa taasifame,obboo Mokonnin Raggaasaa Pireezidanti MMO Go/Baalee waliin,Obbo Mallasaa A/Seeraa fi gaggeessaa dhaddacha yakkaa MMO Go/Baalee waliin gaafa guyyaa taasifame,
Qabatamaanis iyyannoo Dirribaa Guuttataa faa N-2, L.G18437 MMA Gimbii keessummeesse keessatti iyyatootni waajjira poolisii Aanaa Gimbii keessa ji'a 4 guyyoota 12 turanis poolisiin ragaa kennuu dhabuu irraan kan ka'e iyyataan tokko koroora akka dhabu ta'ee jira.
[138] Akkuma miiljalee lakk.73, kwt.7
[139] Akkuma olii, kwt.10 fi 11

hojii kennameef kana hojjechuu irratti qabatamaa fi hanqinoota jiran ilaalchisee afgaffiin taasifameera.

Waajjirri Boordii dhiifamaa bu'ura labsichaatiin akka hin gurmoofnee fi itti gaafatamaanis akka hin ramadamne hubatamee jira.[140] Kana irraa kan ka'e ragaawwaan kenninsa dhiifamaan wal qabatan adda addaa haala qindaa'aa ta'een argachuun hin danda'amne. Qaamoleen bu'ura labsichaatiin miseensa boordii ta'aniin alas qaamoleen biroo gahee qaban kanneen akka Biiroo Leenjii Teekinikaa fi Ogummaa Oromiyaa fi Biiroon dhimmaa Hojjetaa fi Hawwaasummaa Oromiyaa miseensa Boordichaa ta'uu dhabuun hojii sirreeffamaa haaromsanii hawwasatti makuu sirnaan akka hin hojjetamne dhiibbaa gochuus himamee jira.[141]

Bu'ura qajeelfama dhiifamaa Boordiin baaseen, Sadarkaa Godinaa fi Aanatti hojji boordii kan hojjetu Koree Dhiifamaa akka hundaa'u teechisee jira. Haa ta'u malee Boordiin aangoo isaaf kenname kana qaamolee kanaaf akka qoodu ykn bakka buusu tumaan aangessuu hin jiru. Hojimaata koree kanaan walqabatees rakkooleen qabatamaan mul'atan akka jiran hirmaatotni ni ibsu. Manneen sirreessaa ilaalaman hunda keessatti, qabatamaattii hojii dhiifamaaf sirreeffamaa calaluu kan hojjetu koree qajeelfamaan taa'e kana osoo hin taane ogeessota biroo koree tikinikaa jedhaman akka ta'e hubatamee jira. Koreen Dhiifamaa bu'ura qajeelfamaa qabu, koree olaanaa jedhamuun beekamu hojii koree xiqqaa ykn teekinikaa kanaan hojjetame mirkaneessuudha. Miseensonni korichaa sirnaan hirmaachuu dhabuu ykn nama biraa bakka buusuun baay'inaan ni mul'ata.[142]

Daataa argame kana irraa kan hubatamu gurmaa'insa boordiin dhiifamaa irratti hanqinni akka jiruudha. Gama kanaan labsichi mataan isaa hanqina akka qabu ni hubatama. Hojiin gaaffii dhiifamaa simachuu fi qulqulleessuu, akkasumas yaada murtii pirezdaantiif dhiyeessuu hojii itti fufiinsaan hojjetamu akka ta'e afuura labsii 114/98 irraa ni hubatama. Boordiin hojii kana hojjetus boordii dhaabbataa akka ta'e labsichi ni akeeka. Haa ta'u malee miseensotni Boordichaa namoota manneen hojii biraa, kanneen hojii idilee biraa qaban qofa akka ta'an gochuun immoo

[140] Afgaaffii Obbo Tashoomaa Girmaaa hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 14/09/2010 taasifame.
[141] Akkuma olii.
[142] A f-gaafii Obboo Zarihuun Dhugumaa I/G waajjira Haqaa Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10, obboo Abdulwaahid Abdurahmaan I/G waajjira Haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame Kom, Qabbanaa Balee

hojichi akka hojii idileetti akka hin fudhatamne godhee jira. Rakkoon kun Boordiin hojii isaa haala labsichi hin heyyamneen qaamolee biraaf akka qoodu ykn dabarsee kennus dirqamsiiseera.

Calallii dhiifamaa gaggeefaman keessattis ajajani manni murtii yeroo harki isaani qabame jechuun kennu shallaggii raawwi adabbii adda baasuuf rakkisaa akka ta'ee ogeessonni ni ibsu.[143] Kanarraa kan ka'e yeroo manni sirreessaa ibsa dabalataaf xalayaa mana murtiitti barreessu ni mul'ata.[144]

### 3.2.3 Calallii Karooraa fi Dhiifama Sirreefamtoota Jijjirraan Dhufanii

Sirreefamtootni erga murtii argataniin booda akka haala maatii isaaniitti dhiyaatuun mana sirreessaa kan biraatti jijjiramuu ni danda'u. yammuu jijjirraan mana sirreessa tokko irraa gara mana sirreessaa iddoo biraatti ykn naannoo biratti jijjiraman calalliin dhiifamaaf korooraa haala kamiin raawwatama jiraa kan jedhu irratti af-gaafii oggeessota waliin taasifameen Calalliin dhiifamaa Sirreeffamtoota iddoo biraa irraa jijjiirraan dhufaniif manuma sirreessa keessa jiranitti hojjatamee gara naannoo itti dhufaniitti kan ergama ture yammuu ta'u yeroo dhiyoo as garuu calalliin raawwatamee pireezidaantii naannootiif dhiyaata.[145] Dhimma federaalaa yoo ta'e garuu calalliin hojjatamee Boordii dhiifamaa Federaalatiif kan ergamu dha. Sirreefamatoota calalliin isaanii raawwatamee gara Boordii dhiifamaa federaalattii ergamuun wal-qabatee garuu yeroon furmaataa argachuu dhabuun ni mul'ata.[146] Sirreeffamtootni afgaaffiin waliin taasifames mana sirreessaa naannoo keessatti sirreeffamaa osoo jiran, dhimmi dhiifama isaanii federaala ilaallata jedhamuun isaa akka isaan miidhe ibsaniiru.[147] Haalli calallii fi kenninsa dhiifama Sirreeffamtoota iddoo maratti hojimaata walfakkaataa kan hin qabnee dha. Kunis yeroo kan Oromiyaa faana raawwatu yommuu biraa immoo qofaatti kan raawwatu ta'uu ogeessonni ni ibsu.[148] Bu'uura Labsii dhiifamaa lakk.114/98 kwt.3 fi kw.4 Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhiifama kennuufii kan danda'u sirreeffamtoota mana murtii naannoo Oromiyaatiin adabbiin itti

[143] Af-gaafii Saj.Abduraazaq Yaasiin ogeessaa Haaromsaa sirreefamtootaa mana sirreessaa Go/I/A/Booraa Obboo Muktaar Sharafuddiin A/Alangaa Go/Jimmaa
[144] Insp.Ayyaanaa Baqqalaa, Saj. Zallaqaa Fi/Maariyaam
[145] Af-gaafii Kom. Takluu Lataa hooggana mana sirreessaa godina Sh/Lixaa , kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10
[146] Af-gaafii kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10
[147] Asfaaw fiqaaduu, H/Gabriel Jadu sirreeffamtoota mana sirreessaa Go/Sh/lixaa waliin afgaaffii gaafa 04/5/2010 gaggeeffame.
[148] Inspk. Olaanaa Damee Fufaa Mana sirreessaa Godina Wallagggaa Lixaa

murtaa'e akka ta'e dha. Kun immoo mootummaan naannoo Oromiyaa sirreeffamtoota naannoo biraa irraa ykn federaala irraa dhufaniif dhiifama kennuuf aangoo akkaa hin qabne mul'isa. Hojimaatni amma jiru wal fakkataa kan hin taanee fi tumaa seerichaan waliin kan wal hin simne dha. Komiin sirreeffamtootaas hojimaatni walfakkataan dhabamuu fi hubannoo seeraa dhabuu irraa kan madde jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee jijjirraan sirreefamaa haaromsa isaaf haala mijeessuuf yaadamee kan raawwate haga ta'etti akkuma hojiin haromsa sirreefamichaa naannoo kanatti jijjirame, Mootummaan naannoo Oromiyaa aangoo dhiifama kennuus akka qabaatu seeraan ykn bakka bu'iinsaan aangessuun ni danda'ama.

Korooraan wal-qabatee sirreefamtootni yammuu jijjirraan dhufan ragaan isaani guutuun mana sirreessaaf waan ergamuuf korooraan bahuu fi dhisuun isaa manuma sirreessaa keessatti adabbii raawwateen shallagame mana murtii adabbii kenneetti ergame yammuu mirkana'e akka gad-lakkifamu taasifama.[149] Yeroo tokko tokkoo sirreeffamtoota iddoo biraatti dhufaniin wal-qabatee ragaaleen isaanii guutamee dhiyaachuu dhabuu isaatiin yammuu karoorri isaanii bira darbus ni jira.[150]Dabalataanis Sirreeffamtootaa naannoo biraa irraa dhufaniin wal-qabatee fageenya irraa kan ka'e ragaan mana murtii adabbi murteesseef ergamuu yammuun baduu ni jira. Kana malees iyyata isaanii mana murtii adabbii kennetti geessuu dadhabuu ni mul'ata.[151] Kanaan irratti yaada gama oggeessota mana sirreessaa irraa kennameen sirreeffamtootaa iddoo biraa irraa jijjiraan dhufaniif ragaan isaanii ilaalamee karoorri hojjatamee maatii sirreeffamtootan mana murtii adabbii kenneef akka ergamu dha. Iddoo Sirreeffamtoota harka qalleeyyii ta'aniif gama waldaa hawaasummaa sirreeffamtootatiin akka raawwatamuuf itti taasifmus ni jira.[152] Sirreefamtootni gama isaanitiin maatiin isaaniif geessu yoo hin jirree adabbii itti kenname korooraan malee raawwatanii xumuruuf kan dirqaman ta'uu dubbatu.[153]

[149]Af-gaafii G/saj.Muhaammad Jundii itti gaafatama waardiyyaa mana sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10, kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 taasifame

[150] Af-gaafii obboo Wondosan Dibaaba A/Alangaa fi B/B Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Haqaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 taasifame

[151] Af-gaafii Insp.Ol Waaqoo Burqaa Hoogganaa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 03/05/10 taasifame

[152] Af-gaafii G/Insp. Mashuutee Abdulqaadir Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa M/Sir/Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10

[153] Marii garee sirreeffamtoota Go/Har/lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame

Walumagalatti sirreeffamtoota iddoo biraatii dhufanii maatiin iyyata isaanii mana murtii adabbii murteesseef geessuuf akka irra jiraatu dha. Sababaa hanqinna humna namaa fi baajataa irraa kan ka'e sirreeffamtoota akkasiif manni sirreessaa deeggarsi taasisuuf kan hin jirre ta'uu isaati.

### 3.2.4 Naamusa Ogeessota Calallii Karooraa Fi Dhiifama Raawwatanii

Hojiin calallii dhiifamas ta'ee korooraa qajeeltoo seeraan taa'e bu'uura godhachuun raawwatamuu qabaata. Kana gochuu keessatti immoo naamusni ogeessota hojicha gaggeessanii murtessaa dha. gama kanaan qabatama jiru sakatta'uuf naamusni ogeessota calallii raawwatanii maal akka fakkaatu gaafii dhiyaateef deebii kennaniin Calallii korooraa fi dhiifamaan wal-qabatee faayidaan kan raawwatama jiru ta'uu sirreefamtootni ni dubbatu. Qarshiin isaatuu akka haala isaatti korooraaf qarshii 50-500 akka ta'ee dha[154]. Kana malees Karoorri walitti dhufeenya dhuunfaan akka kennamu sirreefamttootni komii isaanii yeroo hedduu ni kaasu. Namni fira ykn maallaqa hin qabne qaamni isa yaadatu hin jiru jedhu.[155] Dhiifama irratti immoo qarshiin ol'ka'aa akka ta'e dha namoonni af-gaafiin waliin taasifame kan dubbatan[156]. Kana malees maqaa sirreefama tokkoon sirreefama biraa gad-lakkisuunis kan jiru ta'uu isaati.[157] Gama biraatiinis miseensoota calallii raawwataniin erga maqaa maxxansanii booda galmeen rakkoo qabaa jechuun sirreefama doorsisuun faayidaa gaafachuun ni mul'ata. Fknf sirreeffaman hiriyyaa isaa erga calalameen booda galmeen rakkoo qaba waan ta'eef qarshii 500 (dhibba shan) fidii jedhamee sirreefamamichi qarshii waan hin qabneef inni qarshii 200(dhibba lama) akka kennuuf waliigalan jiraachuu ibsamee jira.[158]

Gama biraatiinis Galmeewwan sirreefama baasuu dhabuu, hojichaaf sirreefamaa irraa faayidaa barbaaduunis kan jiru ta'uu ibsameera.[159]Murtiiwwan Mana murtii oliitiin fooyya'an dhoksuunis

[154] Af-gaafii obboo kiyyaa Salamoon sirreefamaa seeraa karooraan mana sirreessaa Godina Baalee irraa gad-lakkifame waliin gaafa guyyaa 29/05/10 , obboo Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame

[155] Af-gaafii Obboo Gizachaw Asaffaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 24/05/10 taasifame

[156] Af-gaafii obboo kiyyaa Salamoon sirreefamaa seeraa korooraan mana sirreessaa Godina Baalee irraa gad-lakkifame waliin gaafa guyyaa 29/05/10 , obboo Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame

[157] Af-gaafii obboo Nugusee Xaahir sirreefamaa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame

[158] Af-gaafii Awwal Abdulqaadir sirrefamaa seeraa mana sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10 taasifame

[159] Af-gaafii Insp.Sulxaan Huseen Ab/Ad/sirreessa sirreeffamtootaa Mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa waliin gaafa guyyaa 15/05/10 taasifame

ni mul'ata.[160] Namoota yakka deddebi'anii raawwatan garii gad-lakkisuu garii immoo tursiisuun adabbi akka fixatanii bahan taasisutuu jira.[161] Sirreeffamtoota maatii hin qabne maallaqa poolisiif kanfalanii iyyanni mana murtii akka dhaquuf taasisuu.[162] Iyyannoo koroora sirreeffamaa osoo yeroon hin ga'in ykn erga yeroon darbee booda mana murtiitti dhiyeessuu akka jiru Abbootiin seeraa afgaaffii waliin taasifame ni dubbatu.[163] Kana malees ragaa sobaatiin sirreefamtootni akka korooraan bahan taasisuun ni mul'ata.[164]Hojiiwwan calallii dhiifamaa qulqullinaan hojjachuu dhabuu fknf sababa kanaaf bara 2010 keessa sirreefamtootni 16 akka hafan ta'ee jira[165]. Dabalataanis sirreeffamtoota yakka tokkoon hidhaman keessaa garii baasaa garii dhisuu kanaaf sababa ibsuu dhabuu ni jira.[166] Kana malees calallii bara 2009 gaggeefame keessatti hanqinna qulqullina calalliitiin sirreefamatootni 19 dogogoraan hafanii jiru. Namootuma kanniin calallii marsaa 2ffaa gaggeefame keessatti ulaagaa hin guuttan jedhamanii hafanii jiru.[167] Namoota yakki isaanii dhiifama hin kennisiifne walitti dhufeenya dhuunfaatiin akka bahu taasisuu. Fknf calallii bara 2008 taasifame keessatti sirreefamtootni yeroon isaanii osoo hin gahin akkasumas kan yakki isaaniiille dhiifama hin kennisiisne akka bahan taasifamee jira. Akka waliigalatti calallii dhiifamaas ta'ee kenniinsa koroora hanga bara 2009 ture keessatti faayidaan hojjachuun baay'inaan mul'ata turee.[168] Dabalataanis Haga yeroo dhiyootti hoggantootni manneen sirreessaa muraasaa dhiifamaa fi koroora maallaqaan gurgurataa akka turan sirreefamtootni komii akka kaasaan Abbaan Alangaa dhimmicha hordofu ibsee jira.[169] Gama biraatiin immoo Calallii fi kenninsa dhiifamaa fi korooraa keessatti, hanqinni naamusaa ogeessota mana sirreessaa rakkoo

[160] Af-gaafii obboo Isheetuu Wondiraad I/G waajjira haqaa Aanaa habroo waliin gaafa guyyaa 03/05/10 taasifame
[161] Af-gaafii Awwal Abdulqaadir sirrefamaa seeraa mana sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10 taasifame
[162] Marii garee sirreefamatoota seeraa mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa waliin gaafa guyyaa 15/05/10 taasifame
[163] Af-gaafii obboo Rattaa Waldasillasee A/seeraa MMA Wolisoo
[164] Fakkeenyaaf, A/Alangaa V. It/A/Ins.Waaqshuum Abarraa L.G 05233 MMO Go/W/Lixaa murtii gaafa 06/11/2009 kenne.

[165] Af-gaafii Abdulmajiid Aliyyii sirreefamaa seeraa mana sirreessaa Aanaa Dodola waliin gaafa guyyaa 17/05/10 taasifame
[166] Af-gaafii Abdulmajiid Aliyyii sirreefamaa seeraa mana sirreessaa Aanaa Dodola waliin gaafa guyyaa 17/05/10,marii garee sirreefamtoota godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame
[167] Marii garee sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa Godina gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame
[168] Af-gaafii Mahammud Usmaan sirreefama seeraa Mana sirreessaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10,Yooseef Massalaa sirreefama seeraa fi I/G koree naamusaa sirreeffamtootaa mana sirreessaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10 taasifame, Afgaaffii Araarsaa Gannatii, Bililiny Alittaasab A/seeraa Mana Murtii Aanaa Aallee waliin gaaf 26/5/2010 taasifame.
[169] Afgaaffii Hirkisaa Hundee, A/Alangaa Go/Sh/Ki/Lixaa waliin gaafa 14/5/2010 taasifame.

akka hin taane sirreeffamtootni marii garee irratti hirmaatanis ta'ee[170] ogeessonni mana sirreessaa[171] ibsaniis ni jiru.

Bar-gaafii gaggeefamenis Abbootii seeraa deebii kennan keessa harkii 78.6% ogeessota calallii korooraa gaggeessan keessatti rakkoon naamusaa jiraa yammuu jedhan 21.4% ta'an immoo lakkii rakkoon naamusaa hin jiruu jedhanii jiru. Sirreeffamtoota bar-gaafii deebisan keessa immo harki 31.6% eeyyen rakkoon naamusaa jira yammuu jedhan harki 68.4% ta'an gama isaanitiin lakkii rakkoo naamusaa hin jiru jedhanii jiru. Abbootii Alangaa bar-gaafii guutan keessa immo harki 28.6% ta'an eeyyen rakkoon naamusaa ni jira yammuu jedhan harki 71.45% lakkii rakkoon naamusaa hin jiru jedhanii jiru. Bar-gaafii ogeessonni mana sirreessaa guutaniin immoo harki 92.3% lakkii yammuu jedhan harki 7.7% ta'an immo eeyyen jedhanii jiru. Bar-gaafiwwan dhiyaatanii kanniin irraa hirmattootni harka 36.63% ta'an eeyyen rakkoon naamusaa ni jiraa yammuu jedhan harki 63.37% lakkii rakkoon naamusaa hin jiruu jedhanii jiru. Kun immoo namoota sadi keessaa yoo xiqqate tokko rakkoo naamusaa qabaa waan jedhu agarsiisa.

Naamusa oggeessotaa ilaalchisee yaadoota kennamaniin iddoowwan naamusaa oggeessota akka rakkootti hin ilaalamuu itti jedhan jiraatus iddoowwaan daataan qorannoo irraa sassabame caalmaan rakkooleen naamusaa oggeessota bira akka jiru fi hanga tokko jijjirama hooggantootaa waliin fooyyeen akka jiru hubatamee jira. Jijjiramani muraasni yaa jiraatuu malee garuu rakkooleen calalliiwwan faayidaan hojjachuu ammas akka jiru dha. Walumagalatti Yaadoota af-gaafiin sassabame irraayis ta'ee bifa bar-gaafiin dhiyaatee irraa akka hubatamuun danda'amu oggeessota calallii raawwatan biratti rakkoon naamusa akka jiru dha.

### 3.2.5 Sirna Komii Calalliwwan Gaggeefaman

Calalliin dhiifamas ta'ee korooraa kan gaggeefamu qabu akka duraa duuba isaatiin akkaata qajeeltoo qajeelfama dhiifamaa fi seera yakkaa irratti teechifameen. Yeroo qajeeltoon seeraan teechifame hin kabajamne adeemsi komiin itti dhiyaatee itti sirraayu jiraatuu qabaata. Bu'uuruma kanaan ogeessotaa sirni komii diriiruu isaa irratti af-gaafiin waliin taasifame deebii kennaniin Sirreefamaan yoo komii qabaate Adeemsa sirreessa sirreefamaatti akka dhiyaate abbaa

[170] Marii garee sirreeffamtoota Godina sha/Lixaa
[171] Af-gaafii Inspk. Olaanaa Damee Fufaa Mana sirreessaa Godina Wallagggaa Lixaa

adeemsatti iyyatu ergasiillee hogganaa bira dhaqee akka iyyatu ni taasifama.[172] Gama biraatiin immoo calalliin dhiifamaa calqaba mana sirreessaan raawwatame maqaan maxxanfamee sirreefamtootni komii qaban komii isaanii akka haal duraa duubaan koree Aanaa fi godinaaf dhiyeessanii komii isaanii akka ilaalanii furmaata kennan ni taasifama. Kanaan wal-qabatee yeroon hojichaaf kennamu gabaabaa waan ta'eef dhimmoota hundaa duguuganii ilaaluun baay'ee rakkisaa ta'us hamma danda'ame furmaata laachuuf ni hojjatama yaadni jedhu hooggantoota biratti calanqisee jira.[173] Gama biraatiin immoo yaada sirreeffamtoota biraa dhiyaateen Sirreefaman haalli komii isaa itti dhiyeessu kan hin tureef yoo kan komatu ta'e jijjiraan iddoo biraa akka geeffamu ta'a kan malees iddoowwan tokko tokkotti reebichi irratti kan gaggeefamu akka ta'ee sirreefamtootni kaasan ni jiru .[174]

Yaada af-gaafii armaan olii irraa akka hubatamu yeroon calallii akka gaggeefamu biiroo Haqaa irraa kennamu gabaaba waan ta'eef komiiwwan sirreefamtootaan dhiyaatan yeroon gahaan kennameef akka ilaalaaman taasifamaa kan hin jirree akka ta'ee dha. sababa kanaan sirreefamtootni komii isaanii dhiyeefatanii calalliin waan raawwatamee ergamee jiruuf furmannii akka hin jirre akka itti himamu ni dubbatu[175]. Hoj-maatni akkanaa immoo mirga komachuu sirreeffamtoota kan miidhuu dha.

## 3.3 Adeemsa Kenninsa Murtii Fi Hordoffii Korooraa Fi Dhiifamaa

### 3.3.1 Adeemsa kenninsa fi Hordoffii murtii korooraa

#### *3.3.1.1Kenninsa murtii*

Iyyanni korooraa mana murtiif dhiyaatuu kan qabu yammuu ulaagaleen seera yakka kwt.202 jalatti ibsaman guutaman akka ta'e tumaa seeraa irraa hubachuun ni danda'ama. Hoj-maata manneen murtii keessatti yeroo ammaa jiru ilaalchisee af-gaafii taasifameen Manni murtii

[172] Af-gaafii G/saj Ibraahim Aadam Ogeessa seeraa Mana sirreessaa Godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10,saj.Geetachoo Alamuu Raawwataa IMX fi koree korooraa Mana sirreessaa Godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 15/05/10 taasifame

[173] Af-gaafii Kom. Fiqiruu Kabbaddaa I/G mana sirreessaa Aanaa Adoolaa waliin gaafa guyyaa 23/05/10 taasifame

[174] Af-gaafii Mahammud Usmaan sirreefama seeraa Mana sirreessaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10,Yooseef Massalaa sirreefama seeraa fi I/G koree naamusaa sirreeffamtootaa mana sirreessaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 28/05/10 ,Obboo Kiyyaa Salamoon sirreefamaa seeraa korooraan mana sirreessaa Godina Baalee irraa gad-lakkifame waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[175] Marii garee sirreeffamtoota Mana sirreessaa Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame

ulaagalee seera yakkaa kwt 202 jalatti tarreefaman guutuu haalli itti ilaalu akka hin jire dha. Manni murtii kan qulqulleessuu adabbii kenname irratti sirreefaman 2/3 rawwachuu fi uunkaan mana sirreessaa irraa guutamee dhiyaachuu isaati.[176]

Gama biraatiin immoo shallaggi 2/3 irratti turtiiwwan iddoo biraa jiran irratti ragaaleen dhiyaatan akka rakkoo isaanitti ta'ee Abbootii seeraa ni kaasu. Kunis yeroo tokko dabaluu yeroo biro immoo hirisuun baldhinaan ni mul'ata.[177] Gama biraatiin manneen murtii biratti akka hanqina guddatti kan mul'atu shallaggi fooyya'iinsa amala sirreefama ilaalchisee ragaa mana sirreessaan dhiyaatu irratti gaafii tokko malee iyyata dhiyaate mirkaneessuudha.[178] Kanaan wal-qabatee galmeewwan ilaalaman irraa akka hubatamu yeroo qabxiin sirreeffamtoota maraaf guutamu wal-fakkaata ta'ee manni murtiis itti mirkaneessu ni mul'ata.[179] Yeroo garii immoo qabxiin gargaraa gosa lamaa kenname manni murtii osoo hin qulqulleesin yammuu itti murteessu ni jira.[180]

Abbootiin seeraa haala hiikoo fi hojiirra oolmaa tumaa seera yakkaa kwt. 202 irratti yaada isaanii gaafataman ulaagaan teechifaman hundi walfaana (cumulatively) ilaalamuu kan qaban ta'uu hubannoo akka qaban ibsu.[181] Kanaan wal-qabatee bar-gaafii abbootii seeraa irraa

---

[176] Af-gaafii Darajjee Faanta A/seeraa MMO godina harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 Obbo Aliyyii Kadiir Abbaa seeraa MMO Godina harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10,Buzunah Guutamaa pireezidaantii MM Magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10,Baayisaa Sorsaa A/seeraa MM magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10 taasifame

[177] Af-gaafii Obboo Mallasaa Abrahaam A/seeraa fi gaggeessaa garee yakkaa MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10,obboo Midhaksaa Magarsaa A/s MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[178] Af-gaafii Obboo Mallasaa Abrahaam A/seeraa fi gaggeessaa garee yakkaa MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10,obboo Midhaksaa Magarsaa A/s MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10,obboo Mokonnin Raggaasaa Pireezidaantii MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10 ,obboo Dassalany Galatoo A/seeraa MMA sinaanaa waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[179] Lakk.galmee MMA Adoolaa 17814 lakk.xal Ams/480/2010 , lakk.galmee MMA 17639 xal.lakk Ams/502/2010 , lakk.galmee MMA 16397 xal.lakk Ams/449/2009 mana sirreessaa Aanaa Adoolaa irraa guutamee dhiyaatee sirreeffamtoota hundaafuu qabxii madaallii 80%, iyyannoowwan MMO Go/I/A/Booraa qabxiiwwan sirreefamaaf guutamee dhiiyatu hedduun isaa 85%, MMA Wolisoo immoo hedduun isaanii qabxii madaallii 75% fknf ( L.G 33215 Abdii Mulunaa MMA Walisoo- guyyaan murtiin raawwatamuu eegalu ibsamee jira. (guyyaa harki isaa qabame jechuun). Qabxiin haaromsaa 75%. Guyyaa harki isaa qabamee kaasee jechuun kan murtaa'an. G.L 33181 Gabbisaa Nagaash Vs A/Alangaa MMA Walisoo. Qabxiin haaromsaa 75%. L.G 42354 Abbabaa Kumalaa vs A/Alangaa qabxii fooyya'iinsaa 75%.)

[180] uunkaa xala.lakk 18/775/2007 gaafa guyyaa 27/05/07 ( lakk. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10241 )mana sirreessa Go/Gujii irraa mana murtii Aanaa Libaniif dhiyaateen qabxiilee madallii tokkoon tokkoon guutamanii sirreefaman ida'ama 90% akka argatee yammuu ibsu fuula itti aanee jiru fi koreen madaalli irratti mallatteessani jiran irratti sirreefamaan qabxii madallii waliigalaa 80% akka aragte ibsa. Haaluma wal fakkaatuun xala.lakk 18/710/07 mana sirreessa Go/Gujii irraa barreefame ( lakk. Galmee mana murtii Aanaa Liban 10275 ). Lakk. Galme MMO Go/Gujii 12794,

[181] Beekaa Dirribii A/seeraa MMO GO/SH/Lixa , obboo Lalisaa Disaasaa Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Amboo

sassaabameen ulaagaleen korooraa seera yakkaa kwt.202 jalatti teechifaman guutummatti moo gar-tokkeen ilaalamuu qabuu jedhamanii gaafatamaniin abbootiin seeraa harka 81% gutummatti ilaalmuu qabuu yammuu jedhan harki 19% immo gar-tokkeen ilaalamuu qabu jedhaniiru. Haa ta'u malee ulaagaa araaraamuu jedhuuf xiyyeeffannoo akka hin kennine dha. Kunis namni mana sirreessaa to'annoo jala jiru, haalli itti araaramee ragaa fidatu waan hin jirreef ulaagaa araaramuu ykn beenyaa kanfaluu jedhu kana ilaaluun rakkisaadha jedhu.[182] Sirreefamaan mana sirreessaa keessa osoo jiruu beenyaa kanfalee araaramuufis humna qabaachuu dhabuu mala waan ta'eef araaramuu akka ulaagaa korooraatti ilaaluun rakkisaa ta'uu ogeessonni mana sirreessaas ni ibsu.[183] Gama hooggansa komishinii mana sirreessaatiinis araaramuuf beenyaa kanfaluu sirreefamaa dhimma jedhu akka ulaagaatti haalli itti ilaallu hin jiru[184] kana malees sirreeffamaan osoo mana sirreessaa keessa jiru, nama yakka irratti raawwate waliin wal argee akka araaramuuf Manni sirreessaa haala mijeessuuf humna hin qabu kan jedhu dha.[185]

Bar-gaafii oggeessota mana sirreessaa irraa sassaabameen immoo ulaagaleen korooraa gutummatti akka ilaalamaa jiru ogeessonni bar-gaafii guutan harki 82.5% yammuu ibsan ogeessonni 7.5% gar-tokkeen ilaalamaa jira jedhaniiru. Ogeessonni harka 10% ta'an gama isaanitiin immo hin beeknuu jedhaniiru.

Abbootiin seeraa bar-gaafii guutan ulaagaan gutummatti ilaalamuu qaba yaa jedhan malee qabatamaan galmee manneen murtii keessa jiran[186] irraas ta'ee af-gaafii abbootii seeraa waliin

[182] Afgaafii obboo Dabalaa Tarfaasaa A/seeraa MMO Go/Wa/Lixaa, Dajanee Guddaataa A/seeraa MMO Go/Wa/Lixaa, Tamasgeen Hambisaa A/seeraa MMO wallaga lixaa waliin gaafa 8/5/2010 taasiafame. Aaddee wubituu Beeggii, A/seeraa Mana murtii Aanaa Gimbii, Giraany Margaa A/seeraa Mana murtii Aanaa Gimbii , obboo Alamuu Kataamaa A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Ki Lixaa, Obboo Gazzuu Boggaalaa A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Sh/Ki Lixaa,obboo Rattaa Waldasillasee A/seeraa MMA Wolisoo, obboo Lammii Lammeessaa A/seeraa MMA Wolisoo

[183] Afagaaffi saj/ol Amsaaluu Lataa, Ogeessa Mana Sirreessa Aanaa Gommaa waliin gaafa 22/5/2010 taasifame.

[184] Af-gaafi I/A/Komishinara Addunyaa Namarraa Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa Waliin gaafa guyyaa 14/07/10 taasifame

[185] Af-gaafii kom. Zarihuun Baqqalaa, Ab/Ad hojii sirreessa sirrefamtootaa Mana sirreessaa godina shawaa lixa

[186] Fknf lakk. Galmee 33919 mana murtii Aanaa Ciroo ta'e irratti himatamaan Taamiraat Tashomaa yakka miidhaa qaamaatiin adabamee yeroo gad-lakkifamuu adabbii 2/3 waan xumureef jedhameeti. Haaluma wal-fakkaatuun galmeen 33872 miidhaa qaamatiin adabamee adabbiin qofa ilaalamee gad-lakkifamee jira. Galmeen 33904 mana murtii Aanaa Ciroo, 33970 mana Murtii Aanaa Ciroo haaluma walfakkaatuun. Lak.galmee 12005 MMO Go/Gujii, lakk.galmee 05488 MMO Go/Gujii, lakk.galmee 13217 MMO Go/Gujii.Ajaja MMO Go/Sh/lixaa Galmee, Nagaash Dhaabaa Vs A/Alangaa L.G12767 gaafa 24/4/2010 koroora irratti kenne irratti manni murtii ulaagaa 2/3ffaa jedhu qofa ilaale. Galmeewwan Gabbisaa Deebisaa Vs A/alangaa L.G 12663 gaafa 16/04/2010 ilaalame, Girmaa Badhaadhaa Vs A/Alangaa L.G 12776, Dinquu Malkaamuu vs A/Alangaa L.G 19252 gaafa 7/3/2009, warqinaa Lalisaa V.A/Alangaa L.G 51076 gaafa 28/06/2009, Biraanuu Hacaluu V. A/Alangaa L.G 51426 gaafa 16/08/2009 MMO Go/Sh/Lixaa, Taarikuu Takkaliny, MMA Aallee, L.G 10587 ajaja gaafa 32/5/2010 ilaalaman kanneen keessatti sirreefamaan miidhamaa waliin araaramu isaas ta'e ragaa kanaan wal-qabate jiru dhiyaachuu hin ibsamne.

gaggeefameen ulaagaleen hundumti ilaalamaa kan hin jirre akka ta'ee dha. Ogeessonni mana sirreessaas bar-gaafii guutan gama isaanitiin ulaagaan hundumtu akka ilaalama jiru yaa ibsan malee yaada af-gaafii irraa argameen oggessonni mana sirreessaa ulaagaa waa'ee araaramuu fi beenyaa kanfaluun wal-qabatee jiru akka xiyyeefannoo keessa hin galchine dubbatu. Calalliiwwan gaggeefaman irraayis ta'ee murtiiwwan kennaman irraa kan hubatamu ulaagaleen gutummatti ilaalamaa akka hin jireedha. Kanaafu yaada bifa bar-gaafiin dhiiyate irra yaadni af-gaafiif galmeewwan irraa argame caalatti amansiisaa dha.

Gama biraatiin galmeewwan sakatta'aman irraa akka hubatamu manneen murtii adabbii 2/3 yammuu shallagan sirnaan shallaguu dhabuu, ragaalee mana sirreessaa irraa dhiyaatan dhugummaa isaanii osoo hin qulqulleessini ajaja kennuun ni mul'ata.[187] Kanamalees manni murtii dhimmoota wal-fakkaatan irratti tokko korooraan gad-lakkisuun isa biraa immoo yakkichi

---

Seeraa yakkaa kwt.202 jalatti ulaagalee karooraa keessa tokko sirreefamaan qaama miidheef beenya mana murtiin itti murta;u ykn ofumaa isaatii itti yaade kan kanfale fi ragaa dhiiyeessuu kan danda'u jechuun akka ulaaga dirqisiisatti teechisee jira

[187] Fknf lakk.galmee MMO GAONF 13646 irratti himatamaan adabbii waggaa 1 fi baatii 8 adabamee korooraan akka bahuu ajaja mana murtii barreefame keessatti sirreefamaan adabbi itti kenname keessa 2/3 (waggaa 1 fi guyyaa 20 waan raawwateef) jechuun ajaja kennee jira. 2/3 adabbii kennamee garuu waggaa 1,baatii 1 fi guyyaa 10 ta'uu qaba ture. Dabalataanis L.G 37223 MMO Go/Jimmaa, Naashaa A/Gisaa sirreeffamaan yakka hanna cimaa raawwateen gaafa **26/05/2009** murtiin hidhaa salphaa Ji'a 6tiin adabame. Gaafa **2/7/2009** immoo korooraan gadhiifame.. Adabbiin yoom irraa jalqabee akka raawwatu murtii irratti hin ibsamne. Ragaan turtii poolisii hin dhiyaanne.Ragaan dhiyaate yoo hin jirannee immoo adabbiin kan herregamu gaafuma adabbiin kenname irra ta'uu qaba. Dabalataanis lakk.galmee mana murtii Aanaa Liban 10333 irratti himatamaan Abdurahmaan Adoolaa yakka umrii malee saal-qunamtii saalaa raawwachuutiin gaafa guyyaa 02/01/07 adabbii waggaa lamaa fi baatii 9 itti murtaa'ee manni sirreessaas iyyata gaafa guyyaa 22/02/09 adabbii 2/3 isaa waan xumureef korooraan akka bahu gaafatee jira. Iyyata mana sirreessaan dhiyaate keessatti sirreefaman guyyoota 465 man sirreessa keessatti akka dabarse ni ibsa. Fuula ittii aanee jiru irratti immoo kan hidhamuu qabu waggaa tokkoo baatii kudhan akka ta'e teechisee jira. Akkaata iyyata mana sirreessaan guutamee dhiyaateetti sirreefaman waggaa tokkoo fi baatii sadii fi guyyaa 10 qofa dha. manni murtichaa dhimmicha osoo hin qulqulleesini sirreefaman akka bahu ajaje jira. Sirreefamaan kan hikkamu irra ture gaafa guyyaa 02/11/08 ture. Ajajni bahiinsa mana murtii irraa gaafa guyyaa 22/02/09 akka bahuu dha. Raawwii adabbii 2/3 wal-qabatee adabbiiwwaan kennaman hunda sakatta'uu dhabuunis mul'ate jira. Fakkeenyaaf, A/Alangaa V. Shamsuu A/Maccaa fi L.G 22579 irratti, MMA Gommaa himatamaan gocha tokkoon yakka lama, qabeenya namaa faayidaa dhuunfaa isaaf oolchuu fi qabeenya balleessuu raawwachuun himannoo irratti dhiyaate balleessaadha jechuun, gaafa 26/9/2008 yakka duraaf hidhaa ji'a 3, yakka lammaataaf hidhaa ji'a Afur itti murteessee jira. Manni murtichaa adabbiin hidhaa inni lammaffaa kan raawwatu gaafa himatamichi adabbii isa duraa raawwatee fixe irraa eegalee akka ta'u gaafa 29/9/2008 ajaja kenneera. Manni sirreessaa iyyannoo gaafa 17/12/2008 barreesseen sirreefamaan adabbii isa lammaaffaaf korooraan akka gadhiifamu gaafatee manni murtiis haaluma kanaan ajajeera. Galmee kana irraa kan hubatamu adabbiin galmee L.G 22581 irratti murtaa'e kan hin raawwanne akkasumas koroorris kan itti hin gaafatamne ta'uu isaati. Manni murtichaa adabbii yakkota lamaanii walitti ida'uun adabbii ifa ta'e murteessee akka raawwatamu gochuu dhabuun hanqina duraati. Lammaffaa irratti immoo adabbii isa ji'a 4 ilaalchisee sirreeffamaan korooraan haa gadhiifamu jechuun dura waa'ee adabbii isa hafee irratti ajaja kennuu dhabuun hanqina mul'ateedha.

koroora kan hin kennisiisne jechuun haalli itti cufes ni jira.[188]Seera yakkaa keenya keessatti akka ulaagatti kan teechifame jiru gosa yakka osoo hin taane fooya'iinsii amala sirreefamaa yeroo adabbii raawwatutti agarsiiseef hamma adabbii xiqqaa seeraan teechifame raawwatu bakka ta'ee jirutti yakkichi koroora ni dhoorksiisaa jechuun ajajni mana murtichaan kenname bu'uura seera kan hin qabne dha.

Dabalataanis sirreefamaan amalli isaa amanta fooyya'e jedhu waani hin qabneef sirreefaman adabbi isaa raawwate haa bahuu jechuun yammuu itti murta'u ni jira. Fakkeenyaaf, Himatamaan yakka hannaatiin adabbii hidhaa waggaa 1 fi baatii 8 itti murtaa'ee erga 2/3 raawwatee manni sirreessaa Aanaa Dodolaa amala sirreefama gamagammuun fooyya'iinsa amala 83% kenneefi manni murtii korooraa akka hayyamuuf gaafate. Manni murtii ajaja kenneen himatamaan yakka hannaa iddoo yaalaatti raawwate waan ta'eef himatamaa kana amalli isaa fooyya'ee jira jedhe waan hin amanneef adabbii itti kenname guutuu yaa raawwatuu jechuun ajajee jira.[189]

Manni murtii ajaja kennuun dura haala sirreefaman kun itti jiru qaaman dhiyeessise osoo hin hubatin akkasumas ragaan dhiyaate dogoggora qabaachuu isaa osoo hin xiinxalin iyyata dhiyaate qofa ilaaluun tilmaama amalli sirreefama hin foyyofne jedhuun iyyata kufaa gochuun isaa dogongora dha. Sirreefaman akka dhiyaatu gochuun sagantaale haaroomsa sirreefaman hordofe yoo jiraate gaafachuu ykn mana sirreessaa irraa raga barbaachisu akka dhiyaatu taasisuun sakatta'uun irra ture.

Kana malees sirreefama korooraan gad-lakkifamu bu'uura seera yakkaa irratti teechifameen haal-dureen teechifamuu isaa af-gaafii taasifameen ogeessoonni yammuu deebisan sirreefamaan korooraan akka gad-lakkifamu uunkaa guutanii ajaja gad-lakkisaa jedhu gara mana sirreessa erguu malee sirreefamaan qaamaan mana murtii akka dhiyaatu gochuun haal-dureen teechifamu hin jiru jechuun dubbatu.[190] Kunis hojii koroora hayyamuu akka dhimma ijootti xiyyeefannoo

[188]Fknf lakk. Galmee yakkaa mana murtii Aanaa Uraagaa 12226 ta'e irratti himatamaan Galoo Waaqoo yakka saal-qunamtii umrii malee raawwachuun himatamee adabbii itti murta'ee waggaa 3 fi ji'a lamaa keessa 2/3 raawwachuun isaa ibsamee korooraan akka bahu taasifamee lak.galmee yakkaa mana murtii Aanaa Uraagaa 12279 ta'e irratti himatamaan Geetuu Barraaqoo yakka saal-qunamtii umrii malee raawwachuun himatamee adabbii waggaa sadii itti murtaa'ee madaalliin haaroomsa sirreefama galmee duraatiin kan wal-fakkaatu ta'ee garuu manni murtii sababa yakki himataan ittiin himatame cimaa fi koroora kan hin kennisiisne waan ta'eef adabbii itti murtaa'e guutummaan akka raawwatee bahu ajajee jira.

[189] A/Alangaa Aanaa Dodolaa vs himatamaa lakk.galmee yakka 19963 MMA Dodolaa

[190] Af-gaafii Darajjee Faanta A/seeraa MMO godina harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 Abdii sufiyaan sirreefamaa mana sirreessaa Godina Harargee lixaa irraa korooraan bara 2009 bahe waliin gaafa guyyaa

kennanii ilaaluu dhabuu irraa kan madde akka ta'ee dha. Kana malees galmeewwan koroora xiyyeeffannoo malee ilaaluun ni mul'ata.[191] Fknf iyyannoowwan korooraa yammuu dhiyaatan galmee osoo hin moggaasinii fi hin mallattesin ajaja mana sirreessatiif akka sirreefamaan hiikamu barreessuun ni jira.[192]

Sirreefamtoota adabbiin maallaqaa fi hidhaa wal-faana itti murame, maallaqa itti murtaa'e osoo hin kanfallee koroora hin argatu hubannoon jedhu ogeessota biratti ni mul'ata. Gama kanaan kaayyoon adabbii maallaqaa fi hidhaa adda addaa dha. Adabbiin maallaqaa humna diinagdee sirreefamaa dadhabsiisuuf yoo ta'u, kan hidhaa immoo bilisummaa qaamaa sirreeffamaa daangessuun akka baratu/fooyya'u gochuu dha. sirreefamaan ulaagaawwan kanneen biroo guutee, sababa dandeettii maallaqaa adabbii ittiin kanfalu dhabeef koroora dhabuun hin qabu. kaayyoo adabbiis galmaan hin ga'u.

Bar-gaafii abbootii seeraa irraa sassabameenis harki 69.8% ta'an manni murtii sirreeffamtoota yammuu korooraan gad-lakkisu haal-dureen teechisu hin jiruu yammuu jedhan harki 23.3% ta'an immoo haal-duree ni teechisaa jedhaniiru. Harki 7% ta'an yeroo tokko tokko haal dureen ni teechifamaa jedhaniiru. Bar-gaaficha keessatti abbootiin seeraa haal-dureen ni teechifamaa yaa jedhan malee hal-dureewwaan teechifaman akka ibsan gaafatamanii gaafichaaf deebii osoo hin kenniin bira darbanii jiru.

Seera yakkaa keenya keessatti kwt.203(1) jalatti yammuu ulaagaleen korooraaf barbaachisan guutamanii argaman Manni Murtii qajeelfama sirreefamaan erga bahee booda kabajuu qabu yeroo hangamiif akka turu murteessuu akka qabu ifaan teechisee jira. Qabatama hojmaata manneen murtii keessa jiruun garuu sirreefamaan yeroo adabbii 2/3 raawwate jedhame yaadamu waraqaa mana sirreessaa irraa gara mana murtii dhufuun sirreefamaan haal-duree tokko malee

---

02/05/10,Obbo Aliyyii Kadiir Abbaa seeraa MMO Godina harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10 Buzunah Guutamaa pireezidaantii MM Magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10,Baayisaa Sorsaa A/seeraa MM magaala Burrayyuu waliin gaafa guyyaa 07/05/10,Dajanee Iddechaa A/seeraa Mana murtii Aanaaa Adaamii tulluu waliin gaafa guyyaa 09/05/10 taasifame

[191] Af-gaafii obboo Dassalany Galatoo A/seeraa MMA sinaanaa waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[192] Fakkeenyaaf, iyyannoo korooraa manni sirreessaa Go/I/A/Booraa sirreeffamtuu Obsinee Taarikuutiif dhiyeesse ilaalchisee MMO Go/I/A/Booraa ajaja L.G 26671 gaafa 23/5/2010 kennee ilaaluun ni danda'ama. Galmicha irratti A/seeraa osoo hin moggafaminii fi hin mallatteessin ajajani sirreefamtuun Mana sirreessaatii haa gadhiifamtu jedhu kennamee jira. Galmeen iyyannoo korooraa, Gannatii Mokonnon L.G27185 MMO Go/I/A/Booraa gaafa 23/5/2010 Taakkalaa Mallasaa Vs A/Alangaa G.L 13194 MMA Walisoo, Yaadasaa Morodaa vs A/Alangaa, L.G 33006 MMA Walisoo)-ilaalames akkasuma.

akka gad-lakkifamu taasifama jira.[193] Kaayyoon guddaan sirreefamaa korooraan gad-lakkisuu immoo sirreefama mana sirreessaa keessatti amala garii agarsiisee hawaasa keessatti yaaluun jireenya isaa hawaasa keessaa akka baratu taasisuu dha. Sirreefamaan korooraan bahe yeroo yaaliif hidhaan ala akka turuuf turtiin hawaasa keessaa yeroo kanaa milkaa'ina yoo agarsiisuu baate sirreefamaan mana sirreessatti deebi'ee adabbii isa hafe 1/3 akka raawwatu qabu ni teechisa. Haa ta'uu malee hojimaata qabatama manneen murtii daataan irraa funaanameen raawwatamaa akka hin jirree dha.

#### 3.1.1.2 Hordoffii Murtii Karooraa

Sirreefamtootni yeroo korooraan akka gad-lakkifaman murtaa'u jireenyi isaanii hawaasa keessatti haala adda addaa akka hordofamuu danda'u seera yakka keenya keessatti teechifamee jira. Hordoffii sirreeffamtoota korooraan gad-lakkifamanii irratti hordoffiin taasifamu jiraachuu sakatta'uuf af-gaafii oggeessota waliin taasifamee deebii kennaniin sirreefamtootni erga korooraan bahanii booda hawaasa keessatti akka hordofaman manni murtii ajaja hin kennuu jedhu. Sababbiin isaa qaamni ajajamuu qabu ifatti seeraan adda bahee kan hin jirre ta'uun isaa akkasumas raawwii isaa hordofuun mataa isaa rakkisaa waan ta'eef akka ta'etti kaasu. Dabalataanis muuxannoo jiru irraa waantoota akkanaa yammuu ajajani kennamu qaamooleen ajajaman kan hin raawwanne waan ta'eef itti hojjatamaa akka hin jirree abbootiin seeraa ni dubbatu .[194] Dabalataanis hawaasa keessatti sirreefamtootni akka hordofaman ajajuun mataa isaa abbootii seeraatiif hojii dabalataa uumuu waan ta'eef haalli ragaalee dhiyaachuu danda'an itti qulqulleessan mataan isaa rakkisaa waan ta'eef ajajni hin kennamu.[195] Kanarraa kan ka'e Sirreefaman yammuu korooraa gad-lakkifamu akka adabbii xumuree bahetti ilaaluun waan

[193] Fknf lakk. Galmee 33919 mana murtii Aanaa Ciroo ta'e irratti himatamaan Taamiraat Tashomaa yakka miidhaa qaamaatiin adabamee yeroo gad-lakkifamuu adabbii 2/3 waan xumureef jedhameeti. Haaluma wal-fakkaatuun galmeen 33872 miidhaa qaamatiin adabamee adabbiin qofa ilaalamee gad-lakkifamee jira. Galmeen 33904 mana murtii Aanaa Ciroo, 33970 mana Murtii Aanaa Ciroo haaluma walfakkaatuun. Lak.galmee 12005 MMO Go/Gujii, lakk.galmee 05488 MMO Go/Gujii, lakk.galmee 13217 MMO Go/Gujii.Ajaja MMO Go/Sh/lixaa Galmee, Nagaash Dhaabaa Vs A/Alangaa L.G12767 gaafa 24/4/2010 koroora irratti kenne irratti manni murtii ulaagaa 2/3ffaa jedhu qofa ilaale. Galmeewwan Gabbisaa Deebisaa Vs A/alangaa L.G 12663 gaafa 16/04/2010 ilaalame, Girmaa Badhaadhaa Vs A/Alangaa L.G 12776, Dinquu Malkaamuu vs A/Alangaa L.G 19252 gaafa 7/3/2009, warqinaa Lalisaa V.A/Alangaa L.G 51076 gaafa 28/06/2009, Biraanuu Hacaluu V. A/Alangaa L.G 51426 gaafa 16/08/2009 MMO Go/Sh/Lixaa, Taarikuu Takkaliny, MMA Aallee, L.G 10587 ajaja gaafa 32/5/2010

[194] Af-gaafii Darajjee Faanta A/seeraa MMO godina harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10,Garamaw Ababayyoo A/seeraa MMA Dodolaa waliin gaafa guyyaa 17/05/10,Obboo Taarikuu Filaa A/seeraa MMO Godina Gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10,obbo Mallasaa Abrahaam A/seeraa fi Gaggeessaa garee yakkaa MMO Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/10 taasifame

[195] Af-gaafii Obboo Sisaay Mul'ataa A/Seeraa MMO Godinaa gujii waliin gaafa guyyaa 22/05/10 taasifame

mul'atuuf hawaasni mana sirreesaa komachuun ni mul'ata.[196]iddoon sirreefamaan hawaasa keessatti akka hordofamuuf ajajani poolisii akka dhaqabu itti ajajames ni jira.[197] Ajajni kun galmee irratti yaa barreefamuu malee qaama ajajame bira akka dhaqabu kan hin taasifamne ta'uu isaati.

Kanamalees sirreefaman haal-duree teechifamee hordofamu jiraatuu baatus yeroma sirreefamaan korooraan bahe yakka biraa raawwate itti murtaa'ee deebi'e haalli karoorri isa dura itti haqamu kan hin jire ta'uu isaa ogeessonni mana sirreessaa fi Abbootiin seera ni dubbatu.[198]

Bar-gaafii abbootii seeraa irraa funaanameenis harki 97.8% ta'an sirreefamtootni yammuu bahan manni murtii sirreefaman hawaasa keessatti akka hordofamu hin taasisuu jedhanii jiru. Harki 2.2% ta'an gama isaanitiin manni murtii akka hordofaman ni ajajaa jedhanii jiru.

Yaadoota bifa-af-gaafiin sassabame irraayis ta'e bar-gaafiin argame irraa sirreeffamtoota korooraan bahan irratti jireenyi isaanii hawaasa keessatti akka hordofamaa hin jirree dha.

Dabalataanis bar-gaafii Abbootiin seera waa'ee sirrefamtootni korooraan erga bahanii booda badii raawwatan carraan deebi'anii too'atamuu maal akka fakkaatu gaafatamanii harki 88.6% ta'an gad-aanaa akka yammuu ibsan harki 11.4% ta'an immoo giddu-galeessa jechuu deebisanii jiru. Abbootiin Alangaa gaafatamanis harki 75% gad-aanaa akka ta'ee yammuu ibsan harki 25% immoo gidu-galeessa jedhanii jiru. Walumagalatti yaada bar-gaafii kanarra akkuma hubatamu danda'u jidu-galeessaan oggeessoonni bar-gaafii gaafataman harki 81.8% ta'an sirreefamtootni korooraan erga bahaniin booda badii raawwatanis sababa koroora duraatiif jedhamee carraan too'atamuu isaanii gadaanaa akka ta'e ni ibsu. Harki 18.2% carraan too'atamuu gidu-galeessaa kan jedhu dha.

Yaada af-gaafiin argame irrayis sababa ajajani hin raawwatamuu jedhuun sirreefamtootni hordoffii malee akka gad-lakkifaman taasifama yeroo yakka biroole raawwatan adabbiin 1/3 korooraan irraa ka'e akka irratti raawwatamu taasifamaa hin jiru. Seera yakkaa keessatti

[196] Af-gaafii kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10

[197]Gabbisaa Deebisaa V. A/Alangaa, LG 12663 MMO Go/Sh/Lixaa ajaja gaafa 16/04/2010 laate.

[198] Af-gaafii obboo Mokonnin Raggaasa pireezidaantii MMO Go/Baalee waliin gaafa guyyaa , obbo Aliyyii Muhammad Abbaa seera MMO Go/Har/Lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10, I/A/Insp.Mashutee Ab/Ad/sirreessa sirrefamaa mana sirreessaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa taasifame

sirreefamaan korooraan bahee haal-dureewwan teechifaman yoo kabajuu baate adabbii osoo hin raawwatin hafe akka irratti raawwatamu ifatti teechifame jira. Qabatamaan haal-dureewwan teechifamaa jiraatuu baatanis garuu sirreefamaan yeroo seeraan ta'e keessatti yakka kan raawwatu taanaan adabbi hafe akka irratti hin raawwachifne waanti nama daangeesu hin jiru.

### 3.3.2 Kenninsa Murtii Dhiifamaa fi Hordoffii Isaa

Murtiin dhiifamaa haala kamiin raawwatamaa akka jiruu fi hanqinootni kana keessatti mul'atan maal akka ta'an itti aanuun haa ilaallu.

Kenninsa murtii dhiifama keessatti hawwasaa fi miidhamtoota hirmaachisuun kaayyoo dhiifamaa galmaan ga'uuf ni fayyada. Haa ta'u malee labsiin dhiifamaa naanoo Oromiyaa lakk.114/98 akkkaataa hawwaasnii fi miidhamtootni kenniinsa dhiifamaa keessatti hirmaatan irratti tumaan teechise hin jiru.

Boordiin callallii dhiifamaa iyyannoo fi ragaa iyyannoo dhiifamaa deeggaran erga qulqulleessee booda yaada murtii waliin Pirezdaantiif ni dhiyeessa. Pirezdaantiinis yaada murtii dhiyaate ilaaluun dhiifama kennuu ykn murtiin adabbii akka ragga'u gochuu danda'a.[199] Tumaa kana irraa kan hubatamu iyyannoon dhiifamaa hundinuu ragaa fi yaada murtii waliin pirezdaantiif dhiyaachuu akka qabuudha. Haala hojimaata naannoo Oromiyaa amma jiru yoo ilaalle, koreen calalliis ta'ee boordiin iyyannoo sirreefamaan dhiyaatu ykn kaka'uumsa isaanitin calalan keessaa kanneen bu'ura ulaagaatiin dhiifama ni kennisiisa jedhanii itti amanan qofa pirezdaantiif dabarsu. Kun immoo Boordii fi koreewwan calallii kunneen aangoo dhiifama irratti murteessuu akka qabaatan godhee jira.

Hanqinni biraa mul'atu immoo dhimmoota murtii adabbii xumuraa hin argannee irratti dhiifama gochuun wal qabatee rakkoolee uumamaniidha. Labsii lakk. 114/98 irratti gaafiin dhiifamaa murtii dhumaa manni murtii kenne bu'ureeffaatee akka ta'e ibsa. Murtiin dhumaa jechuunis sirna kenninsa man murtii keessatti carraawwan jiran (oliyyannoo fi ijibbaata) kan fixate ykn carraan adeemsa kana keessa darbuu kan hafe ta'uu qaba[200]. Kunis kenninsi dhiifamaa falmii yakkaa dhimma yakkaa waliin haala wal simateen akka deemuuf kan gargaarudha. Akka naannoo Oromiyaatti gama kanaan hanqinni ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma Geetaachoo Abbabaa Vs. A/A L.G.245691 MMWO, MMO G/A/N/F L.G 13634 irratti ilaalame keessatti MMO iyyataan

[199] Akkuma miiljalee lakk.73, kwt.6/1/b fi kwt.12
[200] Toora intarneetii www.vocabulary.com/dictionary/final%20decision gaafa guyyaa 24/08/10 ilaalame

yakka raawwateef balleessaa jechuun adabbii itti murteessera. Haa ta'u malee A/A adabbiin kenname xiqqaate jechuun oliyyaannoo MMWO fudhatee falmiin oliyyannoo osoo ilaalamaa jiru, mootummaan deebii kennaaf dhiifama kenneera. Manni murtichaas falmii oliyyannoo dhaga'uun adabbi hidhaa fooyyessuun adabbii keenna. Iyyataan yakka raawwateef dhiifamni godhamuufii ibsuun dhaadacha ijibaataa Mana murtichaatti iyyata dhiyeessuus MMWO iyyatichi yeroon hin dhiyyaannee manni murtichaa murtii dura kennee keessa deebi'ee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun cufeera. Iyyataan dhiifama argatus haga daataan qorannoo kanaa funaanamutti mana sirreessaa keessa turuuf dirqameera. Kana irraa kan hubatamu boordiin dhiifamaa namoota dhiifama aragatan yommuu calalu dhimmoota murtii dhumaa argatan adda baasuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaati. Lammaffaa, Biiroon Haqaa waliitti qabaa boordii dhiifamaa ta'e gama tokkoon sirreefamaan dhiifama akka argatu haala mijeessaa gama kaaniin falmii itti fufuun hanqina biraati.

Sirreefamtoota dhiifama argachuu danda'anii fi kanneen dhiifama hin argannee ykn yakkoota dhiifama hin kennisiisne ilaalchisee ulaagaa kaa'uu fi ulaagaalee taa'an hojiirraa oolchuu irratti hanqinni akka jiru hubatamee jira.

Sirreeffamtootnis ta'ee ogeessonni hedduun qajeelfamni boordiin ba'an carraa dhiifa argachuu sirreeffamtoota kana dhiphisuudha yaada jedhu qabu.[201] Qajeelfamoonni yeroo yeroo bahan yakkoota dhiifama kennisiisuu fi hin kennisiisne adda baasuu irratti hanqina akka qaban ibsamee jira. Keessumattuu, yakka malaammaltummaa fi ajjechaa sadarkaa adda addaa qabu addaa baasuu irratti hanqinni jira. Sababa kanaaf hojimaatni calallii sirreefamaa bakka bakkatti garaa gara ta'ee jira. Fakkeenyaaf, yakki amantaa hir'isuu yakka malaammaltummaa waan ta'eef dhiifama hin kennisiisu ogeessinni jedhan jiru.[202] Ogeessonni biraa immoo amantaa hir'isuu salphaa taanan dhiifama ni kennisiisa yaada jedhu qabu.[203] Qajeelfama barreeffamaan kenname ibsuuf jecha qajeelfama walitti bu'u afaaniin kennuunis akka mul'atu ibsamee jira.[204] Namoota umuriin deeman (dullooman), akkasumas dhibee hin fayyine qabaniif haala addaatiin dhiifamni

[201] Laggasaa Kabbadaa A/Alangaa Godina Shawaa lixaa waliin afgaaffii gaafa 3/5/2010 taasifame, Saj. Yergaalam Mitikkuu hogganaa Mana sirreessaa Aanaa Aallee waliin afgaaffii 24/5/2010 taasifame. Marii garee sirreefamtoota manneen sirreessaa Godina Shawaa lixaa, wallaggaa Lixaa, Jimmaa, Shawaa Kibba Lixaa, Iluu A/ Booraa waliin taasiafame.
[202] Kom. Takluu L. Kom zarihuun B. Hirkisaa Hundee
[203] Afgaaffii Kom Tanaanyee Walduu Hoggantuu Mana sirreessa Go/I/A/Booraa waliin gaafa 25/5/2010 taasifame.
[204] Kom. Takluu L. Saj. Abduraazaq Yaasiin, saj/ol Amsaaluu Lataa

godhamaafii akka hin jirres ibsamee jira.[205] Namoota sababa umuriitiin dhiifamni godhamuufii qabu ilaalchisee, umurii waliin dhahuu irraa kan ka'e, hojiirra oolchuun akka hin danda'amne hoggantootni kaasaniiru.[206] Dhibee fayyuu hin dandeenye kan jedhu ilaalchisee sirreefamtootni hanqina hubannoo fi ragaa mana yaalaa haala qajeelfamni gaafatuun dhiyeessuu dhabuun akka itti hin hojjennu gochuun hoggansaan ibsamee jira.[207]

Sirreeffamtoota murtiin du'aa itti murtaa'e irratti murtichi raawwatammaa hin jiru. Haa ta'u malee sirreeffamtootni kun dhiifamas argataa akka hin jirree fi haala rakkisaa keessa akka jiran ibsameera.[208] Raawwiin murtii du'aa sochii murtii du'aa balleessuu (abolitionism) fi itti fufsiisuu (retentionism) waliin kan walqabatuu dha. Itoophiyaan waggoota Kurnan darban keessaa murtii du'aa murtaa'an hin raawwachiisne.[209] Kunis gara sochii murtii du'aa dhabamsiisuutti siqaa akka jirtu, ykn 'defacto abolutionist' ta'uu ishee agarsiisa. Gamtaan Afrikaa Chartara mirga namoomaa fi ummata Afrikaa irrattii wixinee pirotokoolii murtii du'aa dhabamsiisuu qopheesseen, biyyoonni murtii du'aa seerota isaanii keessaa qaban murtii du'aa akka hin raawwannee fi gara adabbii hidhaa gosa adda addaa qabutti akka jijjiran kallattii agarsiisee jira. Gama biyya keenyattis yoo deebinu, tumaa seera yakkaa kwt.117 murtiin du'aa raawwatamuun dura dhiifama ykn baraarsan akka hafu ykn hir'atuuf Pirezdaantii biyyooleessaatti dhiyaatee mirkanaa'u akka qabu ol kaa'a. Haa ta'u malee Pirezdaantiin biyyoolessaa sirreefamtoota kanneeniif dhiifama kan hin gooneef yoo ta'e, carraan isaanii maal ta'a kan jedhu irratti kallattiin ifa ta'e akka biyyaatti hin qabatamne. Kun immoo qabiinsaa fi qor-qalbii sirreefamtoota murtiin du'aa itti murtaa'e irratti dhiibbaa uumee jira.

Dhimmoota qajeelfama baasuu Boordii dhiifamaa waliin walqabatee, akkuma kutaa hogbarruu keessatti ibsame Pirezdaantiin dhiifama gochuu irratti aangoo guutuu qaba. Yakkoonni Pirezdaantiin dhiifama gochuu hin dandeenye yakkoota suukanneessaa sanyii namaa irratti raawwataman jedhamuun Heera mootummaa kwt.28 jalatti ibsamaniidha. Pirezdaantiin naannoo immoo akkuma labsii 114/98 fi labsii dhiifamaa federaalaa 840/2008 irraa hubatamu yakkota

[205] Marii garee sirreeffamtoota mana sirreessaa godina shawaa lixaa waliin gaafa 04/05/2010 taasiafame
[206] Afagaaffii Obboo Tashoomaa Girmaa Hogganaa Biiroo Haqa Oromiyaa waliin taasifame.
[207] Afagaaffii Obboo Tashoomaa Girmaa Hogganaa Biiroo Haqa Oromiyaa waliin taasifame.
[208] Kom. Tanaanyee Walduu , Saj. Yergaalam Mitikkuu

[209] Ethiopia's Dilemma with Capital Punishment, Long Overdue, Addis Fortune, Published on Oct. 07, 2017

[Vol 18, No 910]

aangoo federaalaa ta'anii fi murtii du'aa irratti dhiifama kennuu akka hin dandeenye ni hubatama. Gama kanaan labsiin lakk.114/98 labsicha raawwachiisuuf dambii fi qajeelfama akka baasan qaamni aangesse hin jiru. Labsichi dhimmoota dhiifamaan walqabatan ilaalchisee qoratee yaada murtii Pirezdaantiif kan dhiyeessu, boordiin dhiifamaa akka hundaa'u kaa'a. Boordichi gaaffileen dhiifamaa haala ariifachiisaa ta'een deebii akka argatan ulaagaa barbaachisu qoratee hojiirra akka oolchu aangeffamee jira. Yakkoota dhiifama kennisiisanii fi hin kennisiisne ulaagaa kaa'anii adda baasuun wal qabatee hojimaata adda addaatu jira. Fakkeenyaaf, Heerri USA akka biyoolessaattti aangoo dhiifama gochuu guutummaatti (dhimma aangorraa buqqisuu (empeachment) ala Pirezdaantichaaf kennee jira. Abbaan Alangaa waliigalaatti kutaan dhimmaa dhiifamaa hordofu akkaataa gaaffiin dhiifamaa itti calalamuun Pirezdaantiif dhiyaatu irratti qajeelfama dhiifamaa keessatti ulaagaa adda addaa ni kaa'a. Haa ta'u malee qajeelfamnichi kenninsa taajaajila sadarkaa Abbaa Alangichaatti jiru qajeelchuun ala aangoo Pirezdaantii daangessuu hin danda'u.[210] Gama kan Oromiyaatti yoo deebinu, akkuma olitti ibsame Pirezdaantiin naannoo yakkootaa fi sirreefamtoota akkamiif dhiifama gochuu akka hin dandeenye Heeraa fi Labsii naannoo fi Federalaatiin ibsameera. Dhimmoota kanaan ala jiran irratti dhiifama gochuu danda'a. Nageenya fi dantaa ummataa fi mootummaaf barbaachisaadha jedhamee yoo itti amaname yakkootni dhiifamni hin taasifamneef jiraachuu danda'u. Muuxannoo biyyota biraa irraayis ni hubatama. Fakkeenyaaf, biyya Kanaadaatti yakkoonni sababa saalaatiin dubartoota irratti raawwtaman dhiifama hin kennisiisne seerri daangessu ba'ee hojiirra jira. Akka naannoo keenyattis dantaa ummataa fi mootummaa caalatti eegsisuuf yakkoonni dhiifama hin godhamneef teechisuun ni danda'ama. Haa ta'u malee dhimmichi rakkoo loogii fi walqixummaa sirreefamtoota gidduutti akka hin uumne qaama aangoo qabuun kallattiin seeraa ta'uun irra jiraata. Akka naannoo Oromiyaattii haala addaattiin qaamoleen biroo yoo aangeffaman malee, aangoo seera baasuu kan qabu caffee fi mana mare bulchinsa mootummaa naannoo Oromiyaati. Qajeelfamni amma ittiin hojjetamaa jiru garuu haala kanaan hin tumamne. Akkataan yakkoonni dhiifama kennisiisanii fi hin kennisiisne itti filatamanis qorannoon kan deeggarames miti. Qajeelfamichi rakkoo iftoominaa akka qabuu fi ogeessotnii fi sirreefamtootni hubannoo gahaa kan hin qabne ta'uu ni hubatama.

[210] The United State Department of Justice office of pardon, https://www.justice.gov/pardon/pardon-information-and-instructions visited on 4/30/2018.

Haala addaatiin dhimmoota sirreefamaaf dhiifama kennisiisan keessaa tokko adabbii ragaa sobaa irratti hundaa'ee kennamedha. Namni ragaa sobaatiin irratti murtaa'eef haala addaatiin dhiifamni akka taasifamuuf, qajeelfamootni dhiifamaa ni ibsu. Sirreeffamtootni M/si daataan irraa funaaname keessa jiran hedduun yakkii fi adabbiin ragaa sobaan kan irratti murtaa'e akka ta'e ibsuun dhiifamni akka taasifamuuf kan gaafatan ta'uu hubatamee jira. Manneen sirreessaa heedduu keessatti sirreefamtootni ragaa sobaan adabamuu iyyatan dhiifamaatti akka fayyadaman gochuun akka hin danda'amne hoggantootni fi ogeessonni M/si akkasumas sirreefamtootni ibsanii jiru. Tumaan kun hojiirraa akka hin oolee kan godhe, iyyatni ragaa sobaa bu'urreeffatu garmalee heddummachuu fi kana qorachuun deebii kennuun ulfaataa ta'uutu ibsame. Sirreefamaan tokko tumaa kanatti fayyadamee dhiifama argachuu isaa hogganaan ibsan jiru. Kunis, iyyata ragaa sobaatiin adabamuu dhiyaate irratti hundaa'uun A/Alangaa fi Poolissiin hawwasaa fi maatii miidhamaa waliin ta'uun sirreefamichi yakkicha akka hin raawwanee kan mirkaneessan ta'uu ibsaniiru.

Sirreefamaan ragaa sobaan itti murtaa'e gaaffii dhiifamaa yoo dhiyeeffate haala kamiin deebii argachuu qaba kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Qajeelfama dhiifamaa irraa akka hubatamu sirreefamaan haala kanaan dhiifama gaafatu, ragaa sobaatiin itti murtaa'uuf ragaa qabatamaan mirkaneessuu qaba.[211] Ragaan sobaa hanqina sirna haqaatiin kan uumame ta'uun ifaadha. Haa ta'u malee dhiifama kennuuf iyyata haala kanaan dhiyaatu hunda qaamoleen haqaa fuudhatanii qorannoo gaggeessuun hojii ulfaataadha. Hojii sirna haqaan hojjetame irra deebiin lammata hojjechuu ykn mirkaneessuus ta'a. Muuxannoo yoo ilaalles namni ragaa sobaatiin adabame, kana sababeeffatee dhiifama yoo gaafate ragaan ittiin adabame sun soba ta'uu Manni murtii kenneen mirkaneessuu fi yaada kennuu akka qabu Mootummoonni godhan jiru.[212] Ragaan amansiisaa kan ta'u adeemsa seeraa darbuu qabu keessa darbee qaama aangoo qabuun ragaa kenname yoo ta'eedha. Kanaaf namoonni ragaa sobaan adabaman dhimmichi adeemsuma seeraa keessa darbuun qoratamee soba ta'uun yoo mirkanaa'e bu'uara ragaa kanaatiin dhiifamni kan godhamuuf ta'a. Akka waliigalaatti akkataa hojjirraa oolmaa tumaa qajeelfamaa kana ilaalchisee hanqinni hubannoo ogeessas ta'ee sirreefamaa bira kan jiru ta'uutu hubatama.

---

[211] Qajeelfamoota Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa Lakk. 4/2008, Lakk. 5/2009 fi Lakk. 6/2010 kwt. 15

[212] Texas State Board of Pardons and Paroles Rules, §143.2. Pardons for Innocence

Dhimmoota kana irraa akka waliigalatti kan hubatamu, yakkootaa ykn sirreeffamtoota dhiifamni hin godhamneef ilaaalchisee boordiin qajeelfama baasuuf aangoo osoo hin qabaatin kana gochuun isaa hanqina tokko. Gara biraan yakkoonni fi sireeffamtootni kunnen haala dantaa ummataa, mootummaa fi sirreefamaa giddu galeessa godhatuun, qorannoo irratti hundaa'ee hin raawwatamne. Qajeelfamoonni bahaa turanis iftoomina hin qaban. Sababa hubannoo fi xiyyeeffannoo dhabuutiin haala wal fakkaatunis hojiirra oolaa hin jiran.

#### 3.3.2.1 Hordoffii Sirreeffamtoota Dhiifamaan Gadhiifamanii

Akkuma boqonnaa lama jalatti ibsame hordoffii sirreefamaa dhiifamaan gadhiifamanii ilaalchisee qajeelfamoonni boordiin dhiifamaa baase kallattii kaa'aniiru. Fakkeenyaaf, bu'ura qajeelfama lakk. 4/2008 fi 5/2009tiin koreen calallii godinaa garaa caasaa poolisii fi bulcchiinsaaf nageenyaa gandaatiin akka hordofu teechisa.[213] Hordoffii sirreeffamtootaa dhiifamaan bahanii irratti caasaaleen jedhaman bu'ura kanaan hojjetaa jiraachuu fi haala qabatmaa jiu itti aansuun haa ilaallu.

Pirezdaantiin dhiifama erga kenneen booda sirreeffamaan hawaasatti makamee nagaan jiraachuu isaa sirni ittiin hordofamu maal akka fakkatu hubachuuf gaafii dhiyaateef hirmaatotni qorannoo haala itti aanuun deebii kennaniiru. Hoggantootni miseensa koree calallii godinaa ta'anii fi afgaaffiin waliin gaggeefame sirreeffamaan erga dhiifamaan gadhiifamee booda haal-duree teechifame eeguu fi dhiisuu qaamni hordofu akka hin jirre ibsaniiru.[214] Sababoonni hanqina hordoffiif ka'uumsa akka ta'an ogeessotaan ibsaman, Koreen dhiifamaa yeroodhuma dhiifama calaluuf barbaachise qofa kan wal agu ta'uun, xiyyeefannoo fi hanqinni humna namaa rakkoo akka ta'e ibsaniiru.[215] Yeroo dhiyoo as namoota dhiifamaa fi korooraan gadhiifaman hordofuu ilaalchisee caasaan haaraan xinxaala istaastiksii jedhamu dabalamus sababa iftoominaa fi hanqina xiyyeefaannootiin hojjataa akka hin jirre ogeessonni mana sirreessaa ibsaniiru.[216]

---

[213] Qajeelfama Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa lakk.4/2008 fi 5/2009 kwt.7(8)

[214] Af-gaafii obboo Pheexiroos, hoogganaa Waajjira haqaa Godina Sh/Lixaa, obboo Laggasaa Kabbadaa A/Alangaa Godina Shawaa lixaa, Kom. Takluu Lataa, hooggana mana sirreessaa godina Sh/Lixaa. I/A/Kom. Geetaachoo G/goorgis, Hoogganaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Ki/Lixaa

[215] Af-gaafii G/saj.Muhaammad Jundii itti gaafatama waardiyyaa mana sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 01/05/10 taasifame, Mukataar Sharafuddiin A/Alangaa Go/Jimmaa

[216] Af-gaafii Inspkt. Olaanaa Damee Fufaa Mana sirreessaa Godina Wallagggaa Lixaa, Saj/Ol Amsaaluu Lataa Ogeessa Mana Sirreessa Aanaa Gommaa

Qaamoleen poolisii fi bulchiinsaaf nageenyaa sirreeffamtoota kana akka hordofaniif yaadames namoota dhiifamaan gadhiifaman qaamni isaan beeksisu akka hin jirreefii isaanis hordoffii gaggeessaa akka hin jirre ibsaniiru. Ummaatas ta'ee sirreefamtootni dhiifamaan lakkifaman akka adabbii xumurametti ilaaluun mul'ata. Kun immoo hawaasni mana sirreessaa fi mootummaa akka komatu godheera yaadni jedhus dhiyaatee jiraa.[217] Hoggantootni kunneen haga ammaas hordoffiin waan hin gaggeefamneef sirreeffamaan haalduree dhiifamaa cabse jedhamee mana sirreessatti deebifamee akka hin jirre hubachiisaniiru.[218] Sirreeffamtootni dhiifamaan Mana sirreessaa ba'anii osoo yeroon yaalii hin dhumin yakka biraa raawwatan jiraachuu irratti hubannoo ogeessonni qaamolee haqaa qaban gaafatamanii, isaanis sirrefamtootni dhiifamaan ba'anii yeroo yaallii keessatti yakka dalagan akka jiran beekuu isanii ibsaniiru.[219] Haa ta'u malee sirreefamtootni kanneen yakka lammataaf akka itti gaafataman gochuun ala haalli dhiifamni isaanii haqamee mana sirreessatti itti deebisan akka hin jirre ogeessoonni kunneen ni kaasu.[220] Sirreeffamtootni dhiifamaan gadhiifamanii garee midhamtootaatiin yakki irratti raawwate jiraachuu afgaaffii sirreeffamtootaa fi ogeessota mana sirreessaa irraa ni hubatama.[221]

Sirreeffamtootni dhiifamaan gadhiifamanii yeroo yaalii osoo hin fixin dura yakka biraa raawwatanii adabaman akka jiran galmee irraayis hubachuun danda'ameera. Fakkenyaaf, sirreeffamaa *Daggafaa Baalchaa* yakka miidhaa qaamaa cimaa raawwateen MMO Go/W/Lixaa L.G16964 irratti hidhaa cimaa waggaa 7 gaafa 11/08/2003 adabee gaafa 28/7/2007 immoo dhiifamni godhameefii gadhiifame. Haa ta'u malee gaafa 29/02/2008 immoo yakka biraa raawwachuun adabbiin hidhaa cimaa itti murtaa'ee mana sirreessatti deebi'e. dhiifamni dura godhame ka'uu isaa wanti ibsame hin jiru. Haaluma walfakkaatuun sirreeffamaan *Faqqadaa Taayee* L/G/M/S 887/1376 – yakka ajjeechaa raawwate irra dhiifamaan bahe yeroo waggaa hin

[217] Af-gaafii kom.Andualam Xilaahun Hoggaanaa Mana Sirreessaa godina Harargee lixaa waliin gaafa guyyaa 02/05/10

[218] Af-gaafii Inspeektar Urgee Abarraa, qindeessaa tajaajila poolisii hawwasummaa Aanaa Amboo waliin afgaafii gaafa 03/5/2010 gaggeefame, obboo Geetuu Margaa, A/Alangaa Aanaa Najjoo waliin gaafa guyyaa 05/05/10 Kom. Kaasayee Fiqaaduu waajjira poolisii Aanaa Najjoo

[219] Af-gaafii obboo Geetuu Margaa A/Alangaa Aanaa Najjoo waliin afgaaffii gaafa 05/05/2010 gaggeeffame. Afgaafii I/saj. Ascannaaqii Alammayyoo, I/saj. Gumaa Abdiisaa ogeessota Mana sirreessaa Godina Wallaggaa Lixaa waliin gaafa 7/5/2010 taasifame.

[220] Af-gaafii obboo Mukataar Sharafuddiin A/Alangaa Go/Jimmaa

[221] Afgaafii sirreeffamtoota Mana sirreessaa Go/W/Lixaa yakka ajjechaa sirreefamaa dhiifamaan bahe irratti raawwachuun himatamanii itti murtaa'e waliin gaafa 7/5/2010 godhame., I/saj Ascannaaqii Alamaayyoo ogeessaa haroomsa sirreefamtootaa Mana sirreessaa Go/wallagaa Lixaa, saj/ol Amsaaluu Lataa Ogeessa Mana Sirreessa Aanaa Gommaa

guutne keessatti nama biraa irratti yakka ajjeechaa raawwatee adabameera. Gama biraatiin sirreeffamtootni dhiifamaan gadhiifaman akkuma ba'aniin maatii midhamtootaan yakki irratti kan raawwatus jira. fakkeenyaaf, sirreeffamaan Baabbuu Jamaal jedhamu yakka yaalii ajjechaa raawwatee MMO Go/W/Lixaatiin LG 30088 irratti adabamee dhiifamaan gadhiifameera. Haa ta'u malee ijoolleen miidhamaa sirreefamicha dhiifamaan ba'ee guyyaa lama booda ajjeessaniiru.[222]

Daataa afagaaffii fi galmeen argame kun daataa bargaafiin deeggarameera. Haaluma kanaan namoonni dhiifamaan gadhiifaman yeroo yaalii isaanii osoo hin xummurin yakka raawwatanii ykn garee miidhamtootaan yakki irratti kan raawwate isin qunnamee beekaa gaaffin jedhu ogeessota man sirreessaatiif dhiyaatera. Kanumaanis ogeessonni %55 ta'an eeyyee jechuun yoo deebisan, %40 immoo lakki jechuun deebii kennaniiru. Namoonni dhiifamni taasifameef haal-duree taa'e yoo cabsan carraan deebi'anii to'atamuu isaanii hagami? bargaaffiin jedhu A/Alangaatiif dhiyaateera. A/Alangaa bargaafficha guutan keessaa %75 kan ta'an carraan deebi'anii to'atamuu isaanii gad-aanaadha yommuu jedhan, kanneen %25 ta'an immoo giddu galeessatti sadarkeessaniiru.

Daataa afgaaffii bargaaffii fi galmeewwanii irraa hubachuun akka danda'amu hordoffii namoota dhiifamaan gadhiifamanii taasifamaa hin jiru. Hordoffii gaggeessuu ilaalchisee tumaan qajeelfamaan taa'e mataa isaatiin adeemsa hordoffii akkasumas qindoomina poolisii fi bulchiinsii fi nageenyi Gandaa koree calallii waliin qabu ifatti kan ibsee miti. qajeelfamichi koreen calallii godinaa namoota dhiifaman bahan gara poolisii fi Bulchiinsaa fi nageenyaatiin ni hordofa haa jedhu malee adeemsaa fi hariiroo hojii hin ibsine. Namootni dhiifamaan gadhiifaman akkataa isaan hawaasattii makamanii nagaan jiraatan hordofuu dhabuun namni dhiifamaan bahes ta'ee, hawwasni miidhaa lammataaf saaxilamaa akka jiru dhimmotni olitti ibsaman agarsiistuudha. Gama biraan hordoffii namoota dhiifamaan bahanii keessatti hirmaannan hawaasaa fi dhaabbilee hawasaa hin mul'atu. Hawaasa Oromoo keessatti nama yakka raawwate fi miidhamtoota walitti araarsuun nageenya buusuu keessatti jaarsolii fi Abbootiin Gadaa gahee guddaa taphatu. Sirna aadaa hawaasaa kanatti fayyadamuun, qajeeltoowwan raawwii tarkaanfilee hidhaan alaa keessaa hawaasaa hirmaachisuu fi giddu

[222] Afgaafii sirreeffamtoota Mana sirreessaa Go/W/Lixaa yakka ajjechaa sirreefamicha irratti raawwachuun himatamanii itti murtaa'e waliin gaafa 7/5/2010 godhame, I/saj Ascannaaqii Alamaayyoo ogeessaa haroomsa sirreefamtootaa Mana sirreessaa Go/wallagaa Lixaa

lixummaa qaama nageenyaa xiqqeessuu kanneen jedhan hojiirra oolchuun bu'a qabeessummaa hordoffii dabaluuf fayyada. Sirna aadaa ummataa kana sirna ammayyaa waliin walitti qindeessuun faayidaa uummataaf oolchuu dhabuun hanqina.

# Boqonnaa Afur

# Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

## 4.1 Guduunfaa

Xinxaalaa fi argannoo qoranichaa irraa yadootni guduunfaa argaman haala itti aanuun ol kaa'amaniiru.

Fooyya'iinsa amala sirreeffamaa haala saayinsaawaa, walfakkataa (objective) fi iftoomina qabuun madaaluu irratti manneen sirreessaa hanqina guddaa qabu. Qabxiin fooyya'iinsa amalaa agarsiisu haala ifoomina qabuun fi fooya'iinsa amala sirreeffamaa ibsuun kennamaa hin jiru. Ragaalee haaromsa sirreeffamaa waliin hidhata qaban haala sirnaawaa ta'een qabachuu irratti hanqina guddaatu jira.

Iyyannoon korooraa mana murtii kamitti dhiyaatee ilaalamu qaba dhimma jedhu irratti yaada ogeessotaa fi hojimaatni jiru garaa garummaa qabu. Ogeessonni hedduun iyyaannoon korooraa mana murtii adabbii murteessetti dhiyaatee ilaalamuu qaba yaada jedhu qabu. Manneen murtii qorannoo kanaan ilaalaman hedduunis haaluma kanaan hojjetu. Ogeessonni iyyannoo korooraa mana murtii dhaqabamaa ta'etti dhiyaachuu danda'a jedhanis jiru. Manneen murtii muraasni haala kanaan tajaajilanis jiru. Qabatamaan, manneen sirreessaa aanaa fi godina hundatti kan hin argamne ta'uun walqabatee sirreefamtootni iyyannoo korooraa mana murtii adabbii murteessetti dhiyeeffachuuf dhamaatiif saaxilamaa jiraachuun hubatamee jira.

Labsiin dhiifamaa lakk.114/98 kenninsa dhiifamaa booda akkaataa hordoffii sirreefamaa irratti sirna dandeessisu hin agarsiisne. Kenninsa dhiifamaa keessatti hawwaasnii fi miidhamaan akka hirmaatan sirna dandeessisu ifaan hin hammachiisne.

Hojimaatni amma boordiin qajeelfama yakkootaa/ sirreeffamtoo dhiifamni hin taasifamneef baasuun itti hojjetamaa jiru, seeraan kan deeggaramee miti. Boordiin kana gochuuf aangoon hin kennamneef. Sirreeffamtoota gidduuttii loogii uuma. Tilmaamummaas ni miidha. Qorannoo irrattis kan hundaa'ee miti.

Qaamoleen gaaffii dhiifamaa simachuun callii gaggeessan bu'ura labsiitiin haala guutuu ta'een hundaa'anii tajaajila idilaa'aa ta'e kennuu irratti hanqina guddatu mul'ata. Sadarkaa naannootti Boordiin dhiifamaa waajjiraa fi hojjetoota hojii kanaaf barbaachisan haala guuttatteen hin gurmoofne. Ijaarsa fi hirmaannaa miseensota boordii irrattis hanqinoonni ni mul'atu. Sadarkaa Godinaatti hojimaatni Koree dhiifamaa hundeessuu fi hojii gaaffilee dhiifamaa qorachuu amma jiru labsii waliin kan wal simuu miti. Kanaafis, gaaffiin dhiifamaa bu'ura labsii fi qajeelfama dhiifamaatiin dhiyaataa hin jiru. Tajaajjilli gaaffii dhiifama simachuu fi calaluu hojii waqtii muraasaa ta'ee hojjetamaa waan jiruuf, sirrefamtootni tajaajila guutuu argachuu irratti komii akka qaban hubatamee jira.

Ulaagaalee seera yakkaa kwt.202 jalatti ibsaman haala tumichaatiin wal faana hojiirra oolchuun hin danda'amne. Manneen sireessaa darbee, darbee 2/3ffaa sirnaan hin shallagnes jiru. Baay'ina qabaachuu baatus, Manni murtii ulaagaa kana sirnaan osoo hin mirkaneessin koroora kennus ni mul'ata. Manneen murtii hedduun murtii adabbii yommuu kennan namni adabame yeroo to'atamee ture shallaguun, guyyaa raawwiin adabbii itti eegalu sirnaan hin ibsan. Ciroowwan 'guyyaa harki isaa qabame,' 'turtiin poolisii qabu itti dabalameefii 'jedhan fayyadamu. Kun immoo sirreefamaan turtii poolisii irraa ragaa argachuuf akka dhama'u ykn ragaan qulqullina hin qabne akka dhiyaatuuf qawa banee jira. Ulaagaa araaramuu ykn beenyaa kanfaluu jedhu manneen sirreessaas ta'ee Manni murtii ilaalcha keessa hin galchan. Sirreefamaan korooraan gadhiifamuun dura miidhamaa waliin wal arganii araaramuuf haalli /sirni dandeessisu hin uumamne. Sirreeffamtoota deddeebi'oo fi kanneen yakka dachaa raawwatan, akkasumas adabbiin maallqaa fi hidhaa yommuu wal-faana murtaa'u, akkaataa koroorri itti kennamu irrattii hubannoo fi hojimaatni garaagarummaa qabu ni mul'ata.

Sirreeffamtoota naannoo biraa irraa jijjirraan gara manneen sirreessaa Oromiyaa dhuafaniif dhiifama gochuu ilaalchisee hojimaanni amma jiru kan wal hin fakkaanee fi seera amma jiru faana kan wal hin simne ta'uun hubatamee jira. Yeroo tokko sirreeffamtoota kanneeniif mootummaan naannoo Oromiyaa dhiifama kan kennu yoo ta'u yeroo biraa immoo calaluun gara naannoo irraa dhufaniitti dabarsuutu mul'ata. Sirreefamtootni naannoo biraa irraa dhufan ragaa guutuu haaromsa isaaniif oolu qabatanii dhufuu dhabuu irraa kan ka'e, koroora argachuu irratti akka rakkatan hubatamee jira. Iyaannoo korooraa mana murtii adabbii kennetti dhiyeessuuf akka rakkatan hubatamee jira.

Ogeessota calallii korooraa fi dhiifamaa raawwatan bira rakkoon naamusaa jiraachuu hirmaattonni qorannoo baay'een ni amanu. Rakkoon naamusaa kunsi faayidaa fi walitti dhufeenyaan hojjechuu, hojii calallii qulqullinaan hojjachuu dhabuu fi tajaajila si'ataa ta'e sirreeffamaaf kennuu dhabuun walqabata. Haa ta'u malee rakkoon naamusaa fooyya'aa dhufuus hirmaatootni qorannoo kaasaniiru.

Calallii Korooraa fi Dhiifamaa irratti kenninsa tajaajila mana sirreessaa ilaalchisee qaamni addatti komii dhaga'uuf hundeeffame hin jiru. Kun immoo qaamolee tajaajila kennan irratti ofumaa komii akka dhaga'an taasisee jira. Sirreefamtootni qorannoo irratti hirmaatan keessaa kanneen komiin isaanii sirnaan deebii akka hin arganne hubachiisan jiru.

Manneen murtii gaaffii korooraa dhiyaate simatanii, fooyya'iinsa amala sirreefamaa fi carraa inni nageenyaan hawaasatti makamee jiraachuu danda'u madaaluun ajaja kennuu irratti xiyyeefannoo gochuu dhabuun ni mul'ata. Iyyannoo fi ragaa dhiyaatu sirnaan madaaluu dhabuun jira. Sirreefamaan dhiyaatee hin qoratamu. Haaldureen mana murtiin teechifamus hin jiru. Qaama raawwii korooraa hordofu ajajuun hin mul'atau.

Hordoffii ilaalchisee, qajeelfamootni dhiifamaa boordiin bahaa turan namoota dhiifamaan gadhiifaman koreen calallii godinaa gara caasaa poolisii fi bulchiinsaa fi nageenyaan akka hordofu ibsa. Koroora ilaalchisee immoo seerri yakkaa hordoffiif qaamolee mootummaa fi miti-mootumma adda addaa akka ajajuu danda'u teechisee jira. Haa ta'u malee qabatamaan namoota kanneen irratti hordoffiin gaggeefamaa hin jiru. Qaamoleen mootummaa fi mit-mootummaa hordoffii irratti qooda isaanii ba'aa hin jiran. Hordoffiin dhabamuu irraa kan ka'e namoonni dhiifamaa fi korooraan ba'an yommuu irra deebiin yakka raawwatan ykn yakki isaan irratti raawwatu ni mul'ata. Irra deebiin to'achuu fi adabbii akka raawwatu gochuunis hin mul'atu. Hordoffii dhiifamaa ilaalchisee tumaan qajeelfamichaa mataan isaatiin rakkoo iftoominaa qaba. Qajeeltoowwan raawwii tarkaanfilee hidhaan alaa waliinis kan wal simatuu miti.

## 4.2 Yaada Furmaataa

Kenniinsa korooraa fi dhiifamaan wal-qabatee rakkooleen hedduu qorannoon kanaan adda bahanii jiru. Rakkoolee adda bahan kanaaf yaadoonni furmaata akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

